

Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaatti

**Maanuwaalii Hojmaata
Daarektoreetii Dhimmoota Yakka Adda Addaa**



**Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa
Oromiyaa**

**ዩኒቨርሲቲ ጠቅላይ ዐቃቤ ሕግ
Oromia Attorney General**

Fulbaana 2012

Finfinnee

Baafata	Fuula
Kutaa Tokko.....	2
Tumaalee Waliigalaa.....	2
1. Mata Duree Gabaabaa	2
2. Hiika	2
3. Daangaa Raawwatiinsaa	5
4. Kaayyoo Maanuwaalichaa	5
Kutaa Lama.....	6
Aangoofi Gahee Hojii.....	6
5. Aangoofi Gahee Hojii.....	6
6. Hojiiwwan Sadarkaa Daarektoreetiitti Raawwataman	8
7. Hojiiwwan Sadarkaa Dhaddachaalee Dhaabbiitti Raawwataman	11
8. Hojiiwwan Sadarkaa Adeemsa Godinaatti Raawwataman.....	13
9. Hojiiwwan Sadarkaa Adeemsa Aanaa/Magaalaatti Raawwataman.....	14
10. Aangoofi Gahee Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa	15
11. Aangoofi Gahee Hojii Itti Aanaa	15
12. Aangoofi Gahee Hojii Daayirektaraa.....	16
13. Aangoofi Gahee Hojii Dursaa Garee	17
14. Aangoofi Gahee Hojii Qindeessaa Dhaddacha Dhaabbii	18
15. Aangoofi Gahee Hojii Ittigaafatamaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaa.....	20
16. Aangoofi Gahee Hojii Abbaa Adeemsa Godinaa	21
17. Aangoofi Gahee Hojii Ittigaafatamaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Aanaa/Magaalaa	22
18. Aangoofi Gahee Hojii Abbaa Adeemsa Aanaa/Magaalaa	23
Kutaa Sadi.....	25
Hundeeffama Paanaalii Waliigalaafi Garee Abbootii Alangaa.....	25
19. Hundeeffama	25
20. Miseensota Paanaalii Waliigalaa	25
21. Dhimmoota Paanaalii Waliigalaan Ilaalaman	25

22.	Kenniinsa Murtii Paanaalii Waliigalaa	26
23.	Miseensota Garee Abbootii Alangaa	26
24.	Kenniinsa Murtii Garee Abbootii Alangaa	27
25.	Dhimmoota Garee Abbootii Alangaa Daarektoreetiin Ilaalaman	27
26.	Dhimmoota Garee Abbootii Alangaa Dhaddacha Dhaabbiin Ilaalaman	29
27.	Dhimmoota Garee Abbootii Alangaa Godinaan Ilaalaman	30
28.	Dhimmoota Garee Abbootii Alangaa Aanaa/Magaalaan Ilaalaman.....	32
29.	Akkaataa Galmeen Garee Abbootii Alangaatiif Itti Dhiyaatuufi Ilaalamu	33
30.	Akkaataa Qaboon Yaa'ii Itti Qabamu.....	34
Kutaa Afur		35
Qorannaa Yakkaa		35
Kutaa Xiqqaa Tokko.....		35
Tumaalee Waliigalaa.....		35
31.	Akkaataa Qorannaan Yakkaa Itti Jalqabamu	35
32.	Walitti Dhufeenya Poolisiifi Abbaa Alangaa	35
33.	Gaheefi Ittigaafatamummaa Waliinii Abbaa Alangaafi Poolisii	35
34.	Gaheefi Itti Gaafatamummaa Abbaa Alangaa.....	35
35.	Gaheefi Itti Gaafatamummaa Poolisii	36
Kutaa Xiqqaa Lama.....		37
Keessummeessa Iyyannoo yookiin Eeruu		37
36.	Qajeeltoo Bu'uuraa	37
37.	Akkaataa Eeruun Itti Fuudhamu	37
38.	Akkaataa Eeruun Itti Galmaa'u	38
39.	Taa'umsa Galmee Eeruu	38
40.	Akkaataa Eeruun Itti Gabaafamu.....	39
41.	Foormaatii Gabaasa Eeruu	39
Kutaa Xiqqaa Sadi		Error! Bookmark not defined.
Qorannaa Yakkaa Gaggeessuu.....		40
42.	Akkaataa Qorannaan Itti Gaggeeffamu.....	Error! Bookmark not defined.

43.	Toftaalee Qorannaan Itti Gaggeeffamu Beekuu	Error! Bookmark not defined.
44.	Dhimmoota Dursi Kennamuun Qorataman yookiin Murtiin Itti Kennamu	Error! Bookmark not defined.
45.	Hojiiwwan Gaggeessa Qorannaa Yakkaa Keessatti Raawwataman	Error! Bookmark not defined.
46.	Qorannaa Yakkaa Hoogganuu	Error! Bookmark not defined.
47.	Haala Ragaan Ittiin Funaanamu	Error! Bookmark not defined.
48.	Gosa Ragaalee Funaanamuu Qaban	43
49.	Ragaa Namaa yookiin Ogeessaa	Error! Bookmark not defined.
50.	Jecha Ragummaa Fuudhuu	Error! Bookmark not defined.
51.	Jecha Ragaa Fuudhuufi Galmeessuu Keessatti Of Eeggannoo Taasifamuu Qabu ..	Error! Bookmark not defined.
52.	Ragaa Sobaa Qindaa'ee Dhufu Hambisuuf Tattaafachuu	Error! Bookmark not defined.
53.	Haala Addaa Ragaaleen Akka Hin Milqine Saamsuun yookiin Eeguun Ittiin Qorataman	Error! Bookmark not defined.
54.	Ragaalee Qorannaa Teeknikaa Barbaachisan Funaanuu.	Error! Bookmark not defined.
55.	Sakatta'insaafi Qabiinsa	Error! Bookmark not defined.
56.	Haala Ragaan Meeshaa Teknolojiitiin Funaannamu	4Error! Bookmark not defined.
57.	Ragaalee Meeshaa Teknolojii Ogeessa Wajjin Qindoominaan Funaanuu	46
58.	Ragaa Ciraa Qabamu Addaan Baasuu	46
59.	Haala Gareen Qorannaa Ciraa Ofiin Qabuu Ittiin Danda'u	46
60.	Haala Ciraan Ajaja Mana Murtiitiin Qabamu yookiin Dhorkamuu	46
61.	Haala Ciraan Qabame Itti Turuufi Galii Itti Ta'u	47
62.	Haala Ciraan Tursiisuudhaaf Hin Danda'amne Itti Murtaa'u	47
63.	Haala Ciraan Murtii Itti Argatu	47
64.	Shakkamaa Dhiheessuu, Qabuu yookiin To'annaa Jala Oolchuu	47
65.	Jecha Shakkamaa Fuudhuu	47
66.	Galme RTD	48
67.	Yeroo Beellamaa Gaafachuu	48
68.	Saamuda Fudhachuu	48
69.	Sirna Shakkamaan Gara Ragaatti Ittiin Jijjiiramu	49
70.	Mirga Wabii Shakkamaa	49

71.	Qorannaa Dursaa.....	Error! Bookmark not defined.
72.	Barbaachisummaa Qorannaa Dursaa	Error! Bookmark not defined.
	Kutaa Xiqqaa Afur	Error! Bookmark not defined.
	Maloota Addaa Qorannaan Yakkaa Itti Gaggeeffamu	Error! Bookmark not defined.
73.	Lohanii Galuufi Hordoffii Taasisuu.....	Error! Bookmark not defined.
74.	Namoota Dhoksaadhaan Odeeffannoo Dhiheessaaniifi Bakka Bu’oota Isaanii	Error! Bookmark not defined.
	Kutaa Xiqqaa Shan	Error! Bookmark not defined.
	Dhimmoota Xiyyeeffannaa Addaa Barbaadan	Error! Bookmark not defined.
75.	Galmee Dhimma Dubartootaafi Daa’immanii	Error! Bookmark not defined.
76.	Galmee Balaa Tiraafikaa	Error! Bookmark not defined.
	Kutaa Xiqqaa Jaha	Error! Bookmark not defined.
	Hordoffiifi Deeggarsa.....	Error! Bookmark not defined.4
77.	To’annoofi Hordoffii Waajjira/Buufata Poolisii	Error! Bookmark not defined.
78.	Hojii Galmee Qorannaa Hordofuufi Gabaasuu	Error! Bookmark not defined.
79.	Haalawwan Abbaan Alangaa Yakkoota Biroo Poolisii Waliin Itti Qoratu.....	Error! Bookmark not defined.
80.	Akkaataa Abbaan Alangaa Qorannaa Yakkoota Biroo Itti To’atuufi Hordofu.....	Error! Bookmark not defined.
81.	Galmee Qorannaa Addaan Kutuu	55
82.	Iddoo Galmeen Qorannaa Taa’u.....	56
83.	Akkaataa Galmeen Qorannaa Qaama Aangoo Qabuuf Itti Ergamu	56
	Kutaa Shan	58
	Galmee Qorannaa Simachuufi Murtii Kennuu	58
84.	Akkaataa Galmeen Qorannaa Qaama Aangoo Qabuun Itti Simatamu	58
85.	Murtii Galmee Qorannaa Irratti Kennamu	59
86.	Araara	59
87.	Raawwii Araaraa.....	59
88.	Qabxiin Qorannaa Keessatti Osoo Hin Guutamiin Hafe Akka Guutamu Taasisuu	Error! Bookmark not defined.

89.	Bu'uuraa S/D/F/Y/Keewwata 41 tiin Qajeelfama Gaafachuu	Error! Bookmark not defined.
90.	Galmee Bu'uuraa S/D/F/Y/Keewwata 42(1)(A) tiin cufuu	Error! Bookmark not defined.
91.	Mirga Himatamaa	Error! Bookmark not defined.
92.	Ragaa Madaaluufi Qindeessuu	Error! Bookmark not defined.
93.	Himata Dhiheessuu	Error! Bookmark not defined.
94.	Haala Himannaan Itti Hin Dhiyaanne	Error! Bookmark not defined.
95.	Ragaa Ibsuu	Error! Bookmark not defined.
96.	Haalawwan Ragaan Itti Hin Ibsamne	66
Kutaa Jaha		67
Falmii Dhaddachaa		67
97.	Kaayyoo Falmii Dhaddachaa.....	67
98.	Mirga Miidhamaa Dhuunfaa	67
99.	Qophii Taasisuu	68
100.	Naamusa Dhaddachaa	69
101.	Oolmaa Dhaddachaa Galmeessuufi Gabaasuu	70
102.	Falmii Mirga Wabii Gaggeessuu	Error! Bookmark not defined.
103.	Mormii Sadarkaa Duraa	Error! Bookmark not defined.
104.	Jecha Amantaafi Waakkii.....	Error! Bookmark not defined.
105.	Haasaa Baniinsa Falmii.....	Error! Bookmark not defined.
106.	Ragaa Dhagahuu	Error! Bookmark not defined.
107.	Ragaawwan Ciraafi Barreeffamaa	Error! Bookmark not defined.
108.	Ragaa Ittisaa Dhagahuu.....	Error! Bookmark not defined.
109.	Himatamaa Dhabame yookiin Argamuu Hin Dandeenye	76
110.	Haasaa Cufiinsa Falmii	76
111.	Himata Kaasuu yookiin Adda Kutuu	77
112.	Deeggarsa Qaamolee Hawaasaa Miidhaadhaaf Saaxilamaniif Taasifamu	78
113.	Maallaqaafi Qabeenya Yakkaan Argame Akka Dhorkamu Qabamuufi Dhaalamu Taasisuu	78
114.	Sirna Adeemsa Falmii Mana Murtiitiin Ala Qabeenya yookiin Maallaqa Deebisiisuu	79

115. Yaada Adabbii	79
116. To'annoofi Hordoffii Mana Amala Sirreessaa	Error! Bookmark not defined.
Kutaa Torba	81
Ol'iyataafi Iyyata Ijibbaataa	Error! Bookmark not defined.
117. Kaayyoo Ol'iyannoofi Iyyata Ijibbaataa	Error! Bookmark not defined.
118. Dhimmoota Ol'iyanni Irratti Gaafatamu	Error! Bookmark not defined.
119. Ol'iyata Gaafachuu	Error! Bookmark not defined.
120. Komii Ol'iyannoo Qopheessuun Dura Qophii Taasifamuu Qabu	Error! Bookmark not defined.
121. Komii Ol'iyannoo Qopheessuu	Error! Bookmark not defined.
122. Hayyamsiisa Ol'iyannoo Dhiyeessuu	Error! Bookmark not defined.
123. Dhimmoota Iyyanni Ijibbaataa Irratti Dhiyaatu	Error! Bookmark not defined.
124. Dhimmoota Iyyataan Dhaddacha Ijibbaataatti Hin Dhiyaanne	Error! Bookmark not defined.
125. Iyyata Ijibbaataa Dhiyeessuu	Error! Bookmark not defined.
126. Komii Ol'iyannoofi Iyyata Ijibbaataaf Deebii Kennuu	Error! Bookmark not defined.
Kutaa Saddeet	Error! Bookmark not defined.
Keessummeessa Iyyannoowwan Adda Addaa	Error! Bookmark not defined.
127. Haala Iyyannoon Itti Dhiyaatu.....	Error! Bookmark not defined.
128. Gosa Iyyannoowwan Adda Addaa.....	Error! Bookmark not defined.
129. Tajaajilamaa Iyyannoo Dhiyeessu Simachuufi Deebii Kennuu	Error! Bookmark not defined.
130. Galmee A.S.D.F.Y.Keewwata 42(1)(A) tiin Murtii Argate Irratti Iyyannoo Dhiyaatuuf Deebii kennuu	Error! Bookmark not defined.
131. Galmee Abbaan Alangaa Komii Ol'iyannoo Hin Qabu Jedhu Irratti Iyyannoo Dhiyaatuuf Deebii Kennuu	Error! Bookmark not defined.
132. Galmee Qoratamaa Jiru Irratti Iyyannoo Dhiyaatuuf Deebii Kennuu	87
133. Himata Abbaan Alangaa Dhiyeesse Irratti Iyyannoo Dhiyaatuuf Deebii Kennuu.....	87
134. Iyyannoo Eegumsi Akka Taasifamuuf Dhiyaatuuf Deebii Kennuu	88
135. Deebiin Iyyannoo Dhiyaateef Kenname Raawwatamuu Isaa Hordofuu	88
Kutaa Sagal	88

Murtii Adabbii Raawwachiisuu	88
136. Adabbii Hidhaa Raawwachiisuu.....	88
137. Adabbii Qarshii Raawwachiisuu	89
Kutaa Kudhan	89
Tumaalee Adda Addaa	89
138. Dirqama Maanuwaalicha Hojiirra Oolchuu	89
139. Dirqama Mana Hojichaa	90
140. Tumaalee Ce’umsaa	Error! Bookmark not defined.
141. Maanuwaalicha Fooyyeessuu	Error! Bookmark not defined.
142. Yeroo Maanuwaalichi Hojii irra Ooluu	Error! Bookmark not defined.
Miiltoo Iffaa	Error! Bookmark not defined.

Bu'uura Labsii lakk.214/2011, Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa Hundeessuuf baheen aangoofi gahee hojii Mana Hojichaa gama qorannaa yakkaa gaggeessuu, qorannaa yakkaa hoogganuufi mirga wabii irratti furmaata kennuun walqabatee kan duraan ture irraa haala adda ta'een tumameefi JBAH dhimmoota yakka adda addaa irra deebiin qoratame hojmaata ifa ta'een deeggaruun tajaajila si'ataafi qulqullina qabu kennuun Labsicha hojiirra oolchuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Gurmaa'insaafi hojmaata Daayirektoreetii Dhimmoota Yakka Addaa Addaa keessatti qoodinsa aangoofi gahee hojii, akkasumas haala yaa'insa hojii dhimmoota yakka adda addaa karaa guutuu ta'een adda baasanii kaa'uun hojiin karaa iftoominaafi ittigaafatamummaa mirkaneessuu danda'uun akka raawwatamu gochuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

To'annoofi hordoffii akkasumas deeggarsa Dhaddachaaleen Dhaabbii Godinaaleefi Aanaalee/Magaalota isaan jala jiraniif taasisuu qaban, haala galmeen ol'iyannoofi iyyanni ijibbaataa ittiin hoogganamu qabuufi iyyannoon tajaajilamaa furmaata itti argachuu qabu irratti walitti dhufeenya Daayirektoreetii Dhimmoota Yakka Adda Addaafi Garee Dhimmoota Yakka Adda Addaa Dhaddachaalee Dhaabbii gidduu jiraachuu qabu karaa iftoomina qabuun diriirsuun waan barbaachiseef;

Hojmaatawwan dhimmoota yakka addaa addaa bakka adda addaatti bittinnaa'anii jiran kanneen akka hojmaata eeruu hojmaata qorannaa yakkaa, himannaafi falmii waliin bakka tokkotti fiduun karaa guutuu ta'een qindeessuun akkasumas qaawwaa qabatamaan yeroo ammaa gama paanaalii/marii garee Abbootii Alangaatiin walqabatee hojii keessatti mudachaa jiru furuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Miseensonni Abbootii Alangaa Garee Daayirektoreetii yookiin Adeemsa Hojii Yakkoota Adda Addaa hojmaata ifatti diriiree jiru bu'uura godhachuun qorannaa yakkaafi falmii dhaddachaa akkasumas keessummeessa iyyannoo gahumsaan gaggeessuun kenniinsa tajaajila haqaa naannoo keenyaa sadarkaa fooyya'aa ta'etti ol guddisuun mirgoota namoomaafi dimookiraasii lammiilee heera mootummaatiin beekamtii argate kabajuufi kabachiisuun gahee isaan irraa barbaadamu bahanii olaantummaa seeraa akka mirkaneessan gochuu waan barbaachiseef;

Maanuwaaliin kun qophaa'ee jira.

Kutaa Tokko
Tumaalee Waliigalaa

1. Mata Duree Gabaabaa

Maanuwaaliin kun “Maanuwaalii Hojmaata Dhimmoota Yakka Adda Addaa” jedhamee waamama.

2. Hiika

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Maanuwaalii kana keessatti:-

- 1) “**Abbaa Adeemsaa**” jechuun Abbaa Adeemsaa Dhimmoota Yakka Adda Addaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaa, Aanaa/Magaalaa jechuudha.
- 2) “**Ciraa**” jechuun ijoo dubbii hubachiisuuf yookiin fashaleessuuf mana murtiitti waanta dhiyaatu kamiyyuu ta'ee meeshaa sagalee, suuraa yookiin daataa qabate yookiin mallattoo yakkaa ta'ee ashaaraa, faana miillaafi waantota biroo kanneeniin wal fakkaatan kan dabalatudha.
- 3) “**Daayirektara**” jechuun Daayirektara Daayirektoreetii Dhimmoota Yakka Adda Addaa Mana Hojichaati.
- 4) “**Daayirektoreetii**” jechuun Daayirektoreetii Dhimmoota Yakka Adda Addaa Mana Hojichaati.
- 5) “**Damee Bulchiinsa Dhimmoota Falmii Seeraa**” jechuun gurmaa'insa Daayirektoreetii Dhimmoota Yakka Adda Addaa, Yakka Malaammaltummaafi Taaksiifi Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa of jalatti hammatedha.
- 6) “**Dhaddacha Dhaabbii**” jechuun Dhaddacha Sadarkaa Daayirektoreetiitti tajaajila haqaa si'ataafi dhaqqabamaa ta'e kennuuf jecha murtii Mana Hojichaan wiirtuu Bahaa, Lixaafi Kibbaa Oromiyaatti hundeeffamee jiru jechuudha.
- 7) “**Dhaabbata Misoomaa Mootummaa**” jechuun mootummaan naannichaa ga'ee abbaa qabeenyummaa kan keessaa qabu yookiin guutummaa guutuutti yookiin gar-tokkeen miseensa waldaa aksiyoona kan keessatti ta'e, dhaabbata misoomaa mootummaa yookiin waldaa aksiyoona kamiyyuu jechuudha.
- 8) “**Dhimma Yakkaa Dantaa Mootummaafi Uummata Naannichaatiin walqabatee Magaalaa Finfinnee Keessatti Raawwatamu**” jechuun dhimmoota yakkaa armaan gadii kan hammatudha.

- (a) Yakka Manneen Hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Magaalaa Finfinnee keessatti argamu keessatti mooraa Manneen Hojichaa keessatti nama kamiyyuu irratti raawwatamu;
- (b) Yakka hojjettoonni Manneen Hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Magaalaa Finfinnee keessatti argamu keessa hojjetan mooraa Manneen Hojichaafi Manneen Hojichaa keessatti raawwatan;
- (c) Raawwii yakkaa daangaa Naannoo Oromiyaa keessatti eegalamee yookiin raawwatamee Magaalaa Finfinnee keessatti xumurame yookiin bu'aan isaa beekame ta'ee eeruun isaa Naannicha keessatti kan dhiyaate yookiin kaka'umsa mootummaa Naannichaatiin qorannaan isaa kan eegalame;
- (d) Yakka qabeenya mootummaa yookiin qabeenya dhaabbilee misoomaa mootummaa yookiin Jaarmiyaalee Uummata Naannichaa Magaalaa Finfinnee keessatti argaman irratti yookiin mooraa keessatti yookiin mana hojii mootummaa Naannichaa Magaalaa Finfinnee keessatti argamu irratti raawwatamu.
- 9) **“Dhimmoota Yakka Adda Addaa”** jechuun bu'ura Labsii Mootummaa Federaalaa Lakk. 881/2007 tiin yakkoota malaammaltummaa jedhamanii kanneen tumamaniifi gochaawwan yakkaa gibiraafi taaksii irratti raawwatamaniin alatti gocha yakkaa kamiyyuu Seera Yakkaa jalatti yakka jedhamee tumameefi gocha yakaa seerota addaa biroo adabbii yakkaa tuman jalatti yakka jedhamee tumamae hunda kan hammatudha.
- 10) **“Dursaa Garee”** jechuun hojiiwwan dhimmoota yakka adda addaa qindeessuuf jecha Daarektoreetii jalatti mudamee kan hojjetudha.
- 11) **“Garee Abbootii Alangaa”** jechuun miseensota Abbootii Alangaa hunda sadarkaa Daayirektoreetii, Dhaddachaalee Dhaabbii, Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaafi Aanaa/Magaalaatti dhimmoota yakka adda addaa waliin marii'achuun murtii argachuu qaban irratti murtii kennu jechuudha.
- 12) **“Garee Daayirektoreetii, Dhaddachaalee Dhaabbii yookiin Adeemsaa”** jechuun miseensota Abbootii Alangaa Daayirektoreetii yookiin Dhaddachaalee Dhaabbii yookiin Adeemsa keessatti ramadamanii hojjetan hunda jechuudha.
- 13) **“Itti Aanaa”** jechuun Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa sadarkaa Mana Hojichaatti damee bulchiinsa dhimmoota falmii seeraa ol'aantummaan hoogganu jechuudha.

- 14) **“Jaarmiyaalee uummataa”** jechuun haalawwan kamiiniyyuu miseensota yookiin uummata irraa maallaqa yookiin qabeenya walitti qabame yookiin tajaajila uummataaf yaadamee maallaqa yookiin qabeenya walitti qabame yookiin qaama qabeenya biroo kana bulchu yookiin kubbaaniyyaa roгаа qabeessa qabu kan dabalatu damee dhuunfaa yoo ta’u kanneen armaan gadii hin dabalatu:
- (a) Dhaabbata Amantaa;
 - (b) Dhaabbata Siyaasaa yookiin Paartii;
 - (c) Dhaabbata Idil Addunyaa; fi
 - (d) Afooshaafi haala wal fakkaatuun waldaa qabiyyee aadaafi amantaa kan qaban.
- 15) **“Komishinii”** jechuun Komishinii Poolisii Oromiyaati.
- 16) **“Labsii”** jechuun Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa hundeessuuf bahe lakk 214/2011 jechuudha.
- 17) **“Mana Hojii”** jechuun Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa jechuudha.
- 18) **“Galmee Ijoon Dubbii Isaa Walxaxaa Ta’e”** jechuun galmee raawwiin yakkichaa dhimma amantii, sabaa, siyaasaa, diinagdee, abbootii aangoofi kanneen biroo kana fakkaatan waliin wal qabatu akkasumas yakkoota biroo raawwataman ilaalchisee ragaa sassaabame madaaluun hirmaattota yakkichaa adda baasuun murtii kennuun rakkisaa ta’e jechuudha.
- 19) **“Mootummaa”** jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
- 20) **“Naannoo”** jechuun Naannoo Oromiyaati.
- 21) **“Nama”** jechuun nama uumamaa yookiin qaama seeraan mirgi namummaa kennameef jechuu dha.
- 22) **“Paanaalii Waliigalaa”** jechuun dhimmoota yakka adda addaa Garee Abbootii Alangaa Daarektoreetii yookiin Dhaddachaalee Dhaabbiitiin ilaalamanii murtii argatan irra deebiin ilaaluuf yookiin yaada murtii kennuuf sadarkaa Mana Hojichaatti hundaa’e jechuudha.
- 23) **“Seera Yakkaa”** Seera Yakkaa Mootummaa Rippaabilika Dimookiraatawaa Federaalawaa Itiyooophiyaa bara 1996 bahe jechuudha.
- 24) **“Yakkoota biroo”** jechuun yakkoota ciccimootiin ala kan jiran yakka jedhamanii kanneen tumaman kamiyyuu jechuudha.

25) “Yakkoota ciccimoo” jechuun:

- (a) Seera Yakkaa jalatti yakkoota sirna, nageenya, tasgabbi, mirgaafi faayidaa mootummaafi uummataa irratti raawwataman, misooma kan gufachiisan, jeequmsaafi sodaa guddaa kan uuman, aadaafi safuu uummataa kan faallessan, uummata biratti balaaleffannaa cimaa kan qaban ta’anii miiltoo Iffaa Maanuwaalii kanaa jalatti kanneen tarreeffamaniifi
- (b) dhimmoota yakkaa biroo kamiyyuu seera addaa birootiin tumamanii jiran hunda kan hammatudha.

3. Daangaa Raawwatiinsaa

Maanuwaaliin kun dhimmoota yakka adda addaa Naannichaafi dantaa mootummaafi uummata Naannichaatiin walqabatee Magaalaa Finfinnee keessatti raawwataman ilaalchisee Garee Abbootii Alangaa hojmaata dhimmoota yakka adda addaa kana hojiirra oolchan irraati raawwatiinsa ni qabaata.

4. Kaayyoo Maanuwaalichaa

Maanuwaaliin kun kaayyoo armaan gadii ni qabaata:

- 1) haala qorannaan yakkaa itti gaggeeffamu ifatti kaa’uun qulqullinaafi saffinni qorannaa akka dabaluu taasisuuf;
- 2) qaawwaa maanuwaaliin hojmaata Abbootii Alangaa Naannoo Oromiyaa duraan ture hojii keessatti qabu guutuun bu’aa qabeessummaan hojii qorannaa, himannaafi falmii yakkaa akka dabaluu taasisuuf;
- 3) hojmaatawwan dhimmoota yakka adda addaa yeroo gara garaa diriirfamarii hojiirra oolanii jiran fooyyessuun bakka tokkotti walitti fiduun hojiin bifa walfakkaatuun akka hojjetamu taasisuuf;
- 4) Abbootiin Alangaa murtii kennan irratti karaa iftoominaafi itti gaafatamummaa qabuun akka raawwatan taasisuufi dha.

Kutaa Lama
Aangoofi Gahee Hojii

5. Aangoofi Gahee Hojii

Dhimmoota yakka adda addaa ilaalchisee bu'uura Labsii Lakk 214/2011 keewwata 7 tiin Daayirektoreetiin, Dhaddachaaleen Dhaabbii yookiin Adeemsi aangoofi gahee hojii armaan gadii ni qabaata.

- 1) Mirgootaafi bilisummaawwan bu'uura lammiilee heeraafi seeraan eeggaman kabajamuu isaanii mirkaneessuu;
- 2) Seerota biraatiin aangoon Poolisiif kenname akkuma eegametti ta'ee, dhimmoota yakkaa aango mana murtii Naannichaa ta'an, akkasumas dantaa mootummaafi ummata Naannichaatiin walqabatee Magaalaa Finfinnee keessatti raawwataman irratti barbaachisaa ta'ee bakka argametti qorannoon yakkaa akka jalqabamu taasisuu; qorannoo yakkaa gaggeeffamu hoogganuu; hordofuu; faayidaa uummataa bu'uura godhachuun yookiin dhimmichi yakkaan kan hin gaafachiisne ta'uun ifatti yammuu beekkame qorannoon jalqabame akka addaan citu yookiin qorannoon yakkaa addaan citee ture akka itti fufu taasisuu;
- 3) Yakkoota ciccimoo dantaa ummataafi mootummaa ta'an poolisii waliin qorachuu; barbaachisaa ta'ee yoo argame yakkoota biroos Poolisii waliin qorachuu;
- 4) Qorannaaf barbaachisaa ta'ee yoo argame bu'uura Seera Sirna Deemsa Falmii Yakkaa yookiin seerota biroo roggummaa qabaniin nama kamiyyuu dhiyeessisuun gaafachuu; jechi irraa akka fuudhamu taasisuu; nama yookiin mana hojii kamiyyuu irraa ragaan akka dhiyaatuuf ajajuu; ragaa dhiyaate fudhachuu;
- 5) Namoota mirga yakkaan himatamuu dhabuu qabaniifi yakka raawwachuun shakkaman irratti galmeen qorannaa erga xumuramee booda sababni gahaan yoo argame mirgi kun akka irraa ka'u qaama mirgicha kaasuuf aango qabutti dhiyeessuu; yemmuu hayyamamu himachuu; falmuu; raawwii isaa hordofuu;
- 6) Namni raawwii yakkaa keessatti hirmaate tokko dhimmichi mana murtiitti osoo hin dhihaatiin dura odeeffannoo barbaachisaafi bu'aa qabeessa ta'e kennuun jecha ragummaa isaa kennuun bu'a qabeessummaa dhimmichaatiif kan barbaachisu yoo ta'e himannaa irraa bilisa akka ta'u taasisuu;

- 7) Ciraa akka ragaatti fayyadu addaan baasuu; saamudni akka fudhatamuu yookiin suuraan akka ka'u taasisuu; akkaataa qabiinsa yookiin haala ciraan abbaa qabeenyichaatiif itti deebi'u ilaalchisee qajeelfama kennuu;
- 8) Murtiin Abbaa Alangaatiin kennamu madaalawaafi tilmaamamaa akka ta'u kan gargaaru hojmaanni akka diriiru taasisuu; hojmaata diriire hojiirra oolchuu; hojiirra oolmaa isaa hordofuu;
- 9) Ragaan seeraafi himatamaan akka dhiyaatan qaama dhimmi ilaaluuf ajaja kennuu; hordofuu; bu'uura ajaja kennameen raawwatamuu yoo baate tarkaanfii seeraa fudhachuu; akka fudhatamu taasisuu;
- 10) Bu'uura seeraatiin eeruu kennitoota, ragaa baatotaafi maatii isaaniitiif eegumsi akka taasifamu gochuu; deeggarsa kennuu;
- 11) Galmee qorannoo yakkaa irratti bu'uura seeraatiin murtii kennuu; mootummaa bakka bu'uun himata hundeessuu; falmii gaggeessuu; faayidaa ummataaf barbaachisaa ta'ee yoo argame himata kaasuu; himata ka'e akka itti fufu taasisuu;
- 12) Murtii Manni Murtii sadarkaan jiru kennu irratti komiin yoo jiraate ol'iiyannoo gaafachuu; falmuu; iyyata ijibbaataa dhiyeessuu;
- 13) Ajajaafi murtiiwwan yakkaa manneen murtiitiin kennaman bu'uura seeraatin raawwatamuu isaanii hordofuu; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuu; akka fudhatamu taasisuu;
- 14) Mirgi sirreeffamtoota seeraa yookiin namoota buufata Poolisii yookiin mana sirreessaa keessatti to'annoo seeraa jala jiran kabajamuu isaa hordofuu; haalli qabiinsa mirgaafi yeroon turtii bu'uura seeraatiin ta'uu isaa mirkaneessuu; gochi seeraan alaa yoo raawwatame tarkaanfii seeraa fudhachuu; akka fudhatamu taasisuu;
- 15) Namootni yakka salphaan shakkaman yookiin yakka raawwachuun isaanii shakkisiisaa ta'e poolisiin bu'uura seeraatiin akka gadi lakkisu qajeelfama kennuu; raawwii isaa hordofuu; tarkaanfii seeraa fudhachuu;
- 16) Hubannoon seeraa hawaasaa akka cimuu barumsa hubannoo seeraa kennuu; qaamota dhimma kana irratti hirmaatan qindeessuu; bu'aa isaa xiinxaluu;
- 17) Hojii isaa ilaalchisee qorannaafi qo'annoo hojii taasisuu; akka taasifamu gochuu; ragaaleefi istaatistiiksii adda addaa walitti qabuu; qindeessuu; tamsasuu; gabaasuu.

6. Hojiiwwan Sadarkaa Daarektoreetiitti Raawwataman

Sadarkaa Daayirektoreetiitti hojiiwwan armaan gadii kan raawwataman ta'a:

- 1) yakkoota ciccimoo dantaa mootummaafi uummata Naannichaatiin walqabatee Magaalaa Finfinnee keessatti manneen hojii sadarkaa naannoo keessatti raawwataman Komishinii waliin ta'uun eeruu ni fuudha; qorannaa ni gaggeessa; qorannaa ni hooggana; qorannaa yakkaa jalqabame addaan ni kuta; qorannaan yakkaa addaan citee ture akka itti fufu ni taasisa; qorannaa gaggeeffame irratti murtii ni kenna;
- 2) qorannaa bu'uura lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 1 tiin gaggeeffame irratti murtii kennamuun dhimmichi Mana Murtii Waliigalaatti kan dhiyaatu yoo ta'e himata ni dhiyeessa; himata ni kaasa; ni falma; ol'iyyata ni dhiyeessa; ol'iyyata dhiyaatuuf deebii ni kenna; iyyata ijibbaataa ni dhiyeessa; iyyata ijibbaataa dhiyaatuuf deebii ni kenna; dhimmichi aangoo Mana Murtii Waliigalaa yoo hin taane qaama aangoo qabuuf ni qajeelcha;
- 3) lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 1 jala kan jiru akkuma jirutti ta'ee, yakkoota ciccimoo dantaa mootummaafi uummata Naannichaatiin walqabatee Magaalaa Finfinnee keessatti sadarkaa Godinaatti Manneen Hojii Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee keessatti raawwataman Poolisiifi Abbaan Alangaa Godinaa waliin ta'uun eeruu ni fuudhu; qorannaa ni gaggeessu; Abbaan Alangaa qorannaa ni hooggana; qorannaa yakkaa jalqabame addaan ni kuta; qorannaan yakkaa addaan citee ture akka itti fufu ni taasisa; qorannaa gaggeeffame irratti murtii ni kenna;
- 4) qorannaa bu'uura lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 3 tiin gaggeeffame irratti murtii kennamuun dhimmichi Mana Murtii Waliigalaatti kan dhiyaatu yoo ta'e qaama aangoo qabuuf ni erga;
- 5) qorannaa bu'uura lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 3 tiin gaggeeffame irratti murtii kennamuun dhimmichi Mana Murtii Ol'aanaa yookiin Aanaa/Magaalaatti kan dhiyaatu yoo ta'e himata ni dhiyeessa; himata ni kaasa; ni falma; ol'iyyata ni dhiyeessa; ol'iyyata dhiyaatuuf deebii ni kenna;
- 6) yakka aangoo Mana Murtii Waliigalaa ta'ee Godinaaleefi Aanaalee/Magaalota isa jala jiran keessatti raawwataman kan qorannaan isaanii sadarkaa Godinaafi Aanaa/Magaalaatti gaggeessuun rakkisaa ta'ee deeggarsi irratti gaafatamu yookiin haala addaatiin sadarkaa Daarektoreetiitti akka qoratamu taasifamu irratti Komishinii waliin ta'uun qorannaa ni gaggeessa; qorannaa ni hooggana; qorannaa yakkaa jalqabame addaan

ni kuta; qorannaan yakkaa addaan citee ture akka itti fufu ni taasisa; qorannaa gaggeeffame irratti murtii ni kenna; himata ni dhiyeessa; ni falma; iyyata ijibbaataa ni dhiyeessa; iyyata ijibbaataaf deebii ni kenna. Deeggarsi akka taasifamu yookiin dhimmichi haala addaan sadarkaa Daarektoreetiitti akka qoratamu kan ajaju Abbaa Alangaa Waliigalaa yookiin Itti Aanaa yookiin Daarektara ta'a.

- 7) yakka aangoo Manneen Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachaalee Dhaabbii yookiin Manneen Murtii Ol'aanaa qorannaan isaa xumurame ulfaatina isaa irraa kan ka'e murtii haqa qabeessaafi loogii irraa bilisa ta'e kennuun rakkisaa ta'uu Abbaan Alangaa Waliigalaa yookiin Itti Aanaan yookiin Daarektarii yemmuu ajaju himata ni dhiyeessa; ni falma; ol'iyyata ni gaafata; ol'iyyata dhiyaateef deebii ni kenna; iyyata ijibbaataa ni dhiyeessa; iyyata ijibbaataatiif deebii ni kenna;
- 8) yakka raawwiin isaa naannoolee biroo waliin walqunnamtii qabuufi faayidaa uummata Naannichaatiin walqabatu yookiin Godinaalee lamaafi sanaa ol kan walquunnamsiisu ta'ee sadarkaa Dhaddachaalee Dhaabbii, Godinaa, Aanaa/Magaalaatti qorachuun rakkisaa ta'ee deeggarsi gaafatame irratti Itti Aanaan yookiin Daarektarii yemmuu ajaju Komishinii waliin ta'uun qorannaa ni gaggeessa; qorannaa ni hooggana; qorannaa yakkaa jalqabame addaan ni kuta; qorannaan yakkaa addaan citee ture akka itti fufu ni taasisa; qorannaa gaggeeffame irratti murtii ni kenna;
- 9) yakka aangoo Dhaddachaalee Dhaabbii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa, Mana Murtii Godinaa, Aanaa/Magaalaa ta'ee Abbaan Alangaa Waliigalaa yookiin Itti Aanaan yookiin Daarektarii haala addaatiin sadarkaa Daayirektoreetichaatti akka qoratamu ajaju irratti Komishinii waliin ta'uun qorannaa ni gaggeessa; qorannaa ni hooggana; qorannaa yakkaa jalqabame addaan ni kuta; qorannaa yakkaa addaan citee ture akka itti fufu ni taasisa; qorannaa gaggeeffame irratti murtii ni kenna;
- 10) murtii Manneen Murtii Ol'aanaa Godinoota Shawaa Lixaa, Shawaa Kaabaa, Shawaa Kibba Lixaafi Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee aangoo sadarkaa jalqabaafi ol'iyyannootiin ilaalanii kennan irratti ol'iyyata dhiyaatuuf deebii ni kenna; ni falma;
- 11) murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Giddu Galeessaa aangoo sadarkaa jalqabaafi ol'iyyannoon ilaalee kenne irratti ol'iyyata ni gaafata; ol'iyyata dhiyaatuuf deebii ni kenna; iyyata ijibbaataa ni dhiyeessa; iyyata ijibbaataa dhiyaateef deebii ni kenna;

- 12) murtii Manneen Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachaaleen Dhaabbii kennan irratti Gareen Dhaddachaalee Dhaabbii iyyata ijbaataa hin qabnu jedhan ilaalchisee Paanaalii Waliigalaatiin ilaalamee iyyanni ijibbaataa akka gaafatamu yemmuu murtaa'u kallattiin iyyata ijibbaataa ni dhiyeessa; ni falma;
- 13) murtii Manneen Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachaaleen Dhaabbii aangoo sadarkaa jalqabaatiin kennan irratti Gareen Dhaddachaalee Dhaabbii komii ol'iyyannoo hin qabnu jechuun dhiyaatan ilaalchisee ol'iyyanni akka gaafatamu yemmuu murtaa'u qabxii komachiisu tarreessuun ol'iyyanni akka gaafatamu qajeelfama ni kenna;
- 14) murtii Manneen Murtii Aanaaleefi Magaalotaan kennaman irratti Gareen Adeemsa Aanaalee yookiin Magaalotaa komii ol'iyyannoo hin qabnu jechuun Gareen Adeemsa Godinaaleefi Dhaddachaalee Dhaabbiis cimsu ilaalchisee ol'iyyanni akka gaafatamu yemmuu murtaa'u qabxii komachiisu tarreessuun ol'iyyanni akka gaafatamu kallattiin qajeelfama ni kenna;
- 15) murtii Manneen Murtii Godinaaleetiin kennamanii Gareen Adeemsa Godinaalee komii hin qabnu jechuun Gareen Dhaddachaalee Dhaabbiis cimsu ilaalchisee ol'iyyanni akka gaafatamu yemmuu murtaa'u qabxii komachiisu tarreessuun ol'iyyanni akka gaafatamu kallattiin qajeelfama ni kenna;
- 16) shakkamtoonni galmeen irratti qoratame mirga yakkaan himatamuu dhabuu kan qaban yoo ta'e mirgi kun akka ka'uuf Abbaa Alangaa Waliigalaatiif yaada murtii ni dhiyeessa; mirgi kun yemmuu ka'u galme irratti murtii ni kenna;
- 17) hubannoo seeraa ni kenna;
- 18) mirgi sirreeffamtoota seeraa mana sirreessaa keessatti to'annoo seeraa jala jiranii sarbamaa kan jiru ta'uu gabaasni yeroo isa gahu yookiin ofii isaa yemmuu bira gahu tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
- 19) iyyannoowwan adda addaa dhiyaatan ni keessummeessa; furmaata ni kenna; akka kennamu ni taasisa.

7. Hojiiwwan Sadarkaa Dhaddachaalee Dhaabbiitti Raawwataman

Sadarkaa Dhaddachaalee Dhaabbiitti hojiiwwan armaan gadii kan raawwataman ta'a:

- 1) yakka aangoo Mana Murtii Waliigalaa ta'ee Godinaaleefi Aanaalee/Magaalota isaan jala jiran keessatti raawwatamu kan qorannaan isaa sadarkaa Godinaafi Aanaa/Magaalaatti gaggeessuun rakkisaa ta'ee deeggarsi gaafatamu yookiin kan haala addaatiin sadarkaa Dhaddachaalee Dhaabbiitti akka qoratamu taasifamu irratti Komishinii yookiin kan Komishiniin bakka buusu waliin ta'uun qorannaa ni gaggeessa; qorannaa ni hooggana; qorannaa yakkaa jalqabame addaan ni kuta; qorannaan yakkaa addaan citee ture akka itti fufu ni taasisa; qorannaa gaggeeffame irratti murtii ni kenna; himata ni dhiyeessa; ni falma; ol'iyyata ni gaafata; ol'iyyata dhiyaatuuf deebii ni kenna; iyyata ijibbaataa ni dhiyeessa; iyyata ijibbaataa dhiyaatuuf deebii ni kenna. Deeggarsi akka taasifamu yookiin dhimmichi haala addaan sadarkaa Dhaddacha Dhaabbiitti akka qoratamu kan ajaju Abbaa Alangaa Waliigalaa yookiin Itti Aanaa yookiin Daayirektara yookiin Qindeessaa Dhaddacha Dhaabbii ta'a;
- 2) yakka aangoo Manneen Murtii Ol'aanaa ta'e ulfaatina dhimmichaa irraa kan ka'e murtii haqa qabeessaafi loogii irraa bilisa ta'e kennuun rakkisaa ta'uu Abbaa Alangaa Waliigalaa yookiin Itti Aanaa yookiin Daayirektara yookiin Qindeessaa Dhaddachaalee Dhaabbiitiin itti amaname irratti qorattoota Godinaa waliin ta'uun qorannaa ni gaggeessa; qorannaa ni hooggana; qorannaa yakkaa jalqabame addaan ni kuta; qorannaan yakkaa addaan citee ture akka itti fufu ni taasisa; qorannaa gaggeeffame irratti murtii ni kenna; himata ni dhiyeessa; ni falma; ol'iyyata ni gaafata; deebii ol'iyyataa ni kenna;
- 3) yakka raawwiin isaa naannoolee biroo waliin walqunnamtii qabuufi faayidaa uummata Naannichaatiin walqabatu yookiin Godinaalee isa jala jiran lamaafi sanaa ol kan walquunnamsiisu ta'ee sadarkaa Godinaa, Aanaa yookiin Magaalaa qorachuun rakkisaa ta'ee argame yookiin deeggarsi gaafatame irratti Itti Aanaan yookiin Daayirektarii yookiin Qindeessaan yemmuu ajaju Komishinii yookiin kan Komishiniin bakka buusu waliin ta'uun qorannaa ni gaggeessa; qorannaa ni hooggana; qorannaa yakkaa jalqabame addaan ni kuta; qorannaan yakkaa addaan citee ture akka itti fufu ni taasisa; qorannaa gaggeeffame irratti murtii ni kenna;
- 4) yakka aangoo Mana Murtii Godinaa, Aanaa yookiin Magaalaa ta'anii Abbaan Alangaa Waliigalaa yookiin Itti Aanaan yookiin Daayirektarii yookiin Qindeessaan Dhaddachaalee Dhaabbii haala addaatiin Dhaddachaalee Dhaabbiitti akka qoratamu ajaju

irratti Komishinii yookiin kan Komishiniin bakka buusu waliin ta'uun qorannaa ni gaggeessa; qorannaa ni hooggana; qorannaa yakkaa jalqabame addaan ni kuta; qorannaan yakkaa addaan citee ture akka itti fufu ni taasisa; qorannaa gaggeeffame irratti murtii ni kenna;

- 5) murtii Manneen Murtii Ol'aanaa Godinoota isaan jala jiranii aangoo sadarkaa jalqabaafi ol'iyannootiin ilaalanii murtii kennan irratti ol'iyyata Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachaalee Dhaabbiitti dhiyaatu irratti deebii ni kenna; ni falma;
- 6) murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachaalee Dhaabbi aangoo sadarkaa jalqabaafi ol'iyannoon ilaalanii murtii kennan irratti ol'iyyata ni gaafata; iyyata ijibbaataa ni dhiyeessa;
- 7) murtii Manneen Murtii Ol'aanaa Godinaalee kennan irratti Gareen Abbootii Alangaa Dhimmoota Yakka Adda Addaa Godinaalee isaan jala jiran komii ol'iyyataa hin qabnu jechuun dhiyaatan qorachuun qabxiin komachiisu yoo jiraate qabxiwwan komachiisan tarreessuun ol'iyanni akka gaafatamu qajeelfama ni kenna;
- 8) murtii Manneen Murtii Aanaaleefi Magaalotaan kennaman irratti Gareen Adeemsa Aanaa/Magaalaa komii ol'iyannoo hin qabnu jechuun Gareen Adeemsa Godinaas cimbuun dhiyaatan qorachuun qabxiin komachiisu yoo jiraate qabxiwwan komachiisan tarreessuun Aanaaleen/Magaalonni dhimmichi irraa dhiyaate ol'iyyata akka gaafatan kallattiin qajeelfama ni kenna;
- 9) galmeen sadarkaa Dhaddachaalee Dhaabbiitti qoratamu mirga namoota yakkaan himatamuu dhabuu qabaniifi yakka raawwachuun shakkamanii kan kaasisu yoo ta'e sababni gahaan mirgi kun akka ka'u taasisu jiraachuu isaa ni mirkaneessa; sababni gahaan yoo jiraate mirgi kun akka irraa ka'u Daayirektoreetiif gaaffii ni dhiyeessa; mirgi yakkaan himatamuu dhabuu akka irraa ka'u qaama aangoo qabuun yemmuu murtaa'u galmee irratti murtii ni kenna;
- 10) hubannoo seeraa ni kenna;
- 11) mirgi sirreeffamtoota seeraa mana sirreessaa keessatti to'annoo seeraa jala jiranii sarbamaa kan jiru ta'uu gabaasni yeroo isa gahu yookiin ofii isaa yemmuu bira gahu tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
- 12) iyyannoowwan adda addaa dhiyaatan ni keessummeessa; furmaata ni kenna; akka kennamu ni taasisa.

8. Hojiiwwan Sadarkaa Adeemsa Godinaatti Raawwataman

Sadarkaa Adeemsa Dhimmoota Yakka Adda Addaa Godinaatti hojiiwwan armaan gadii kan raawwataman ta'a:

- 1) yakka aangoo Mana Murtii Ol'aanaa ta'ee Aanaalee/Magaalota isa jala jiran keessatti raawwataman kan qorannaan isaanii sadarkaa Aanaa/Magaalaatti gaggeessuun rakkisaa ta'ee deeggarsi gaafatame yookiin kan Daayirektarri yookiin Qindeessaan Dhaddacha Dhaabbii yookiin Abbaan Adeemsa Dhimmoota Yakka Adda Addaa Godinaa haala addaatiin sadarkaa Godinaatti akka qoratamu ajaju irratti qorattoota Godinaa waliin ta'uun qorannaa ni gaggeessa; qorannaa ni hooggana; qorannaa yakkaa jalqabame addaan ni kuta; qorannaan yakkaa addaan citee ture akka itti fufu ni taasisa; qorannaa gaggeeffame irratti murtii ni kenna; himata ni dhiyeessa; ni falma; ol'iyyata ni gaafata; deebii ol'iyyataa ni kenna;
- 2) yakka aangoo Manneen Murtii Aanaa/Magaalaa ta'an ilaalchisee ulfaatina dhimmichaa irraa kan ka'e murtii haqa qabeessaafi loogii irraa bilisa ta'e kennuun rakkisaa ta'uu Daarektara yookiin Qindeessaa Dhaddacha Dhaabbiitiin itti amaname irratti qorattoota Godinaa waliin ta'uun qorannaa ni gaggeessa; qorannaa ni hooggana; qorannaa yakkaa jalqabame addaan ni kuta; qorannaan yakkaa addaan citee ture akka itti fufu ni taasisa; qorannaa gaggeeffame irratti murtii ni kenna; himata ni dhiyeessa; ni falma; ol'iyyata ni gaafata; deebii ol'iyyataa ni kenna;
- 3) yakka aangoo Mana Murtii Aanaa yookiin Magaalaa ta'anii Daayirektarri yookiin Qindeessaan Dhaddacha Dhaabbii yookiin Abbaan Adeemsa Godinaa haala addaatiin sadarkaa Godinaatti akka qoratamu ajaju irratti qorattoota Godinaa waliin ta'uun qorannaa ni gaggeessa; qorannaa ni hooggana; qorannaa yakkaa jalqabame addaan ni kuta; qorannaan yakkaa addaan citee ture akka itti fufu ni taasisa; qorannaa gaggeeffame irratti murtii ni kenna;
- 4) murtii Manneen Murtii Aanaa/Magaalaa aangoo sadarkaa jalqabaatiin ilaalanii murtii kennan irratti ol'iyyata Mana Murtii Ol'aanaatti dhiyaatu irratti deebii ni kenna; ni falma;
- 5) murtii Manni Murtii Ol'aanaa aangoo sadarkaa jalqabaafi ol'iyyannoon ilaalee murtii kenne irratti ol'iyyata ni gaafata;
- 6) murtii Manneen Murtii Aanaa/Magaalaa kennan irratti Gareen Adeemsa Aanaa/Magaalaa komii ol'iyyataa hin qabnu jechuun dhiyaatan qorachuun qabxiin komachiisu yoo jiraate qabxiwwan komachiisan tarreessuun ol'iyyanni akka gaafatamu qajeelfama ni kenna;

- 7) galmeen sadarkaa Godinaatti qoratamu mirga namoota yakkaan himatamuu dhabuu qabaniifi yakka raawwachuun shakkamanii kan kaasisu yoo ta'e galmee qorachuun sababni gahaan mirgi kun akka ka'u taasisu jiraachuu isaa ni mirkaneessa; sababni gahaan yoo jiraate mirgi kun akka irraa ka'u Daayirektoreetiif gaaffii ni dhiyeessa; mirgi yakkaan himatamuu dhabuu akka irraa ka'u qaama aangoo qabuun yemmuu murtaa'u galmee irratti murtii ni kenna;
- 8) mirgi sirreeffamtoota seeraa mana sirreessaa keessatti to'annoo seeraa jala jirani sarbamaa kan jiru ta'uu gabaasni yeroo isa gahu yookiin ofii isaa yemmuu bira gahu tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
- 9) hubannoo seeraa ni kenna;
- 10) iyyannoowwan adda addaa dhiyaatan ni keessummeessa; furmaata ni kenna; akka kennamu ni taasisa.

9. Hojiiwwan Sadarkaa Adeemsa Aanaa/Magaalaatti Raawwataman

Sadarkaa Adeemsa Dhimmoota Yakka Adda Addaa Aanaa/Magaalaatti hojiiwwan armaan gadii kan raawwataman ta'a:

- 1) eeruu dhiyaatu Poolisii waliin ta'uun ni fuudha; yakkoota ciccimoo Poolisii waliin ta'uun ni qorata; qorannaa ni hooggana; qorannaa yakkaa jalqabame addaan ni kuta; qorannaan yakkaa addaan citee ture akka itti fufu ni taasisa; galmee qorannaa irratti murtii ni kenna; himata ni dhiyeessa; ni falma; ol'iyyata ni gaafata;
- 2) lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, barbaachisaa ta'ee yoo argame yakkoota biroos Poolisii waliin ta'uun qorannaa ni gaggeessa; qorannaa ni hooggana; qorannaa yakkaa jalqabame addaan ni kuta; qorannaan yakkaa addaan citee ture akka itti fufu ni taasisa; galmee qorannaa irratti murtii ni kenna; himata ni dhiyeessa; ni falma; ol'iyyata ni gaafata;
- 3) murtii Manni Murtii Aanaa/Magaalaa ilaalee murtii kenne irratti ol'iyyata ni gaafata;
- 4) galmeen sadarkaa Aanaa/Magaalaatti qoratamu mirga namoota yakkaan himatamuu dhabuu qabaniifi yakka raawwachuun shakkamanii kan kaasisu yoo ta'e sababni gahaan mirgi kun akka ka'u taasisu jiraachuu isaa ni mirkaneessa; sababni gahaan yoo jiraate mirgi kun akka irraa ka'u Daayirektoreetiif gaaffii ni dhiyeessa; mirgi yakkaan himatamuu dhabuu akka irraa ka'u qaama aangoo qabuun yemmuu murtaa'u galmee irratti murtii ni kenna;

- 5) mirgi sirreeffamtoota seeraa yookiin namoota buufata Poolisii yookiin mana sirreessaa keessatti to'annoo seeraa jala jiran kabajamuu isaa ni hordofa; haalli qabiinsa mirgaafi yeroon turtii bu'uura seeraatiin ta'uu isaa ni mirkaneessa; gochi seeraan alaa yoo raawwatame tarkaanfii seeraa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
- 6) hubannoo seeraa ni kenna;
- 7) iyyannoowwan adda addaa dhiyaatan ni keessummeessa; furmaata ni kenna; akka kennamu ni taasisa.

10. Aangoofi Gahee Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa

Aangoofi gaheen hojii Abbaa Alangaa Waliigalaatiif bu'uura Labsii lakk.214/2011 tiin kenname akkuma eeggametti ta'ee, Abbaan Alangaa Waliigalaa aangoofi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) dhimmoota yakka adda addaa qorannoon isaa eegalame yookiin falmii irra jiru faayidaa uummataaf jecha akka addaan citu yookiin qorannoon yookiin himannaan addaan citee ture akka itti fufu ni taasisa;
- 2) galmeen himannaa sadarkaa kamiyyuu irra jiru dhaddacha irraa akka ka'u ni murteessa;
- 3) dhimmichi falmii idilee keessa darbuun isaa nageenya biyyattii yookiin walitti dhufeenya biyyi keenya biyya alaa waliin qabdu yookiin walitti dhufeenya naannoon keenya naannolee biyya keenyaa waliin qabdu ni miidha jedhee yoo itti amane himanni dhaddacha irraa akka ka'u ni murteessa; himanni ka'e akka itti fufu ni taasisa;
- 4) namoota mirga himatamuu dhabuu qaban irraa mirgi kun akka ka'u qaama dhimmi ilaaluuf gaaffii ni dhiyeessa;
- 5) murtii Paanaalii Waliigalaatiin kenname irra deebiin ilaalee ni cimsa; ni fooyyessa; irra deebiin akka ilaalamu ni taasisa; murtii kenname ni haqa.

11. Aangoofi Gahee Hojii Itti Aanaa

Aangoofi gaheen hojii Itti Aanaaf bu'uura Labsii lakk.214/2011 tiin kenname akkuma eeggametti ta'ee, Itti Aanaan aangoofi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Dhaddachaalee Dhaabbiifi Daarektoreticha ol'aantummaan ni hooggana;
- 2) karooraafi gabaasa hojii Daarektarri yookiin Qindeessaan Dhaddacha Dhaabbii qopheessee dhiyeessu ni madaala; yaada dabalataa yookiin fooyya'uu qabu ni kenna;
- 3) hojmaata Daarektoretichaa ilaalchisee muuxannoo gaggaariin akka horatamu, fudhatamuufi wal-jijjiramuuf haala ni mijeessa;

- 4) komiifi iyyannoo tajaajilamaa Daayirektaraan furmaata hin araganne ni fuudha; ni qorata; ni sakatta'a; tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamu ni taasisa; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;
- 5) Paanaalii Waliigalaa walitti ni qaba.

12. Aangoofi Gahee Hojii Daayirektaraa

Aangoofi gaheen hojii Maanuwaalii kana keessatti bakka biraatti Daayirektaraaf kenname akkuma eegametti ta'ee, Daayirektarii aangoofi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) karoora Mana Hojichaa irraa ka'uun karoora Daayirektoreetichaa ni qopheessa; ni mirkaneessisa; gareef caccabsee ni kenna; hojiirra oolmaafi raawwii karoorichaa ni hordofa;
- 2) gabaasa raawwii hojii Daayirektoreetichaa qopheessuun qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa;
- 3) raawwiin Garee Daayirektoreetiii akkaataa karooraatiin raawwatamuu isaa ni gamaggama; ni madaala; ciminaafi hanqina jiru addaan ni baasa; haala hanqinni mul'ate itti sirraa'uufi ciminni mul'ate daran cimee itti fufuu qabu ni mijeessa;
- 4) hojiiwwan Daayirektoreetichaa ol'aantummaan ni qajeelcha; ni qindeessa; ni hordofa; ni deeggara; ni gamaggama; bu'aa qabeessummaa raawwii hojiiwwanii ni mirkaneessa; ni gabaasa;
- 5) meeshaaleefi qabeenyi raawwii hojii Daayirektoreetichaaf barbaachisu akka guutamu ni taasisa;
- 6) naannoon hojii mijaa'aan akka uumamu ni taasisa; leecalloofi humni namaa tajaajila hojii Daayirektoreetichaaf barbaachisan akka guutaman qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;
- 7) dhimmoota yakka adda addaa Garee Abbootii Alangaatiin ilaalamanii murtii argachuu qaban irratti Garee Abbootii Alangaa walitti ni qaba; dhimmichi Dursaa Gareefi Abbaa Alangaa galmeen harka jiru waliin ta'uun kan furamu yoo ta'e furmaata ni kenna;
- 8) hojii garee ni madaala, barbaachisaa ta'ee yoo argame tarkaanffii sirreeffamaa ni fudhata;
- 9) haala hojii Dhaddachaalee Dhaabbii ni to'ata; ni hordofa; ni deeggara; gabaasa raawwii hojii Daayirektoreetichaa ni qindeessa; qajeelfama hojii ni kenna;
- 10) iddoo hanqinni humna namaafi dandeettiin raawwachisummaa jirutti haala mijeessuun furmaata akka argatu ni taasisa;

- 11) maanuwaalotniifi qajeelfamootni hojii Daayirektoreetichaa bu'aa qabeessa akka ta'u dandeessisan akka qophaa'an ni taasisa; yeroo yeroon ni fooyyessa; akka fooyya'u ni taasisa;
- 12) hojiin Daayirektoreetichaa bu'uura hojmaata, qajeelfamootaafi maanuwaalota jiraniin gaggeeffamaa jiraachuu ni hordofa;
- 13) qaawwa dandeettii raawwachiisummaa Garee Daayirektoreetichaa bira jiru adda ni baasa; akka fooyya'u ni taasisa; Abbootiin Alangaa dabaree dabareen leenjii kennamu irratti akka hirmaatan ni taasisa;
- 14) komiifi iyyannoo tajaajilamaa Qindeessitoota Dhaddachaalee Dhaabbiitiin yookiin Dursaa Gareetiin furmaata hin arganne ni fuudha; ni qorata; ni sakatta'a; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;
- 15) Gareen Daayirektoreetii naamusa gaariin hojii isaa akka raawwatu ni jajjabeessa; ni deeggara; kanneen naamusa cabsan akka ittigaafataman ni taasisa;
- 16) hojii biroo Abbaa Alangaa Waliigalaa yookiin Itti Aanaa irraa isaaf kennamu ni raawwata.

13. Aangoofi Gahee Hojii Dursaa Garee

Dursaan Garee dhimmoota yakka adda addaa aangoofi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) karoora Daayirektoreetichaa irraa ka'uun Gareen Daayirektoreetichaa karoora dhuunfaa akka qopheeffatan ni taasisa; karoora dhuunfaa qophaa'e Daayirektaraaf ni dhiyeessa; ni mirkaneessisa; hojiirra oolmaafi raawwii karoorichaa ni hordofa;
- 2) hojiiwwan Garee Daayirektoreetichaan raawwataman itti dhiheenyaan ni qajeelcha; ni qindeessa; ni hordofa; ni deeggara; bu'aa qabeessummaa raawwii hojiiwwanii ni mirkaneessa;
- 3) galmee qorannaa xumuramee dhiyaate, galmee mirga wabii, galmee qajeelfamni irratti gaafatame, galmee ol'iyyannoofi galmee ijibbaataa Garee Daayirektoreetichaaf ni qooda;
- 4) dabaree hojii baasuun Garee Daayirektoreetii ni bobbaasa; oolmaa Dhaddachaa ni hordofa; iddoo hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu Daarektaraaf ni qajeelcha;
- 5) hojiiwwan sadarkaa Daayirektoreetichaatti raawwataman istaandaardii kaa'ame keessatti raawwatamuu isaanii ni hordofa; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa; hordoffii hojii duraafi boodaa (*pre and post audit*) ni gaggeessa;

- 6) dhimmoota yakka adda addaa Garee Abbootii Alangaatiin murtii argachuu qabu jedhee itti amanu Daayirektaraaf ni dhiyeessa;
- 7) sirrummaa durgoofi baasii geejjibaa ragaa baatotaa kanfalamu ni mirkaneessa;
- 8) komiifi iyyannoo tajaajilamaa sadarkaa Garee Daayirektoreetichaatti furmaata hin arganne ni fuudha; ni qorata; ni sakatta'a; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;
- 9) qajeelfamni hojii Daayirektaraan Garee Daayirektaraaf kenname hojiirra akka oolu ni taasisa;
- 10)hojiiwwan Garee Daayirektarichaa yaada hooggansaa barbaadan qindeessee Daayirektaraaf dhiheessuun ni murteessisa;
- 11)hojii dabalataa Itti Aanaa yookiin Daayirektaraan kennamuuf ni raawwata.

14. Aangoofi Gahee Hojii Qindeessaa Dhaddacha Dhaabbii

- 1) Aangoofi gaheen hojii Qindeessaa Dhaddacha Dhaabbiif Maanuwaalii kana keessatti bakka biraatti kenname akkuma eegametti ta'ee, aangoofi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:
 - (a) karoora Mana Hojichaa irraa ka'uun karoora Dhaddacha Dhaabbii ni qopheessa; ni mirkaneessisa; gareef caccabsee ni kenna; hojiirra oolmaafi raawwii karoorichaa ni hordofa;
 - (b) hojiiwwan Dhaddacha Dhaabbii ol'aantummaan ni qajeelcha; ni qindeessa; ni hordofa; ni deeggara; ni gamaggama; bu'aa qabeessummaa raawwii hojii ni mirkaneessa; ni gabaasa;
 - (c) gabaasa raawwii hojii Dhaddacha Dhaabbii qopheessuun Daayirektaraaf ni dhiyeessa;
 - (d) raawwii Garee Dhaddacha Dhaabbii ni gamaaggama; ni madaala; ciminaafi hanqina jiru addaan ni baasa; haala hanqinni mul'ate itti sirraa'uufi ciminni mul'ate daran cimee itti fufuu qabu ni mijeessa;
 - (e) galmee qorannaa xumuramee dhiyaate, galmee mirga wabii, galmee qajeelfamni irratti gaafatame, galmee ol'iyyannoofi galmee ijibbaataa Garee Dhaddacha Dhaabbiif ni qooda;
 - (f) dabaree hojii baasuun Garee Dhaddacha Dhaabbii ni bobbaasa; oolmaa Dhaddachaa ni hordofa; iddoo hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;

- (g) hojiiwwan sadarkaa Dhaddacha Dhaabbiitti raawwataman istaandaardii kaa'ame keessatti raawwatamuu isaanii ni hordofa; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa; hordoffii hojii duraafi boodaa (*pre and post audit*) ni gaggeessa;
 - (h) sirrummaa durgoofi baasii geejjibaa ragaa baatotaaf kaffalamu ni mirkaneessa;
 - (i) dhimmoota yakka adda addaa Garee Abbootii Alangaatiin ilaalamanii murtii argachuu qabu jedhamanii Garee Dhaddacha Dhaabbiitiin isaaf dhiyaatan xiinxaluun yoo itti amane Garee Abbootii Alangaa walitti ni qaba; dhimmichi marii kan hin barbaanne yoo ta'e Abbaa Alangaa waliin ta'uun furmaata ni kenna;
 - (j) hojii garee ni madaala, barbaachisaa ta'ee yoo argame tarkaanffii sirreeffamaa ni fudhata;
 - (k) raawwii hojii Dhaddacha Dhaabbi hooggansa isaa ol jiruuf ni dhiyeessa;
 - (l) haala hojii Godinaalee isa jala jiraniin ni to'ata; ni hordofa; ni deeggara; gabaasa raawwii hojii Godinaalee isa jala jiraniin garagalchaan Dhaddachichaa dhihaatu ni xiinxala; duub-deebii ni kenna; qajeelfama hojii ni kenna;
 - (m) iddoo hanqinni humna namaafi dandeettiin raawwachisummaa jirutti haala mijjeessuun furmaata akka argatu ni taasisa;
 - (n) hojiin Dhaddachichaa bu'uura hojmaata, qajeelfamootaafi maanuwaalota jiraniin gaggeeffamaa jiraachuu ni hordofa;
 - (o) qaawwa dandeettii raawwachiisummaa Garee Dhaddachichaa bira jiru adda ni baasa; akka fooyya'u ni taasisa; Abbootiin Alangaa dabaree dabareen leenjii kennamu irratti akka hirmaatan ni taasisa;
 - (p) komiifi iyyannoo tajaajilamaa furmaata hin arganne ni fuudha; ni qorata; ni sakatta'a; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
 - (q) Gareen Dhaddacha Dhaabbi naamusa gaariin hojii isaa akka raawwatuuf ni jajjabeessa; ni deeggara; kanneen naamusa cabsan akka ittigaafataman ni taasisa;
 - (r) hojii biroo Itti Aanaa yookiin Daarektara irraa isaaf kennamu ni raawwata.
- 2) Lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatus, Qindeessaan Dhaddacha Dhaabbi dhimmoota yakka adda addaa ilaalchisee Daayirektara waliin qindoominaan hojjechuufi qajeelfama hojii Daayirektaraan kennamuuf fudhachuufi hojiirra oolchuuf dirqama qaba.

15. Aangoofi Gahee Hojii Ittigaafatamaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaa

Ittigaafatamaan Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaa aangoofi gahee hojii armaan gadii ni qabaata.

- 1) Karoorri Mana Hojichaa akka qophaa’u ni taasisa; deeggarsa ni kenna; hojiirra oolmaafi raawwii karoorichaa ni hordofa;
- 2) gabaasa raawwii hojii Mana Hojichaa qopheessuun qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa;
- 3) hojiin akkaataa karoorfameen raawwatamuu isaa ni gamaggama; ni madaala; ciminaafi hanqina jiru addaan ni baasa; haala hanqinni mul’ate itti sirraa’uufi ciminni mul’ate daran cimee itti fufuu qabu ni mijeessa;
- 4) hojiiwwan Mana Hojichaa ol’aantummaan ni qajeelcha; ni qindeessa; ni hordofa; ni deeggara; ni gamaggama; bu’aa qabeessummaa raawwii hojiiwwanii ni mirkaneessa; ni gabaasa;
- 5) hojii adeemsaa ni madaala; barbaachisaa ta’ee yoo argame tarkaanffii sirreeffamaa ni fudhata; haala hojii adeemsaalee ni to’ata; ni hordofa; ni deeggara; gabaasa raawwii hojii mana hojichaa ni qindeessa; qajeelfama hojii ni kenna;
- 6) iddoo hanqinni humna namaafi dandeettiin raawwachisummaa jirutti haala mijeessuun furmaata akka argatu ni taasisa;
- 7) qaawwa dandeettii raawwachiisummaa jiru adda ni baasa; akka fooyya’u ni taasisa; Abbootiin Alangaa dabaree dabareen leenjii kennamu irratti akka hirmaatan ni taasisa;
- 8) komiifi iyyannoo tajaajilamaa sadarkaa adeemsaatti furmaata hin arganne ni fuudha; ni qorata; ni sakatta’a; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;
- 9) murtii sadarkaa adeemsaatti kenname irratti komiifi iyyannoon yemmuu dhiyaatuufi fudhatama kan qabu yoo ta’e dhuunfaa isaatiin yookiin miseensota Abbootii Alangaa mana hojichaa hunda walitti qabuun komiifi iyyannoo dhiyaatuuf deebii ni kenna; akka kennamu ni taasisa; qaama ol’aanuuf ni gabaasa;
- 10) meeshaaleefi qabeenyi raawwii hojii barbaachisu akka guutamu ni taasisa;
- 11) naannoon hojii mijaa’aan akka uumamu ni taasisa; leecalloofi humni namaa tajaajila hojii mana hojichaaf barbaachisan akka guutaman qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;
- 12) qajeelfama hojii qaama ol’aanu irraa kennamuuf deebii ni kenna; akka kennamu ni taasisa;
- 13) hojii biroo qaama ol’aanu irraa isaaf kennamu ni raawwata.

16. Aangoofi Gahee Hojii Abbaa Adeemsa Godinaa

Abbaan Adeemsa Godinaa aangoofi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) karoorra Mana Hojichaa irraa ka'uun karoorra Adeemsichaa ni qopheessa; ni mirkaneessisa; gareef caccabsee ni kenna; hojiirra oolmaafi raawwii karoorichaa ni hordofa;
- 2) hojiiwwan Adeemsichaa ol'aantummaan ni qajeelcha; ni qindeessa; ni hordofa; ni deeggara; ni gamaggama; bu'aa qabeessummaa raawwii hojii ni mirkaneessa; ni gabaasa;
- 3) gabaasa raawwii hojii Adeemsichaa qopheessuun Mana Hojichaaf ni dhiyeessa;
- 4) raawwii Garee Adeemsichaa ni gamaaggama; ni madaala; ciminaafi hanqina jiru addaan ni baasa; haala hanqinni mul'ate itti sirraa'uufi ciminni mul'ate daran cimee itti fufuu qabu ni mijeessa;
- 5) galmee qorannaa xumuramee dhiyaatee, galmee mirga wabii, galmee qajeelfamni irratti gaafatameefi galmee ol'iyyannoo Garee Adeemsichaaf ni qooda;
- 6) dabaree hojii baasuun Garee Adeemsichaa ni bobbaasa; oolmaa Dhaddachaa ni hordofa; iddoo hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
- 7) sagantaa Aanaaleen/Magaalonni galmee qorannaa itti ergan ni baasa;
- 8) hojiiwwan sadarkaa Adeemsichaatti raawwataman istaandaardii kaa'ame keessatti raawwatamuu isaanii ni hordofa; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa; hordoffii hojii duraafi boodaa (*pre and post audit*) ni gaggeessa;
- 9) sirrummaa durgoofi baasii geejjibaa ragaa baatotaaf kaffalamu ni mirkaneessa;
- 10) dhimmoota yakka adda addaa Garee Abbootii Alangaatiin ilaalamanii murtii argachuu qabu jedhamanii Garee Adeemsichaan isaaf dhiyaatan xiinxaluun yoo itti amane Garee Abbootii Alangaa walitti ni qaba; dhimmichi marii kan hin barbaanne yoo ta'e Abbaa Alangaa waliin ta'uun furmaata ni kenna;
- 11) hojii garee ni madaala, barbaachisaa ta'ee yoo argame tarkaanffii sirreeffamaa ni fudhata;
- 12) raawwii hojii Adeemsichaa hooggansa isaa ol jiruuf ni dhiyeessa;
- 13) haala hojii Aanaalee/Magaalotaa ni to'ata; ni hordofa; ni deeggara; qajeelfama hojii ni kenna;
- 14) iddoo hanqinni humna namaafi dandeettiin raawwachisummaa jirutti haala mijeessuun furmaata akka argatu ni taasisa;
- 15) maanuwaalotniifi qajeelfamootni hojii Adeemsicha ilaallatan hojiirra akka oolan ni taasisa; akka fooyya'u yaada ni dhiyeessa;

- 16) hojiin Adeemsichaa bu'uura hojmaata, qajeelfamootaafi maanuwaalota jiraniin gaggeeffamaa jiraachuu ni hordofa;
- 17) qaawwa dandeettii raawwachiisummaa Garee Adeemsichaa bira jiru adda ni baasa; akka fooyya'u ni taasisa; Abbootiin Alangaa dabaree dabareen leenjii kennamu irratti akka hirmaatan ni taasisa;
- 18) komiifi iyyannoo tajaajilamaa furmaata hin arganne ni fuudha; ni qorata; ni sakatta'a; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;
- 19) Gareen Adeemsichaa naamusa gaariin hojii isaa akka raawwatuuf ni jajjabeessa; ni deeggara; kanneen naamusa cabsan akka ittigaafataman ni taasisa;
- 20) hojii biroo Ittigaafatamaa Mana Hojichaa yookiin Daarektara irraa isaaf kennamu ni raawwata.

17. Aangoofi Gahee Hojii Ittigaafatamaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Aanaa/Magaalaa

Ittigaafatamaan Mana Hojii Abbaa Alangaa Aanaa/Magaalaa aangoofi gahee hojii armaan gadii ni qabaata.

- 1) Karoorri Mana Hojichaa akka qophaa'u ni taasisa; deeggarsa ni kenna; hojiirra oolmaafi raawwii karoorichaa ni hordofa;
- 2) gabaasa raawwii hojii Mana Hojichaa qopheessuun qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa;
- 3) hojiin akkaataa karoorfameen raawwatamuu isaa ni gamaggama; ni madaala; ciminaafi hanqina jiru addaan ni baasa; haala hanqinni mul'ate itti sirraa'uufi ciminni mul'ate daran cimee itti fufuu qabu ni mijeessa;
- 4) hojiiwwan Mana Hojichaa ol'aantummaan ni qajeelcha; ni qindeessa; ni hordofa; ni deeggara; ni gamaggama; bu'aa qabeessummaa raawwii hojiiwwanii ni mirkaneessa; ni gabaasa;
- 5) hojii adeemsaa ni madaala; barbaachisaa ta'ee yoo argame tarkaanffii sirreeffamaa ni fudhata; haala hojii adeemsaalee ni to'ata; ni hordofa; ni deeggara; gabaasa raawwii hojii mana hojichaa ni qindeessa; qajeelfama hojii ni kenna;
- 6) iddoo hanqinni humna namaafi dandeettiin raawwachisummaa jirutti haala mijeessuun furmaata akka argatu ni taasisa;
- 7) qaawwa dandeettii raawwachiisummaa jiru adda ni baasa; akka fooyya'u ni taasisa; Abbootiin Alangaa dabaree dabareen leenjii kennamu irratti akka hirmaatan ni taasisa;
- 8) komiifi iyyannoo tajaajilamaa sadarkaa adeemsaatti furmaata hin arganne ni fuudha; ni qorata; ni sakatta'a; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;

- 9) meeshaaleefi qabeenyi raawwii hojii barbaachisu akka guutamu ni taasisa;
- 10) naannoon hojii mijaa'aan akka uumamu ni taasisa; leecalloofi humni namaa tajaajila hojii mana hojichaaf barbaachisan akka guutaman qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;
- 11) qajeelfama hojii qaama ol'aanu irraa kennamuuf deebii ni kenna; akka kennamu ni taasisa;
- 12) hojii biroo qaama ol'aanu irraa isaaf kennamu ni raawwata.

18. Aangoofi Gahee Hojii Abbaa Adeemsaa Aanaa/Magaalaa

Abbaan Adeemsaa Aanaa/Magaalaa aangoofi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) karoorra Mana Hojichaa irraa ka'uun karoorra Adeemsichaa ni qopheessa; ni mirkaneessisa; gareef caccabsee ni kenna; hojiirra oolmaafi raawwii karoorichaa ni hordofa;
- 2) hojiiwwan Adeemsichaa ol'aantummaan ni qajeelcha; ni qindeessa; ni hordofa; ni deeggara; ni gamaggama; bu'aa qabeessummaa raawwii hojii ni mirkaneessa; ni gabaasa;
- 3) gabaasa raawwii hojii Adeemsichaa qopheessuun Mana Hojichaaf ni dhiyeessa;
- 4) raawwii Garee Adeemsichaa ni gamaaggama; ni madaala; ciminaafi hanqina jiru addaan ni baasa; haala hanqinni mul'ate itti sirraa'uufi ciminni mul'ate daran cimee itti fufuu qabu ni mijeessa;
- 5) galmee qorannaa xumuramee dhiyaate, galmee mirga wabiifi galmee ol'iyyanni irratti gaafatamu Garee Adeemsichaaf ni qooda;
- 6) dabaree hojii baasuun Garee Adeemsichaa ni bobbaasa; oolmaa Dhaddachaa ni hordofa; iddoo hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
- 7) hojiiwwan sadarkaa Adeemsichaatti raawwataman istaandaardii kaa'ame keessatti raawwatamuu isaanii ni hordofa; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa; hordoffii hojii duraafi boodaa (*pre and post audit*) ni gaggeessa;
- 8) sirrummaa durgoofi baasii geejjibaa ragaa baatotaaf kaffalamu ni mirkaneessa;
- 9) dhimmoota yakka adda addaa Garee Abbootii Alangaatiin ilaalamanii murtii argachuu qabu jedhamanii Garee Adeemsichaan isaaf dhiyaatan xiinxaluun yoo itti amane Garee Abbootii Alangaa walitti ni qaba; dhimmichi marii kan hin barbaanne yoo ta'e Abbaa Alangaa waliin ta'uun furmaata ni kenna;
- 10) hojii garee ni madaala, barbaachisaa ta'ee yoo argame tarkaanffii sirreeffamaa ni fudhata;
- 11) raawwii hojii Adeemsichaa hooggansa isaa ol jiruuf ni dhiyeessa;
- 12) haala hojii Garee Adeemsichaa ni to'ata; ni hordofa; ni deeggara; qajeelfama hojii ni kenna;

- 13) iddoo hanqinni humna namaafi dandeettiin raawwachisummaa jirutti haala mijeessuun furmaata akka argatu ni taasisa;
- 14) maanuwaalotniifi qajeelfamootni hojii Adeemsicha ilaallatan hojiirra akka oolan ni taasisa; akka fooyya'u yaada ni dhiyeessa;
- 15) hojiin Adeemsichaa bu'uura hojmaata, qajeelfamootaafi maanuwaalota jiraniin gaggeeffamaa jiraachuu ni hordofa;
- 16) qaawwa dandeettii raawwachiisummaa Garee Adeemsichaa bira jiru adda ni baasa; akka fooyya'u ni taasisa; Abbootiin Alangaa dabaree dabareen leenjii kennamu irratti akka hirmaatan ni taasisa;
- 17) komiifi iyyannoo tajaajilamaa furmaata hin arganne ni fuudha; ni qorata; ni sakatta'a; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;
- 18) Gareen Adeemsichaa naamusa gaariin hojii isaa akka raawwatuuf ni jajjabeessa; ni deeggara; kanneen naamusa cabsan akka ittigaafataman ni taasisa;
- 19) hojii biroo Ittigaafatamaa Mana Hojichaa yookiin Abbaa Adeemsaa Godinaa irraa isaaf kennamu ni raawwata.

Kutaa Sadi

Hundeeffama Paanaalii Waliigalaafi Garee Abbootii Alangaa

19. Hundeeffama

Dhimmoota yakka adda addaa mariin murtii argachuu qaban irratti marii'atee murtii kan kennu Sadarkaa Damee Dhimmoota Falmii Seeraatti *Paanaaliin Waliigalaa*, sadarkaa Daarektoreetii hanga Aanaa/Magaalaatti *Gareen Abbootii Alangaa* Maanuwaalii kanaan hundeeffamee jira.

20. Miseensota Paanaalii Waliigalaa

- 1) Paanaaliin Waliigalaa miseensota toorba kan qabu yoo ta'u, miseensoonni kunis:
 - (a) Itti Aanaa-----Walitti qabaa;
 - (b) Daarektara Dhimmoota Yakka Adda Addaa-----Miseensa;
 - (c) Daarektara Dhimmoota Malaammaltummaafi Taaksii-----Miseensa;
 - (d) Daarektara Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa-----Miseensa;
 - (e) Abbootii Alangaa muuxannoofi dandheetii ol'aanaa qaban ta'ee Itti Aanaan kan filataman namoota 3-----Miseensa.
- 2) Abbaan Alangaa Paanaalii Waliigalaatiif galmee dhiyeessu sagalee malee kan hirmaatu ta'a.

21. Dhimmoota Paanaalii Waliigalaan Ilaalaman

Paanaaliin Waliigalaa dhimmoota armaan gadii ilaalee murtii kan kennu ta'a:

- 1) dhimmoota yakka adda addaa Sadarkaa Daarektoreetichaa yookiin Dhaddachaalee Dhaabbiitti Garee Abbootii Alangaatiin murtii argatanii Itti Aanaan kaka'umsa mataa isaatiin yookiin iyyata yookiin komii dhiyaatu yookiin murtii garagalchaan isa qaqqabu bu'uura godhachuun dhimmichi Paanaalii Waliigalaatiif dhiyaachuu qaba jedhee murteessu;
- 2) dhimmoota yakka adda addaa Paanaalii Waliigalaatiin akka ilaalamaniif Daarektarri dhiyeessu;
- 3) dhimmoota yakka adda addaa qorannoon isaa eegalame yookiin falmii irra jiru faayidaa uummataaf jecha akka addaan citu yookiin qorannoon yookiin himannaan addaan citee ture akka itti fufu gochuuf yaada murtii kennuun Abbaa Alangaa Waliigalaatiif dhiyeessuun yemmuu barbaachisu;
- 4) galmee himannaa himatamaan akka ofirraa ittisu jala murtiin kenname dhaddacha irraa kaasuuf yaada murtii kennuun Abbaa Alangaa Waliigalaatiif dhiyeessuun yemmuu barbaachisu;;

22. Kenniinsa Murtii Paanaalii Waliigalaa

- 1) Abbootiin Alangaa Paanaalii Waliigalaa keessatti hirmaachuuf filataman akkuma barbaachisummaa isaatti Itti Aanaatiin yeroo yeroon jijjiiramuu ni danda’u.
- 2) Miseensota Paanaalichaa keessaa walakkaa ol yoo argaman mariin kan gaggeeffamu ta’a.
- 3) Murtiin Paanaalii Waliigalaa sagalee caalmaan kan murtaa’u ta’ee, sagaleen miseensota paanaalicha irratti argamanii walqixa yoo ta’e sagaleen walitti qabaan deeggare murtii paanaalichaa ta’a.
- 4) Yaadni yookiin sagaleen addaa yoo jiraate qaboo yaa’ii irratti barreeffamee taa’uu qaba.
- 5) Abbaan Alangaa dhimma marii gareen murteessu irratti yaada isaa karaa ifaafi bilisa ta’een kennuu qaba, akkasumas, Abbaan Alangaa galmee qoratee mariif dhiheessu ijoofi ragaa galmee keessa jiru duguugee dhiyeessuu qaba.
- 6) Hojiiwwan biroo kennameef raawwachuun akkuma eeggametti ta’ee, miseensotni paanaaliichaa galmeewwan Hoogganaa Dameetiin qajeelfamuuf qoratanii paanaaliif ni dhiheessu; murtii paanaalii ni barreessu; qaama dhimmi ilaalu ni beeksisu yookiin akka beekamu ni taasisuu.
- 7) Paanaalichi Murtii Garee Abbootii Alangaa Dhaddachaalee yookiin Daayirektoreetiitiin kennaman ilaalee akka barbaachisummaa isaatti murticha ni cimsa; ni foyyeessa; ni haqa; yookiin dhimmichi irra deebi’amee akka qulqullaa’u ni taasisa.
- 8) Qaamni Murtii Paanaalii Waliigalaa irraa komii qabu komii isaa Abbaa Alangaa Waliigalaatti dhiyeeffachuu ni danda’a.

23. Miseensota Garee Abbootii Alangaa

- 1) Miseensonni Garee Abbootii Alangaa Daayirektoreetii Abbootii Alangaa Daayirektoreeticha jala jiran hunda kan hammatu ta’a.
- 2) Miseensonni Garee Abbootii Alangaa Dhaddacha Dhaabbii Abbootii Alangaa garee dhimmoota yakka adda addaa Dhaddacha Dhaabbii jala jiran hunda kan hammatu ta’a.
- 3) Miseensonni Garee Abbootii Alangaa Godinaa Abbootii Alangaa Adeemsa Dhimmoota Yakka Adda Addaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaa jala jiran hunda kan hammatu ta’a.
- 4) Miseensonni Garee Abbootii Alangaa Aanaa/Magaalaa Abbootii Alangaa Adeemsa Dhimmoota Yakka Adda Addaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Aanaa/Magaalaa jala jiran hunda kan hammatu ta’a.

24. Kenniinsa Murtii Garee Abbootii Alangaa

- 1) Miseensota Garee Abbootii Alangaa Daarektoreetii yookiin Dhaddacha Dhaabbii yookiin Godinaa yookiin Aanaa/Magaalaa keessaa tokko sadaffaan yoo argaman mariin kan gaggeeffamu ta'a.
- 2) Miseensonni Garee Dhaddacha Dhaabbii yookiin Godinaa yookiin Aanaa/Magaalaa hanqina humna namaa irraa kan ka'e akkaataa lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 1 tiin murtii kennuu kan hin dandeenye yoo ta'e miseensota Abbootii Alangaa jiraniin murtiin kan kennamu ta'a.
- 3) Murtiin sagalee caalmaan kan murtaa'uu ta'ee, sagaleen hirmaattota marichaa walqixa yoo ta'e sagaleen walitti qabaan deeggare murtii hirmaattota marichaa ta'a.
- 4) Yaadni sagalee addaa qaboo yaa'ii irratti barreeffamee taa'uu qaba.
- 5) Marii taasifamuun murtiin Garee Abbootii sadarkaa gadii irra jiraniin kennamu akka barbaachisummaa isaatti cimuu; fooyya'uu; haqamuu; irra deebi'amee akka qulqullaa'uu taasifamuu ni danda'a.
- 6) Murtiin Garee Abbootii Alangaa Daarektoreetiin kennamu walitti qabaa Paanaalii Waliigalaa garagalchaan qaqqabuu qaba.
- 7) Murtiin Garee Abbootii Alangaa Dhaddacha Dhaabbiin kennamu Daayirektoreetiifi walitti qabaa Paanaalii Waliigalaa garagalchaan qaqqabuu qaba.
- 8) Murtiin Garee Abbootii Alangaa Godinaan kennamu akkaatuma barbaachisummaa isaatti Ittigaafatamaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaafi Daayirektoreetii garagalchaan qaqqabuu qaba.
- 9) Murtiin kennamu akkaatuma barbaachisummaa isaatti Ittigaafatamaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Aanaa/Magaalaafi Adeemsa Godinaa garagalchaan qaqqabuu qaba.
- 10) Gareen Abbootii Alangaa walgahii idilee isaa toorban toorbaniin ni gaggeessa.
- 11) Lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 10 jalatti kan tumame jiraatus, saganta walgahii idilee eggachuu osoo hin barbaachisne dhimmichi ariifachiisaa yoo ta'e sagantaa idilee osoo hin eeggatiin walgahii ni gaggeessa.
- 12) Gareen Abbootii Alangaa walgahii yeroo gaggeessan tajaajilamaa kan keessummeessu Abbaan Alangaa tokko ramadamuu qaba.

25. Dhimmoota Garee Abbootii Alangaa Daarektoreetiin Ilaalaman

- 1) Gareen Abbootii Alangaa Daarektoreetii dhimmoota armaan gadii irratti marii'achuun murtii kan kennu ta'a:

- (a) galmee ijoon dubbii isaa walxaxaa ta'e;
 - (b) ragaan sassaabame haala gahaafi amansiisaa ta'een yakka raawwatame jedhame hin mirkaneessu yookiin dhugummaa hin qabu yookiin amansiisaa miti jedhamee galmichi bu'uura s.d.f.y keewwata 42(1)(a) tiin murtii argachuu qaba dhimma jedhamu;
 - (c) keewwata seera yakkaa himanni jalatti dhiyaachuu qabu adda baasuun rakkisaa ta'ee dhimma argame;
 - (d) yakki raawwatame seerota gocha yakkaa tuman keessaa kam jalatti dhiyaachuu akka qabu adda baasuun dhimma rakkisaa ta'e;
 - (e) qajeelfama Godina irraa dhihaatuuf deebii kennuuf;
 - (f) iyyata gaaffii mirga wabiifi bilisummaa qaamaa dhiyaate deeggaruun yaada kennuuf;
 - (g) murtii Garee Abbootii Alangaa Godinaatiin galmee irratti kenname fooyyessuuf yookiin jijjiiruuf;
 - (h) galmee himannaa himatamaan akka ofirraa ittisu jala murtiin hin kenname dhaddacha irraa kaasuuf;
 - (i) ol'iyannoo Abbaan Alangaa murtii balleessummaafi murtii adabbi irratti dhiyeesse kan hin komachiisne ta'uu yaada kennuuf;
 - (j) ol'iyannoo himatamaan murtii balleessummaafi murtii adabbii kenname irratti dhiyeesse deeggaruun yaada kennuuf;
 - (k) dhimma Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa aangoo sadarkaa jalqabaan yookiin ol'iyataan yookiin iyyata ijibbaataan murtii kenne irratti Abbaan Alangaa dhimmicha ilaale komii ol'iyataa yookiin iyyata ijibbaataa hin qabu jedhuufi kan miidhamaan dhuunfaa ol'iyanni yookiin iyyanni ijibbaataa akka isaaf gaafatamu barbaadu;
 - (l) ol'iyata yookiin iyyata ijibbaataa Abbaan Alangaa dhimmicha ilaale dhiyaachuu hin qabu jedhuufi kan Dursaan Garee dhiyaachuu qaba jedhu murteessuuf;
 - (m)shakkamaan raawwii yakkaa keessatti hirmaate dhimmichi Mana Murtiitti osoo hin dhiyaatiin ragaa barbaachisaafi bu'aa qabeessa ta'e ni kenna jedhamee yaadamu himannaa irraa bilisa gochuun gara ragummaatti akka jijjiramuu gochuuf.
- 2) Dhimmoonni lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa (1)(a), (c), (d)fi (e) jalatti tumaman Garee Abbootii Alangaa Daarektoreetiin kan ilaalaman yemmuu Daarektarri murteessu qofa

ta'a. Dhimmicha salphaatti furuun kan danda'amu yoo ta'e, Daarektarri, Dursaan Gareefi Abbaan Alangaa dhimmicha qabate waliin kan murtii kennan ta'a.

- 3) Lakkoofsa kana lakkoofsa 1(j) jalatti kan tumame jiraatus, murtii adabbii kennameen walqabatee sababni adabbii salphisu naaf hin qabamne yookiin sababni adabbii cimsu qabamuu hin qabu jechuun komii ol'iyyataan yookiin iyyataan dhiyeessu deeggaruun Mana Murtiitti yaada kennuuf Garee Abbootii Alangaatiif dhiyeessuu osoo hin barbaachisne Dursaan Gareefi Abbaan Alangaa dhimmicha qabate waliin kan murtii kennan ta'a.
- 4) Dhimmoonni lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa (1) (b)fi (f) hanga (m) jalatti tarreeffaman yeroo kamiyyuu Garee Abbootii Alangaatiin kan murtaa'an ta'ee qaboon yaa'ii qabamuu qaba.

26. Dhimmoota Garee Abbootii Alangaa Dhaddacha Dhaabbiin Ilaalaman

- 1) Gareen Abbootii Alangaa Dhaddacha Dhaabbi dhimmoota armaan gadii irratti marii'achuun murtii kan kennu ta'a:
 - (a) galmee ijoon dubbii isaa walxaxaa ta'e;
 - (b) ragaan sassaabame haala gahaafi amansiisaa ta'een yakka raawwatame jedhame hin mirkaneessu yookiin dhugummaa hin qabu yookiin amansiisaa miti jedhamee galmichi bu'uura s.d.f.y keewwata 42(1)(a) tiin murtii argachuu qaba dhimma jedhamu;
 - (c) keewwata seera yakkaa himanni jalatti dhiyaachuu qabu adda baasuun rakkisaa ta'ee dhimma argame;
 - (d) yakki raawwatame seerota gocha yakkaa tuman keessaa kam jalatti dhiyaachuu akka qabu adda baasuun dhimma rakkisaa ta'e;
 - (e) qajeelfama Godina irraa dhihaatuuf deebii kennuuf;
 - (f) iyyata gaaffii mirga wabiifi bilisummaa qaamaa dhiyaate deeggaruun yaada kennuuf;
 - (g) murtii Garee Abbootii Alangaa Godinaatiin galmee irratti kenname fooyyessuuf yookiin jijjiiruuf;
 - (h) galmee himannaa himatamaan akka ofirraa ittisu jala murtiin hin kennamne dhaddacha irraa kaasuuf;
 - (i) ol'iyannoo Abbaan Alangaa murtii balleessummaafi murtii adabbi irratti dhiyeesse kan hin komachiisne ta'uu yaada kennuuf;

- (j) ol'iyannoo himatamaan murtii balleessummaafi murtii adabbii kenname irratti dhiyeesse deeggaruun yaada kennuuf;
 - (k) dhimma Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa aangoo sadarkaa jalqabaan yookiin ol'iyataan murtii kenne irratti Abbaan Alangaa komii ol'iyataa yookiin iyyata ijibbaataa hin qabu jedhuufi kan miidhamaan dhuunfaa ol'iyanni yookiin iyyanni ijibbaataa akka isaaf gaafatamu barbaadu;
 - (l) ol'iyata yookiin iyyata ijibbaataa Abbaan Alangaa dhimmicha ilaale dhiyaachuu hin qabu jedhuufi Qindeessaan Dhaddacha Dhaabbii dhiyaachuu qaba jedhu murteessuuf;
 - (m) dhimmoota yakka adda addaa sadarkaa Dhaddachaalee Dhaabbiitti adeemsa qorannaarra jiran irratti shakkamaa raawwii yakkaa keessatti hirmaate ilaalchisee dhimmichi Mana Murtiitti osoo hin dhiyaatiin dura ragaa barbaachisaafi bu'aa qabeessa ta'e ni kenna jedhamee yaadamu himannaa irraa bilisa gochuun gara ragummaatti akka jijjiramuu dhimma dhiyaatu;
- 2) Dhimmoonni lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 1(a), (c), (d)fi (e) jalatti tumaman Garee Abbootii Alangaatiin kan ilaalaman yemmuu Qindeessaan murteessu qofa ta'a. Dhimmicha salphaatti furuun kan danda'amu yoo ta'e, Qindeessaafi Abbaan Alangaa dhimmicha qabate waliin kan murtii kennan ta'a.
 - 3) Lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 1(j) jalatti kan tumame jiraatus, murtii adabbii kennameen walqabatee sababni adabbii salphisu naaf hin qabamne yookiin sababni adabbii cimsu qabamuu hin qabu jechuun komii ol'iyataan yookiin iyyataan dhiyeessu deeggaruun Mana Murtiitti yaada kennuuf Garee Abbootii Alangaatiif dhiyeessuu osoo hin barbaachisne Qindeessaafi Abbaan Alangaa dhimmicha qabate waliin kan murtii kennan ta'a.
 - 4) Dhimmoonni lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 1(b)fi (f) hanga (m) jalatti tarreeffaman yeroo kamiyyuu Garee Abbootii Alangaatiin kan murtaa'an ta'ee qaboon yaa'ii qabamuu qaba.

27. Dhimmoota Garee Abbootii Alangaa Godinaan Ilaalaman

- 1) Gareen Abbootii Alangaa Godinaa dhimmoota armaan gadii ilaalee murtii ni kenna:
 - a) galmee ijoon dubbii isaa walxaxaa ta'e;
 - b) ragaan sassaabame haala gahaafi amansiisaa ta'een yakka raawwatame jedhame hin mirkaneessu yookiin dhugummaa hin qabu yookiin amansiisaa miti jedhamee

- galmichi bu'uura s.d.f.y keewwata 42(1)(a) tiin murtii argachuu qaba dhimma jedhamu;
- c) keewwata seera yakkaa himanni jalatti dhiyaachuu qabu adda baasuuf;
 - d) yakki raawwatame seerota gocha yakkaa tuman keessaa kam jalatti dhiyaachuu akka qabu adda baasuuf;
 - e) galmee irratti qajeelfama gaafachuuf;
 - f) qajeelfama Aanaa/Magaalaa irraa dhihaatuuf deebii kennuuf;
 - g) iyyata gaaffii mirga wabiifi bilisummaa qaamaa dhiyaatu deeggaruun yaada kennuuf;
 - h) murtii Garee Abbootii Alangaa Aanaa/Magaalaatiin galmee irratti kenname fooyyessuuf yookiin jijjiiruuf;
 - i) galmee himannaa himatamaan akka ofirraa ittisu jala murtiin hin kennamne dhaddacha irraa kaasuuf;
 - j) dhimma Manni Murtii Ol'aanaa aangoo sadarkaa jalqabaan murtii kenne irratti Abbaan Alangaa komii ol'iyyannoo hin qabu jedhuufi kan miidhamaan dhuunfaa akka ol'iyyanni isaaf gaafatamu barbaadu;
 - k) ol'iyyannoo Abbaan Alangaa murtii balleessummaafi murtii adabbii irratti dhiyeesse kan hin komachiisne ta'uu yaada kennuuf;
 - l) ol'iyyannoo himatamaan murtii balleessummaafi murtii adabbii irratti dhiyeesse deeggaruun yaada kennuuf;
 - m) ol'iyyannoo Abbaan Alangaa gaafatamuu hin qabu jedhuufi Abbaan Adeemsa gaafatamuu qaba jedhu murteessuuf;
- 2) Dhimmoonni lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 1(a), (c), (d)fi (f) jalatti tumaman Garee Abbootii Alangaatiin kan ilaalaman yemmuu Abbaan Adeemsa murteessu qofa ta'a. Dhimmicha salphaatti furuun kan danda'amu tyoo ta'e Abbaan Adeemsaafi Abbaan Alangaa dhimmicha qabate waliin kan furmaata kennan ta'a.
- 3) Lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 1(l) jalatti kan tumame jiraatus, murtii adabbii kennameen walqabatee sababni adabbii salphisu naaf hin qabamne yookiin sababni adabbii cimsu qabamuu hin qabu jechuun komii ol'iyyataan dhiyeessu deeggaruun Mana Murtiitti yaada kennuuf Garee Abbootii Alangaatiif dhiyeessu osoo hin barbaachisne Abbaan Adeemsaafi Abbaan Alangaa dhimmicha qabate waliin kan murtii kennan ta'a.

- 4) Dhimmoonni lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 1(b), (e)fi (g) hanga (m) jalatti tarreeffaman yeroo kamiyyuu Garee Abbootii Alangaatiin kan murtaa'an ta'ee qaboon yaa'ii qabamuu qabu.

28. Dhimmoota Garee Abbootii Alangaa Aanaa/Magaalaan Ilaalaman

- 1) Gareen Abbootii Alangaa Aanaa/Magaalaa dhimmoota armaan gadii ilaalee murtii ni kenna:
- (a) galmee ijoon dubbii isaa walxaxaa ta'e;
 - (b) ragaan sassaabame haala gahaafi amansiisaa ta'een yakka raawwatame jedhame hin mirkaneessu yookiin dhugummaa hin qabu yookiin amansiisaa miti jedhamee galmichi bu'uura s.d.f.y keewwata 42(1)(a) tiin murtii argachuu qaba dhimma jedhamu;
 - (c) keewwata seera yakkaa himanni jalatti dhiyaachuu qabu adda baasuuf;
 - (d) yakki raawwatame seerota gocha yakkaa tuman keessaa kam jalatti dhiyaachuu akka qabu adda baasuuf;
 - (e) galmee irratti Godina qajeelfama gaafachuuf;
 - (f) galmee himannaa ragaan ittisaa irratti hin dhaga'amne dhaddacha irraa kaasuuf;
 - (g) ol'iiyannoo Abbaan Alangaa murtii balleessummaafi murtii adabbii irratti dhiyeesse kan hin komachiisne ta'uu yaada kennuuf;
 - (h) iyyata gaaffii mirga wabii dhiyaate deeggaruun yaada kennuuf;
 - (i) ol'iiyannoo gaafachuun kan barbaachisuufi hin barbaachisne ta'uu Abbaa Adeemsaafi Abbaa Alangaa gidduutti garaagarummaan yoo uumame;
 - (j) dhimmoota yakka adda addaa komii ol'iiyannoo hin qabnu jedhamee ergamu irratti;
- 2) Dhimmoonni lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 1(a), (c)fi (d) jalatti tumaman Garee Abbootii Alangaatiin kan ilaalaman yemmuu Abbaan Adeemsa murteessu qofa ta'a. Dhimmicha salphaatti furuun kan danda'amu tyoo ta'e Abbaan Adeemsaafi Abbaan Alangaa dhimmicha qabate waliin kan furmaata kennan ta'a.
- 3) Dhimmoonni lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 1(b)fi (e) hanga (j) jalatti tarreeffaman yeroo kamiyyuu Garee Abbootii Alangaatiin kan murtaa'an ta'ee qaboon yaa'ii qabamuu qabu.

29. Akkaataa Galmeen Garee Abbootii Alangaatiif Itti Dhiyaatuufi Ilaalamu

- 1) Abbaan Alangaa galmee Garee Abbootii Alangaatiif dhiyaachu qaba jedhu Dursaa Garee yookiin Qindeessaa Dhaddacha Dhaabbii yookiin Abbaa Adeemsaa waliin mari'achuun sagantaan akka qabamu taasisuu qaba.
- 2) Galmichi Garee Abbootii Alangaatiif dhiyaachu qaba jedhamee yemmuu murtaa'u sababni biraa yoo mudate malee Abbaan Alangaa sagantaa walgahii idilee itti aanutti galmicha dhiyeessuu qaba.
- 3) Duraa duuba dhimmoota garee Abbootii Alangaatiif dhiyaatanii kan murteessu Daayireektera yookin Qindeessaa Dhaddacha Dhaabbii yookin Abbaa Adeemsaa ta'ee, dhimmoota armaan gadiitiif dursi kennamee kan ilaalaman ta'a:
 - (a) galmee beellama mana murtii irra jiru ta'ee furmaata hatattamaa kan barbaadu;
 - (b) yakka dubartootaafi daa'imman irratti raawwatamu;
 - (c) galmee hidhamaa qabu;
 - (d) galmee qajeelfamni irratti gaafatame ta'ee kan hidhamaa qabu;
 - (e) yakka dhaabbilee misoomaafi investmentii irratti raawwatamu; fi kanneen kana fakkaatan.
- 4) Abbaan Alangaa galmee mariif dhiyeessu galmicha sirnaan qoratee bilcheessuun ijoo dubbii dhimmichaa, ragaa funaaname, sababa dhimmichi yookiin galmichi Garee Abbootii Alangaaf itti dhiyaate adda baasuun karaa ifaafi gabaabaa ta'een dhiyeessuu qaba.
- 5) Yaadaafi gaaffii ifa hin taane hirmaattotaan dhiyaatu irratti Abbaan Alangaa galmee mariif dhiyeessu ibsa kennuu qaba.
- 6) Daayireektarri yookiin Qindeessaan Dhaddacha Dhaabbii yookiin Abbaan Adeemsaa yookin Abbootiin Alangaa ijoo dubbichaafi ragaa funaaname keessa galmee ilaaluun mirkaneeffachuu kan barbaadan yoo ta'e akka ilaalan taasifamuu qaba.
- 7) Daayireektarri yookiin Qindeessaan Dhaddacha Dhaabbii yookiin Abbaan Adeemsaa ijoo dubbii ragaan funaanamee galmee keessa jiru sirnaan hin dhiyaanne jedhee yemmuu yaadu galmee ofitti fudhatee ilaaluun ibsa itti kennuu qaba.
- 8) Abbaan Alangaa galmee mariif dhiyeessu yaada murtii mataa isaa yeroo kam dhiyeessu akka qabu kan murteessu Daayireektara yookiin Qindeessaa Dhaddacha Dhaabbii yookiin Abbaa Adeemsaa ta'ee, kunis yaadni murtii Abbaa Alangichaa galmicha irratti bu'aa akkamii akka hordofsiisuu tilmaama keessa galchuun ta'a.
- 9) Abbootiin Alangaa marii irratti argaman hundi yaada kennuu qabu.

- 10) Yaadni murtii Abbaa Alangaa galmee mariif dhiyeessee murtii sagalee caalmaatiin kennameen kan wal faallessu yoo ta'e bu'a qabeessummaa hojichaatiif jecha galmichi Abbaa Alangaa biraatiin akka ilaalamu Daayireektarri yookiin Qindeessaan Dhaddacha Dhaabbii yookiin Abbaan Adeemsaa murteessuu ni danda'a.
- 11) Galmeen tokko Garee Abbootii Alangaatiin ilaalamee murtii erga argatee booda waan haaraan yoo argame malee sadarkuma sanatti irra deebi'amee ilaalamuu hin qabu.

30. Akkaataa Qaboon Yaa'ii Itti Qabamu

- 1) Dhimmoonni yeroo kamiyyuu Garee Abbootii Alangaatiin ilaalamanii murtii argachuu qaban hundi qaboon yaa'ii qabamuu qaba.
- 2) Itti Aanaan yookiin Daayireektarri yookiin Qindeessaan Dhaddacha Dhaabbii yookiin Abbaan Adeemsaa, qaboon yaa'ii hirmaattotaan dabaree dabareen akka barreeffamu ni taasisa.
- 3) Qaboon yaa'ii qabxiilee armaan gadii kan hammatu ta'a:
 - (a) Guyyaa mariin itti gaggeeffame;
 - (b) Sa'aatii mariin eegalameefi xumurame;
 - (c) Maqaa walitti qabaa marichaa;
 - (d) Maqaa Abbaa Alangaa galmee mariif dhiyeessuu;
 - (e) Hirmaattota marichaa;
 - (f) Maqaa shakkamaa, himatamaa, ol'iyyataa, deebii kennaa, iyyataa yookiin waamamaa;
 - (g) Lakkoofsa galmee Abbaa Alangaa, lakkoofsa galmee M.M yookiin/fi Lakkoofsa Galmee Yakkaa (C.R) Poolisii (yoo qabaateef);
 - (h) Gosa yakkaa;
 - (i) Ijoo dubbii galmichaa
 - (j) Ragaa sassaabame;
 - (k) Qabxii marii (sababa galmeen mariif dhiyaate);
 - (l) Yaada murtii;
- 4) Murtiin sagalee caalmaan yookiin guutuun kennamuu isaa ibsamuu qaba.
- 5) Yaadni sagalee xiqqaa yoo jiraate barreeffamuu qaba.
- 6) Yaadni yeroo kennamu maqaa Abbaa Alangaa yaada kenneefi yaada inni kenne karaa agarsiisuu danda'uun tokko tokkoon adda bahee ifatti gabaabbatee barreeffamuu qaba.
- 7) Fuula qaboo yaa'ii irratti lakkoofsi kennamee irratti marii'atamuu qaba.
- 8) Mariin erga xumuramee booda hirmaattonni hundi, Abbaan Alangaa galmee mariif dhiyeesseefi walitti qabaan fuula tokko tokkoo qaboo yaa'ii dhimmichi irratti mar'iiatamee irratti mallatteessuun dhuma fuula qaboo yaa'ii dhimmichi irratti xumuramee irratti maqaa isaanii barreessanii mallatteessuu qabu.

Kutaa Afur
Qorannaa Yakkaa
Kutaa Xiqqaa Tokko
Tumaalee Waliigalaa

31. Akkaataa Qorannaan Yakkaa Itti Jalqabamu

Qorannaan yakkaa kan jalqabamu:

- 1) iyyannoon yookiin eeruun yemmuu dhiyaatu;
- 2) yakki raawwatamuu isaa qorataan poolisii hordofiifi haalota biroon kan hubate yoo ta'e;
- 3) yakki harkaafi harkattii yoo raawwatame; yookiin
- 4) Abbaan Alangaa ajaja yemmuu kennu ta'a.

32. Walitti Dhufeenya Poolisiifi Abbaa Alangaa

Abbaan Alangaafi Poolisiin:

- 1) waliigaluun, walkabajuun, waldeeggaruun, akkasumas gaheefi aangoo qorannaa gaggeessuu keessatti qaban karaa kabajuun hojjechuu qabu.
- 2) mariifi walgorsuun akkasumas ajajaafi qajeelfama seera qabeessa waliif kennuun wal deeggaruun hojjechuu qabu.

33. Gaheefi Ittigaafatamummaa Waliinii Abbaa Alangaafi Poolisii

Abbaan Alangaafi poolisiin yeroo waliin hojjetan gaheefi itti gaafatamummaa waliinii armaan gadii ni qabaatu:

- 1) iyyannoo yookiin eeruu dhiyaatu simachuu;
- 2) galmee eeruu garee qorannaaf qajeelchuu;
- 3) yakkoota ciccimoo qorachuu.

34. Gaheefi Itti Gaafatamummaa Abbaa Alangaa

Abbaan Alangaa poolisii waliin yeroo hojjetu gaheefi ittigaafatamummaa armaan gadii ni qabaata:

- 1) eeruun dhiyaate yakka ta'uufi ta'uu dhabuu adda ni baasa;
- 2) yakkoota ciccimoofi yakkoota biroo adda ni baasa;
- 3) yakkoota dhimma dhuunfaafi mootummaa/uummataa adda ni baasa;
- 4) qorannaa yakkoota biroo ni hordofa; barbaachisaa ta'ee yoo argame Poolisii waliin ni qorata;
- 5) qorannaa ni hooggana; ni qajeelcha;
- 6) namoota seeraan ala to'atamanii Buufata/Waajjira Poolisii keessa jiran ilaalchisee bu'uura seeraatiin tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;

- 7) shakkamtoota bu'uura s.d.f.y keewwata 28 tiin bahuu qaban irratti qajeelfama ni kenna;
- 8) shakkamtoota bu'uura s.d.f.y keewwata 64 tiin mirga wabii gaafatan irratti deebii ni kenna;
- 9) ciraa irratti qajeelfamaafi murtii ni kenna;
- 10) yeroo bellamaa gaafachuun barbaachisaa ta'ee yoo argamee qorataan poolisii shakkamaa irratti yeroo bellamaa akka gaafatu qajeelfama ni kenna;
- 11) dhimmoota araaraan xumuramuu qabaniifi hin qabne adda ni baasa; kan araaraan xumuramuu qaban sadarkaa qorannaattis ta'e erga himanni dhiyaatee araaraan furmaata akka argatan ni taasisa;
- 12) galmee qorannaan isaa xumurame irratti murtii ni kenna;
- 13) himatamaafi ragaan akka dhiyaatan Poolisiif akkasumas qaama biroo aangoo qabuuf qajeelfama ni kenna.
- 14) waamichi mana murtii deebii kennaa yookiin waamamaa akka qaqqabu ni hordofa;
- 15) buufata/waajjira poolisiitti argamuun to'annoofi hordoffii ni taasisa..

35. Gaheefi Itti Gaafatamummaa Poolisii

Qorataan Poolisii Abbaa Alangaa waliin yeroo hojjetu gaheefi ittigaafatamummaa armaan gadii ni qabaata:

- 1) bakka Abbaan Alangaa hin jirretti iyyannoo yookiin eeruu dhiyaatu simachuun Abbaa Adeemsaa Dhimmoota Yakka Adda Addaa Mana Hojii Abbaa Alangaa ni beeksisa;
- 2) eeruu yakkaa ni fuudha; ni galmeessa; ni qabata;
- 3) yakkoota biroo ni qorata;
- 4) jecha ragaafi shakkamaa ni fuudha;
- 5) sakatta'insi yoo barbaachisee bu'uura seeraatiin ajaja mana murtii baasuun sakatta'insa ni gaggeessa;
- 6) bu'uura s.d.f.y. keewwata 25 tiin shakkamaa ni waama yookiin ajaja qabiinsaa Mana Murtii irraa gafaachuun shakkamaa ni to'ata;
- 7) qorannoo teeknikii ni gaggeessa; qorachiisuun bu'aa isaa galmeetti ni qabsiisa; ragaa ni baha;
- 8) ciraa qabame galmeessee fuudhuun ni kaa'a;
- 9) yeroo beellamaa gaafachuun barbaachisaa ta'ee yoo argame shakkamaa mana murtitti dhiheessuun yeroo beellamaa ni gaafata;
- 10) ragaafi himatamaa yookiin deebii kennaa ni dhiheesa;
- 11) waamicha mana murtii deebii kennaa yookiin waamamaa ni qaqqabsiisa;

- 12) ibsaa galmee qorannaa foormaatiidhaan qopheessuun qaama dhimmi ilaallatuuf ni dabarsa;
- 13) mata duree qorannaa hojjechuun galmee qorannaa cuunfuun ni ijaara.

Kutaa Xiqqaa Lama

Keessummeessa Iyyannoo yookiin Eeruu

36. Qajeeltoo Bu'uuraa

- 1) Eeruun kan dhiyaatu Kutaa Qorannaa Yakkaafi Murtii Haqaa Kennisiisuu Waajjira Poolisiitti ta'ee garee eeruutiin kan simatamu ta'a.
- 2) Lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatus, haala addaatiin eeruun Mana Hojichaa yookiin caasaalee isaa sadarkaa sadarkaan jiran biratti kan dhiyaatu yoo ta'e qorataa poolisii waliin wal quunnamuun ragaan isaa akka qabamu ta'ee qorannaatti kan seenamu ta'a.
- 3) Eeruun qaamaan dhiyaachuun yookiin osoo hin dhiyaatiin, eenyummaa ofii ibsuun yookiin osoo hin ibsiin dhiyaachuu yookiin beeksifamuu ni danda'a.
- 4) Iyyanni yookiin eeruun afaaniin, barreeffamaan, bilbilaan, faaksiin, imeeliin yookiin karaa danda'amaa ta'e kamiinuu dhiyaachuu yookiin beeksifamuu ni danda'a.
- 5) Eeruun dhiyaatu ragaan isaa karaa guutuu ta'een qorataa poolisii biratti galmaa'ee kan qabamu ta'ee ragaan kun garaagarummaa tokko malee Mana Hojichaa yookiin caasaalee isaa sadarkaa sadarkaan jiran dhimmi ilaallatu birattis haala garaagartummaa hin qabneen ragaan isaa argamuu qaba.

37. Akkaataa Eeruun Itti Fuudhamu

- 1) Namni miidhaan yakkaa irra gahe kamiyyuu yookiin bakka bu'aan isaa yookiin namni kamiyyuu yakki raawwatameera jedhu eeruu yemmuu dhiyeessuu haal duree tokko malee kan kessummaa'u ta'a.
- 2) Eeruun dhiyaatu yakka yookiin hariiroo hawaasaa ta'uun isaa adda ni ba'a.
- 3) Eeruu dhiyaatu yakka yookiin hariiroo hawaasaa ta'uu isaa raga osoo hin fuudhiin adda baasuun rakkisaa yoo ta'e ragaan fuudhamee erga madaalamee booda kan adda bahu ta'a.
- 4) Eeruun dhiyaate hariiroo hawaasaa yoo ta'e kanuma tajaajilamaaf ibsuun ni gaggeeffama.
- 5) Eeruun dhiyaate yakka yoo ta'e galmeessuun yakka cimaa yookiin yakka biroo ta'uun isaa adda bahee faayilli banamee koodiin ni kennama.
- 6) Eeruun dhiyaate yakka cimaa yoo ta'e Poolisiifi Abbaan Alangaa waliin qorannaa akka gaggeessaniif ni qajeelfamaaf.

- 7) Eeruun dhiyaate yakka biroo yoo ta'e Qorataan Poolisii ofii isaatiin qorannaa akka gaggeessu ni qajeelfamaaf.
- 8) Eeruun dhiyaate araaraan xumuramuu kan danda'u yoo ta'e araaraan akka xumuramu yaaliin taasifamuu qaba.
- 9) Eeruun yakkaa miidhamaan yookiin bakka bu'aan isaa yookiin namni kamiyyuu jalqaba kennu dhugaadha jedhamee waan tilmaamamuuf eeruun biraa kamiyyuu yeroo lammaffaatiif fuudhamuu hin qabu.
- 10) Namni qaamaan dhiyaatee eeruu yemmuu kennu eeruun sirnaan galmaa'ee irraa fuudhamee erga dubbifatee yookiin dubbifameefii booda akka itti mallatteessu taasifamuu qaba.
- 11) Tajaajilamaan furmaata akkaataa lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 3 tiin kenname irratti komii qabu komii isaa Daayireektera yookiin Qindeessaa Dhaddacha Dhaabbii yookiin Abbaa Adeemsaa Mana Hojii Abbaa Alangaatti dhiyeeffachuu ni danda'a.
- 12) Daayireekterri yookiin Qindeessaan Dhaddacha Dhaabbii yookiin Abbaan Adeemsaa Mana Hojii Abbaa Alangaa eeruun dhiyaate yakka ta'uu isaa yoo amane dhimmichi akka qoratamu garee qoratuuf qajeelchuu ni danda'a.

38. Akkaataa Eeruun Itti Galmaa'u

- 1) Eeruun yakkaa dhihaatu kamiyyuu jalqabuma irraa kaasee galmee garaagaraa irratti osoo hin taane galmee tokko irratti galmaa'uu qaba.
- 2) Eeruu yakkaa dhihaatu kamiyyuu kan dhimma dhuunfaa yookiin kan dhimma uummataafi mootummaa ta'uun isaa adda bahee galmaa'uu qaba.
- 3) Eeruun yakkaa dhimma uummataafi mootummaa ta'e yakka cimaafi cimaa hin taane jedhamee adda bahee galmaa'uu qaba.
- 4) Eeruun balaa tiraafikaafi eeruun yakka dubartootaafi daa'immanii hundi isaa galmee kophaatti dhimma kanaaf qophaa'e irratti xiyyeeffannaan addaa itti kennamee galmaa'uu qaba.

39. Taa'umsa Galmee Eeruu

- 1) Eeruun yakkaa galmaa'e kamiyyuu iddoo ifa ta'eefi haala lakkaa'amu danda'uun taa'uu qaba.
- 2) Eeruu galmee irratti galmaa'ee jiru irratti hundaa'uun tokko tokkoo shakkamaatiin galmeen hundaa'uu qaba.

- 3) Taa'umsi galmee gosa galmee fi sadarkaa raawwii isaatiin haala armaan gadiitiin adda bahee kaa'amuu qaba.
 - (a) Galmee dhimma uummataafi mootummaa qoratamaa jiru;
 - (b) Galmee dhimma dhuunfaa qoratamaa jiru;
 - (c) Galmee dhimma uummataafi mootummaa jidduutti cite;
 - (d) Galmee dhimma dhuunfaa jidduutti cite;
 - (e) Galmee dhimma dhuunfaa araaraan cufame;
- 4) Iddoon taa'umsa galmee eeruu Adeemsa Hojii Qorannoo Yakkaafi Murtii Haqaa Kennisiisuu Waajjira Poolisii keessa ta'a.
- 5) Eeruun akkaataa lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 4 tiin yemmuu taa'u haalli mijaa'ee (sheelfii qulfii qabu mijeessuun) karaa iftoominaafi itti gaafatamummaa qabuun sadarkaa eeruun irra jiru bifa agarsiisuun ta'uu qaba.
- 6) Ragaa eeruu hunda kompiitera keessatti qabachuun gabaasni eeruu walfakkaataa ta'e akka dhiyaatu gochuu.

40. Akkaataa Eeruun Itti Gabaafamu

- 1) Eeruun galmaa'e hunduu sadarkaa irra jiruun adda bahee gabaafamuu qaba.
- 2) Gabaasni eeruu kan dhiyaatu galmee jalqaba Poolisiifi Abbaa Alangaatiin bakka tokkotti galmaa'ee jiru irraa bifa walfakkaataa ta'een ta'uu qaba.
- 3) Guyyaa Manneen Hojii Abbaa Alangaa Aanaa/Magaalaafi Waajjiraaleen Poolisii gabaasa itti dhiheessan akka walfakkaatu taasisuun eeruu galmaa'ee jiru irra gabaasni walfakkaataan qaama olaanaaf dhiyaachuu qaba.
- 4) Akkaataa lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 3 tiin hojjechuun yoo dadhabame sirrummaa gabaasa duraan dhiyaatee mirkaneeffachuun isa irratti hundaa'uun gabaasa qopheessuun dirqama ta'a.
- 5) Manneen Hojii Abbaa Alangaa Aanaa/Magaalaafi Adeemsi Hojii Qorannoo Yakkaafi Murtii Haqaa Kennisiisuu Waajjiraalee poolisii sadarkaa sadarkaan jiran gabaasa hojjetanii osoo qaama dhimmi isaa ilaallatuuf hin dabarsiin dura walii mallatteessuun qaboo yaa'iitiin mirkaneessuu qabu.

41. Foormaatii Gabaasa Eeruu

Gabaasni galmee eeruu karaa salphaa ta'een dhiyaachuu qaba.

Kutaa Xiqqaa Sadi
Qorannaa Yakkaa Gaggeessuu

42. Akkaataa Qorannaan Itti Gaggeeffamu

Abbaan Alangaafi Poolisiin:

- 1) yakkoota ciccimoo waliin ta'uun ni qoratu.
- 2) yakkoota biroo Poolisiin kan qoratu ni ta'a.
- 3) lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 2 jalatti kan tumame jiraatus, barbaachisaa ta'ee yoo argame Abbaan Alangaa yakkoota biroos poolisii waliin ta'uun ni qorata.

43. Toftaalee Qorannaan Itti Gaggeeffamu Beekuu

Abbaan Alangaa:

- 1) toftaawwan qorannaan yakkaa ittiin gaggeeffamu kanneen akka jecha raga fuudhuu, jecha shakkamaa fuudhuu, waa'ee sakatta'iinsaafi qabiinsaa, haala ragaan walitti qabamuufi ittiin tursiifamuu beekuu qaba.
- 2) qorannaa yakkaa keessatti haala ulfaatinaafi amala addaa yakkichaa tilmaama keessa galcheen poolisii waliin ta'uun toftaawwan qorannaa ni murteessaa.

44. Dhimmoota Dursi Kennamuun Qorataman Yookiin Murtiin Itti Kennamu

- 1) Odeeffannoo yookiin eeruu akka qorataman jedhaman baay'atanii yeroo tokko qorachuun kan hin danda'amnee yoo ta'e, Daayireekterri yookiin Qindeessaan Garee yookiin Abbaan Adeemsaa ulaagaalee armaan gadiitiin dhimmoota dursa kennaman addaan baafatee akka qoratamu ni taasisa:
 - (a) ulfinaafi qulqullina ragaa odeeffannoo wal qabatee gahaa ta'e of keessaa kan qabu;
 - (b) yakki raawwatame jedhame miidhaa guddaa hawaasuummaa, siyaasaafi dinagdee irratti qaqqabsiisa jedhamee yoo tilmaamame;
 - (c) sadarkaan aangoo shakkamtootaa ol'aanaa ta'uu.
- 2) Lakkoofsa kana Lakkoofsa xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eeggametti ta'ee, eeruun haa qoratamu jedhamee murtaa'e kan gaggeeffamu akkaataa dhihaannaa duraa duba isaa eeggateen ta'a.
- 3) Gareen qorannaa eeruufi galmee akka qoratu kennameef yookiin qajeelfameef istaandaardii yeroo JBAH dhaan taa'e keessatti qoratee yookiin murtii itti kennee xumuruu qaba.
- 4) Gareen qorannaa istaandaardii yeroo JBAH keessatti kaawwame keessatti qorannaa isaa xumuruu kan hin dandeenyee yoo ta'e sababa isaa ibsuun guca kanaaf qophaa'e irratti

ibsuun Daayireektera yookiin Qindeessaa Garee yookiin Abbaa Adeemsaaf dhiheessuu qaba.

- 5) Gareen qorannaa eeruun yookiin galmee qorannaan isaa eegalamee isa qaqqabe qoratee, qabxii qoratamuu qabuu fi guutamuu qabu adda baasee yookiin ijoo qabatee guyyaa eeruu yookiin galmeen kennamee kaasee haala dhimmichaa irratti hundaa'uun yeroo guyyaa shan hin caalle keessatti qabxii qulqullaa'uu qaban adda baasee yookiin qorannoon dabalataa hin barbaachisu yoo ta'e murtii isaa hoogganaa dhihoof dhiheessuu qaba.

45. Hojiiwwan Gaggeessa Qorannaa Yakkaa Keessatti Raawwataman

1) Ragaa funaanuu

- (a) Jecha ragaa fuudhuufi qorachuu;
- (b) Saamuda fudhachuu;
- (c) Ragaa sanadaa adda baasuu;
- (d) Meeshaa teknolojiitiin ragaa funaanuu;
- (e) Sakatta'insaafi qabiinsa;
- (f) Ragaa ciraa qabamu addaan baasuu;
- (g) Qorannaa dursaa.

2) Shakkamaa dhiheessuu

- (a) Xalayaa waamichaa baasuun erguu;
- (b) Shakkamaa qabuu yookiin to'annaa jala oolchuu;
- (c) Jecha shakkamaa fuudhuu;
- (d) Mirga wabii shakkamaa
- (e) Yeroo beellamaa gaafachuu;
- (f) Barbaachisaa ta'ee yemmuu argamu shakkamaa gara ragaatti jijjiiruu.

46. Qorannaa Yakkaa Hoogganuu

Qorannaa yakkaa karaa saffinaafi qulqullina qabuun akkasumas karaa bu'a qabeessa ta'eefi baasii qusatuun hoogganuudhaaf Abbaan Alangaa dhimmoota armaan gadii kan raawwatu ta'a:

- 1) Yakkoota nageeya biyyaafi uummataaf sodaa ta'an kan akka yakka shororkeessummaa, karaa seeraan alaa namoota naanneessuufi godaantoota seeraan ala daangaa ceessisuu, qarshii gocha yakkaatiin argame nanneessuufi seera qabeessa fakkeessuun dhiheessuufi yakkoota kana fakkaataniif xiyyeeffannaan addaafi dursi akka kennamu ni taasisa.

- 2) Yakkoota dubartoota, daa'iimman, miidhamtoota qaamaa, namoota dulloomaniifi qaamoolee hawaasaa irra deddeebiin yakkaaf saaxilaman irratti raawwataman addaan baasuufi xiyyeeffannaa itti kennuun akka hojjetaman ni taasisa.
- 3) Dursee yakka shakkamaan ittiin himatamuu danda'u addaan baasuun himannaan alatti filannoowwaan biroo ilaaluudhaan kallattii qorannichaa addaan baasuun murteessuu qaba.
- 4) Ragaan mana murtiitti karaa bu'a qabeessa ta'een dhihaachuu akka danda'uuf haala ragaan walitti qabamuu itti danda'u addaan baasuun qajeelfama ni kenna.
- 5) Qorannaa gaggeffamu keessaatti jechi ragaa ogeessaa kan barbaachisu ta'uu isaa adda baasuun ogeessi jecha ragummaa isaa akka kennu qajeelfama ni kenna.
- 6) Ragaawwaan sektaroota mootummaafi dhaabbilee dhuunfaa adda addaa keessatti argaman haala itti walitti qabamuu danda'an addaan baasuun ajajni mana murtii kan barbaachisu ta'uu isaa ni qulqulleessa.
- 7) Shakkamaa yookiin nama dhuunfaa kam irrattiyyuu qorannaa yakkaa waliin walqabatee sarbamuun mirgaa yookiin seera cabsuun kan jiraatu yoo ta'e qorannaa barbaachisaa ta'e gaggeessuudhaan murtii ni kenna.
- 8) Adeemsa qorannaa yakkaa keessatti qajeelfama barbaachisaa ta'e kennuudhaan qajeelfamichi raawwatamuu isaa hordofuudhaan deeggarsa ni kenna;
- 9) Qajeelfamni kenname kan hin raawwatamne yoo ta'e qaama dhimmi ilaalau waliin ta'uun sirreeffamni barbaachisaa ta'e akka taasifamu ni godha.
- 10) Sirreeffamni barbaachisaa ta'e kan hin fudhatamne yoo ta'e akkaataa seera jiruutiin ittigaafatamummaan akka mirkanaa'u ni taasisa.

47. Haala Ragaan Ittiin Funaanamu

- 1) Ragaan kan funaanamu maloota kanneen akka iddoo yakki itti raawwatame deemuudhaan, qaamaan, suuraadhaan, sagaleedhaan, footoon yookiin vidiyoon waraabuun yookiin saamuda fuudhachuudhaan ta'a.
- 2) Gareen qorannaa iddoolee ragaaleen itti argamaniifi haala ragaan osoo hin miliqiin yookiin hin dhokatiin yookiin osoo shakkamaan hin miliqsiin fudhachuu yookiin sassaabuun adda baasuu qaba.
- 3) Gareen qorannaa ragaalee sanadaa yookiin barreeffamaa qaama ilaallatu biratti qaamaan dhiyaachuudhaan eenyummaa ofii ibsuun yookiin akkaataa barbaachisaa ta'etti xalayaan gaafachuun funaanuu qaba.

- 4) Raga funaanuu keessatti ajaja mana murtii kan barbaachisu yoo ta'e ajaja baasuun yookiin gaafachuun ragaan funaanamuu qaba.

48. Gosa Ragaalee Funaanamuu Qaban

- 1) Ragaaleen funaanamuu qaban kan ijoo dubbii eeruu dhihaatee yookiin dhimma qoratamu kallattiinis ta'e al kallattiin mirkaneessuu danda'u ta'uu qaba.
- 2) Lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 1 jalatti kan tumamee akkuma eegameetti ta'ee, gosti raga funaanamuu amala gocha yakka raawwatamee irratti kan hundaa'u yoo ta'u kanneen armaan gadii hammachuu ni danda'a:
 - (a) ragaalee sanadaa yookiin barreeffamaa;
 - (b) raga namaa yookiin ogeessaa;
 - (c) raga ciraa;
 - (d) raga meeshaa elektirooniksii;
 - (e) raga addaa yookiin kan biroo.

49. Raga Namaa yookiin Ogeessaa

Gareen qorannaa raga namaa yookiin ogeessaa ijoo dubbii yakkaa qulqulleessuun beekan ragummaa bahuu danda'an qunnamuudhaan wanta beekan, argan, harka isaanii jiru irratti ibsa yookiin odeeffannoo yookiin jecha ragummaa irraa ni fuudha.

50. Jecha Ragummaa Fuudhuu

- 1) Gareen qorannaa raga isaa otoo hin qunnamiin dura qabxiiwwan odeeffannoo yookiin jecha ragummaa irraa ittiin fudhatu addaan baafachuu qaba.
- 2) Gareen qorannaa akkaataa amalafi icciitii dhimma qoratamuutiin raga namaa yookiin ogeessaa iddoo itti argamutti qaamaan yookiin xalayaadhaan, bilibilaan, faaksiin, yookiin imeeliin walqunnamuun battalumatti yookiin beellama qabsiisee dubbisuun odeeffannoo yookiin raga irraa argachuu yookiin jecha ragummaa irraa fuudhuu ni danda'a.
- 3) Jecha raga namaa fuudhuun yookiin galmeessuun guca kanaaf qophaa'e irratti hundaa'uun kan raawwatamu ta'a.
- 4) Eenyummaa ragaafi jechi isaa galmaa'ee dubbifameefii mallattoon mirkanaa'uu qaba.

51. Jecha Raga Fuudhuufi Galmeessuu Keessatti Of Eeggannoo Taasifamuu Qabu

- 1) Jechi raga yemmuu fuudhamu gaaffiiwwan siqqaa siqqee hunda dhiyeessuun ta'uu qaba.
- 2) Gareen qorannaa qabxii dhimmoota ijoo dubbii qoratamuutiin wal-hin qabanne unka jecha raga irratti galmeessuu hin qabu.

- 3) Gareen qorannaa jecha ragaan hin kennine yookiin yaada inni ibsuun sirritti wal hin qabanne wal fakkaataadhaan yookiin waan ragaan jechuu barbaade otoo hin qulqulleeffatiin galmeessuu hin qabu.
- 4) Jecha kennaan Afaan Oromoo kan hin beekne yoo ta'e, turjumaana jecha kennaafi qorataan itti waligalaniin turjumaanameefii jechi irraa fuudhamu qaba.

52. Raga Sobaa Qindaa'ee Dhufu Hambisuuf Tattaafachuu

- 1) Yeroo jechi raga fuudhamu gaaffii adda addaa gaafachuun dhugummaan isaa mirkanaa'uu qaba.
- 2) Galmee ragaan qindaa'ee xumurame keessaa akka saamudaatti fudhachuun qaamaan iddoo yakki itti raawwatame deemuun yakki raawwatamuun isaa mirkanaa'uu qaba.
- 3) Ragaan dhiyaate raga sobaa ta'uu yoo hubatame sababni isaa adda bahee qaama biraa waliin ta'uun irratti hojjetamuu qaba.

53. Haala Addaa Ragaaleen Akka Hin Milqine Saamsuun yookiin Eeguun Ittiin Qorataman

- 1) Gareen qorannaa ragaalee sanadaa yookiin barreeffamaa tasa isa qunnaman kan yeruma argate sanatti fudhachuuf mijaawaa hin taanefi hanga fudhatutti yeroo dheeraa kan fudhatu yoo ta'e yookiin odeeffannoon bahe miliquu yookiin akka badu shakkamaan yookiin gareen shakkamaa deeggaru battalumatti tarkaanfii miliqsuu yookiin balleessuu irratti raawwachuudhaaf saaxilamaa ta'uu isaa yoo shakkeefi amane saamsuun battalumatti hooggantoota dhihoo isaanii beeksisuu qabu.
- 2) Gareen qorannaa bu'uura lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 1 tiin madda raga saamse, wantoota saamse keessaa ragaalee barbaadamu hanga danda'ametti yeroo gabaabaa keessatti fudhachuun iddoo saamse banaa godhuu qaba.
- 3) Maddi raga yeroo samsamu chaappaa Mana Hojii Abbaa Alangaa yookiin Poolisiii qabaachuu qaba.
- 4) Gareen qorannaa raga sakatta'uuf yookiin fudhachuuf yookiin kan saamse banuudhaaf wantoota armaan gadii raawwachu qaba:
 - (a) namni dhimmichi ilaalu yookiin bakka bu'aan isaa bakka jirutti;
 - (b) hojjetaan yookiin abbaan aangoo dhimmi ilaallatu bakka jirutti;
 - (c) namni biroo kan naannoo sana jiraatu bakka jirutti qaboo yaa'ii barreessuun bu'uura seerrii ajajuun walii mallatteessuun raawwachuutu isarraa eegama;

54. Ragaalee Qorannaa Teeknikaa Barbaachisan Funaanuu

- 1) Garee qorannaa wantoota qorannaa teeknikaa, sanadaafi barreeffamaa yookiin kan biroo kan qorannaa teeknikaa yookiin qorannaa ogummaa addaa barbaachisan yoo qunname, akkaataa gosa ragaatiin ogummaa ittiin funaanamu irratti hunda'uun akkaataa qaamni fuula dura qorannaadhaaf itti ergamu sanaaf qoratee bu'aa sirrii ta'e argachuudhaaf karaa issa dandeesisuun of eeggannoodhaan funaanuu qaba.
- 2) Gareen qorannaa ragaalee kana funaanuudhaaf haalli isa rakkisu yoo qunname otoo tutuqee miidhaan irraa hin ga'in ogeessa kallattiidhaan dhimmi ilaallatun akka funaanamu yaada Qindeessaa Gareef yookiin Abbaa Adeemsaatiif dhiheessuun kan raawwatamu ta'a.

55. Sakatta'insaafi Qabiinsa

Abbaan Alangaa poolisii waliin ta'uun sakatta'iinsa qorannoo yakkaa gaggessuu keessatti sakatta'iinsi taasifamu kamiyyuu dhimmichaaf barbaachisaa ta'uu isaafi ragaa barbaachisaa ta'e argachuu qofaaf kan taasifamu yookiin kan taasifame ta'uu isaa mirkaneessuu qaba. Kunis:

- 1) meeshaan yakki irratti raawwatame yookiin akka ragaatti barbaadamu yookiin dhaalamuu danda'u bakka sakatta'iinsi itti gaggeeffamuuf jedhu keessa ka'amu isaa ragaa gahaan agarsiisu yookiin shakkiin gahaan jiraachuu isaa;
- 2) Mana Murtii ilaallatu irraa ajajni sakkata'iinsaa kennamu isaa kan agarsiisu eeyyamni sakatta'iinsaa jiraachuu;
- 3) sakatta'iinsi ajaja sakattaa'iinsaa malee kan gaggeeffamu yoo ta'e hanga ajajni sakatta'iinsaa Mana Murtiitii bahutti meeshaan sun baduu yookiin balaan gahuu isaa sababoonni gahaan tilmaama nama fudhachiisan yoo jiraatan mana murtii beeksisuun;
- 4) sakatta'iinsichi galma yaadameen alatti mirga shakkamaa yookiin nama biraa kan hin sarbine ta'uu isaa mirkaneessudha.

56. Haala Ragaan Meeshaa Teknolojiitiin Funaannamu

- 1) Gareen qorannaa akkaataa seeraatiin meeshaa teknolojiitiin fayyadamee ragaalee funaanuudhaaf malaafi tooftaa ogummaa qorannaatiin cimsachuuf tattaaffi gochuutu isa irraa eegama.
- 2) Gareen qorannaa akkaataa seeraatiin maloota kanneen akka raadiyoo qunnamtiitii, moobaayila, suura, vidiyoofi imeelii fayyadamuun ragaa funaanuu ni danda'a.

57. Ragaalee Meeshaa Teknolojii Ogeessa Wajjin Qindoominaan Funaanuu

- 1) Gareen qorannaa meeshaa kanaan hojjechuudhaan ogummaan kan isa hanqatu yoo ta'e, karaa hoogganaa dhihootiin ogeessa meeshaa teknolojiitti fayyadamuun ragaa sassaabuuf ga'uumsa qabuun akka ragaan funaannamu ni taasisa.
- 2) Ragaan bu'uura lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 1 tiin kan funaaname yoo ta'e akkaataan ragaan sun itti funaanamefi Mana Murtiitti ragaadhaaf yoo dhihaate madaallii itti argachuu danda'uun Abbaa Alangaatiin qindeeffamuu qaba.
- 3) Mala teknolojiitiin meeshaan ragaan itti funaanameefi ragaan funaaname guca ragaa mala tekinolojii irratti guutamee kutaa ciraatti galii ta'uun yeroo ragaadhaaf barbaadamu bahii ta'ee dhihaachuu qaba.
- 4) Gareen qorannaa ogeessi gargaarsaan ragaa funaaneefi namni ragaa kana eeguu qabu akka hin badneefi miidhaan irra hin geenye of eeggannoodhaan qabuutu irraa eegama.

58. Ragaa Ciraa Qabamu Addaan Baasuu

Gareen qorannaa ragaa ciraa funaanuudhaan dura waantota akka ragaa ciraatti fayyaduu danda'an tarreeffama isaa waliin addaan baasuu qaba.

59. Haala Gareen Qorannaa Ciraa Ofiin Qabuu Ittiin Danda'u

- 1) Gareen qorannaa hoogganaa dhiihoo isaa beeksisuun ciraa qabuu ni danda'a.
- 2) Lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 1 jalatti kan tumamee jiraatullee, gareen qorannaa hooggansa dhihoof osoo hin beeksisiin ciraa qabuu kan danda'u:
 - (a) ciraa bu'aa yakka gocha harkaafi harkaatiin walqabatu irratti;
 - (b) iddoo qunnamtiif mijaawaa hin ta'iin irratti yoo qabame;
 - (c) ciraan miliquu ni danda'a jedhamee yoo amaname;
 - (d) ciraan qabame qabeenya yookiin qabeenya maallaqaan hin tilmaamamne kan gocha yakkaatiif itti hojiirra ooleefi sanadoota gocha yakkaan wal qabatan kan akka ragaa ciraatti lakkaa'aman battalumatti bakka argatetti qabuu ni danda'a.
- 3) Ciraa qabame hatattamaan murtii argachuun kan barbaachisu yoo ta'ee hooggansa dhiihoo beeksisuun Abbaan Alangaa galmee qorachaa jiru qajeelfama barbaachisaa kennuu ni danda'a.

60. Haala Ciraan Ajaja Mana Murtiitiin Qabamu yookiin Dhorkamuu

Ciraan qabamu maallaqa yookiin qabeenya mallaqaan tilmaamuufi hin tilmaamneen kan walqabatu kan qabamu yookiin dhorkamu iyyannoo gareen qorannaa mana murtiitii dhiheessuun ta'ee bu'aan isaa hooggansa dhihoof beeksifamuu qaba.

61. Haala Ciraan Qabame Itti Turuufi Galii Itti Ta'u

- 1) Ciraan qabamu kamiyyuu haala guca ciraan ittiin gaafatamu, qabamuufi galii ittiin ta'uun galmaa'ee Waajjira Poolisii taa'a.
- 2) Ciraan eegumsa kutaa ciraatiif mijaawaa hin taane yookiin qabiinsi isaa ogeessa addaa barbaachisu hanga murtii argatutti mana hojii mootummaa biroo yookiin mana nama dhuunfaa akka turu manni murtitiin ajajuu ni danda'a.

62. Haala Ciraan Tursiisuudhaaf Hin Danda'amne Itti Murtaa'u

- 1) Ciraan yeroo dheeraa turuu hin dandeenye yookiin qabamee turuun isaa bu'aa yookiin faayidaa galii sana irraa argamu irratti baayyee dhiibaa kan fidu yoo ta'ee Abbaan Alangaa hoogganaa dhiihoo isaa waliin mari'achuun qabeenyichii maallaqqatti akka jijjiiramu murteessuu ni danda'a.
- 2) Bu'uura lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 1 tiin qabeenyichi maallaqqatti akka jijjiiramu yoo murtaa'e gareen qorannaa qabeenyichi karaa mana murtiitiin murtiin ariifachiisaa akka itti kennamuufi raawwatamu ni taasisa.

63. Haala Ciraan Murtii Itti Argatu

- 1) Ciraan kamiyyuu yeroo gabaabaa keessatti murtii argachuu qaba.
- 2) Ciraan kamiyyuu ragaadhaaf yemmuu qabamu dhimmi ittiin qabame yeroo murtii argatu waliin murtii argachuu qaba.

64. Shakkamaa Dhiheessuu, Qabuu yookiin To'annaa Jala Oolchuu

- 1) Shakkamaan yakka harkaafi haarkatti yoo raawwatu kan qabame yoo ta'e malee, to'annaa jala kan oolu dhimma ittiin shakkameen ragaa barbaachisaan yoo funaannameefi gocha ittiin shakkame raawwachuun isaa yoo mirkanaa'ee dha.
- 2) Shakkamaan erga ragaan xumuramee yookiin osoo ragaan hin xumuramiin akka qabamu yoo barbaadame, gareen qorannaa dhimmicha qabate hoggansa dhiihoo beeksisuun akka to'atamu ni taasifama.
- 3) Poolisiin qajeelfama Abbaa Alangaa irratti hundaa'uun bu'uura seeraatiin shakkamaa to'annaa jala ni oolcha.

65. Jecha Shakkamaa Fuudhuu

- 1) Gareen qorannaa dhimmicha hordofu shakkamaan yakkaan shakkame tokko akkuma qabameen yeroo seeraan taa'e keessatti jecha irraa fuudhuu qaba.
- 2) Jechi shakkamaa akkaataa sirna seera deemsa falmii adaba yakkaafi guca dhimma kanaaf qophaa'e irratti hundaa'ee kan fuudhamu ta'a.

- 3) Gareen qorannaa shakkamaa irraa jecha yeroo fudhuu kooppii waraqaa eenyummaa yookiin shakkamaan daldalaa yoo ta'e kooppii hayyama daldalaa isaa galmeen walqabsifamuu qaba; akkuma barbaachisummaa isaatti suuraa kaasuufi vidiyoon waraabuu qaba.
- 4) Shakkamaan jecha kennuuf hayyamamaa yoo hin taane kanuma ibsuun akka inni guca dhimmi kanaaf qophaa'e irratti mallatteessu taasifamuu qaba.

66. Galmee RTD

- 1) Haalli sochii galmee RTD itti dhiyaachuu danda'uufi murtii argachuu danda'u koree JABHtiin irratti mari'achuun karoorri waliinii ba'uu qaba.
- 2) Galmeen tokko RTD kan jedhamu yakki raawwatee sa'aatii 48 keessatti murtii argatee kan xumurame ta'uu qaba.

67. Yeroo Beellamaa Gaafachuu

- 1) Qorannaan eegalame kan hin xumuramneefi yeroon qorannaa dabalataa kan barbaachisuu yoo ta'e shakkamaan yeroo beellamaatiin akka turu bu'uura sirna seera adeemsa falmii adaba yakka keewwata 59(2) tiin Poolisiin mana murtii ni gaafata.
- 2) Galmeen yeroo beellamaatiin qulqullaa'uu kan qabu yakkoota hundaaf osoo hin taane yakkoota ciccimoo kan akka ajjeechaa, wanbadummaa, wanbadummaa cimaa, yaalii ajjeechaa, shororkeessummaafi kanneen kana fakkaataniif qofa ta'uu qaba.

68. Saamuda Fudhachuu

- 1) Shakkamaa irraa barreeffama harkaa, ashaaraa qubaa, suuraa, rifeensa mataa, sagalee, fincaan, dhiiga, gororaafi dhangala'aa qaama isaa keessatti argamu qorannaaf barbaachisaa yemmuu ta'u ogeessi saamuda fudhachuun qoratee bu'aa isaa barreeffamaan akka beeksisu taasifamuu qaba. Shakkamaanis deeggarsa gochuu qaba.
- 2) Lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 1 jalatti kan eerame jiraatus, qaama shakkamaa keessaa kan hin fudhatamne kan akka suuraa, ashaaraa, barreeffama harkaa yookiin kanneen biroo kana fakkaatan kennuuf shakkamaan hayyamamaa yoo hin taane dirqamaan akka kennu taasifamuu qaba.
- 3) Lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 1 jalatti kan eerame jiraatus, qaama shakkamaa keessaa kan fudhatamu kan akka dhiigaa, fincaan, rifeensa mataa yookiin kanneen biroo kana fakkaatan kennuuf shakkamaan hayyamamaa yoo hin taane ijoo dubbii saamudichaan mirkaneessuun yaadame manni murtii tilmaama keessa akka galchu yookiin Poolisiin humna madaalawaa ta'e fayyadamuun saamudicha kan fudhatu ta'a.

69. Sirna Shakkamaan Gara Ragaatti Ittiin Jijjiiramu

- 1) Akkaataa Labsiifi hiikkaa dirqisiisaa Manni Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaddachi Ijibbaataa Jiildii 12ffaa lakkoofsa galmee 55047 ta'een gaafa 05/07/2003 murtaa'een shakkamaa gara ragaatti jijjiiruun ni danda'ama.
- 2) Shakkamaa gara ragaatti jijjiiruuf haal dureewwan armaan gadii guutamuu qabu:
 - (a) shakkamaan gahee ofiifi kan miiltoowwan isaa ilaalchisee odeeffannoo fayyadu kan kenne ta'uun isaa yoo mirkanaa'ee;
 - (b) ragaan biroo gahaan kan hin jiraanne yoo ta'e;
 - (c) dhimmichi mana murtiitti osoo hin dhiyaatiin dura odeeffannoo barbaachisaafi bu'aa qabeessa ta'e kennuun isaa yoo mirkanaa'ee;
 - (d) shakkamaan ragaan inni kennu jechaan yoo ta'e kanuma mana murtii irratti dhihaatee ragaa bahuuf hayyamamaa ta'uun isaa yoo mirkanaa'ee; fi/yookiin
 - (e) shakkamaan faayidaa raawwii yakkichaa irraa argate yoo deebise yookiin deebisuuf waliigaltee yoo seene qofaa ta'a.
- 3) Gaaffiin shakkamaa gara ragaatti jijjiiruu Abbaa Alangaa dhimmicha qabateen, shakkamaa mataa isaatiin yookiin Dursaa Gareen yookiin Qindeessaa Dhaddacha Dhaabbiin yookiin Abbaa Adeemsaan ta'uu qaba.
- 4) Shakkamaan gara ragaatti akka jijjiiramu kan murtaa'u marii Garee Abbootii Alangaatiin ta'a.
- 5) Shakkamaan gara ragaatti akka jijjiiramu erga murtiin kennamee booda shakkamaan ragaa ta'uu isaaf mirgaafi dirqama isaa kan ibsu guca shakkamaa gara ragaatti jijjiiruuf qophaa'ee irratti akka mallatteessu ni taasifama.
- 6) Murtiin kenname galmee qorannaatiin kan wal qabatu ta'ee Abbaa Alangaa dhimmicha qabateen akka raawwatamu ni taasifama.

70. Mirga Wabii Shakkamaa

- 1) Mirgi wabii shakkamaadhaaf kan eegamu yookiin kan dhorkamu bu'uura seera deemsa falmii yakkaatiin qofa ta'a.
- 2) Abbaan Alangaa dhimmicha qabate shakkamaan to'atame bu'uura seeraatiin mirga wabiitiin akka gadi dhiifamu Poolisiif qajeelfama ni kenna.

71. Qorannaa Dursaa

- 1) Kaayyoon qorannaa dursaa ragaan Abbaa Alangaa barbaachisaa ta'e akka hin badnee taasiisuuf mana murtiitti galmaa'ee akka taa'uu gochuudha.
- 2) Abbaan Alangaa namoota yakka cimaadhaan shakkaman irratti kallattiidhaan himata dhiheessuu kan hin murteessine yoo ta'e bu'ura seera deemsa falmii yakkaatiin mana murtii qorannoo dursaa gaggeessuutti dhiheessee qorannoon duraa akka gaggeeffamu gochuu qaba.
- 3) Abbaan Alangaa galmee qorannoo qoratee qorannoon dursaa gaggeeffamuu akka qabu yoo murteessee murtii isaa kana iyyata wajjin mana murtii qorannoo duraa gaggeessutti dhiheessuu qaba.

72. Barbaachisummaa Qorannaa Dursaa

Qorannaan dursaa kan raawwatamu yakkoota ciccimoo irratti qorannoon erga xumuramee booda hanga Abbaan Alangaa himata dhiheessutti ta'ee ragooliin:

- 1) teessoo jijjiirrachuuudhaan yookiin teessoo dhaabbataa waan hin qabneef argachuun kan hin danda'amne yoo ta'e yookiin biyya keessaa bahuudhaan yookiin sababa du'aafi sababoota biraatiin argamanii ragaa bahuu haalli itti hin dandeenye yoo jiraate;
- 2) dulluma irraan kan ka'e jecha ragummaa isaanii haalli itti irraanfachuu danda'an jira jedhamee yoo itti amaname;
- 3) dhukkuba jecha ragummaa isaan kennisiisuu hin dandeenyeen kan qabaman yoo ta'e ragicha badiinsa irraa baraaruufi ragaa sana eeganii tursiisuudhaaf jecha toftaa of eeggannoon fudhatamudha.

Kutaa Xiqqaa Afur

Maloota Addaa Qorannaan Yakkaa Itti Gaggeeffamu

73. Lohanii Galuufi Hordoffii Taasisuu

- 1) Yakki yoo raawwatame yookiin raawwatamaa jiraachuu yookiin raawwatamuuf karoorfamuu isaa sababni gahaan yoo jiraate qorattoonni yookiin namoonni isaan bakka buusan eenyummaa isaanii isa sirrii namoota sadaffaatti osoo hin beeksisiin gara namoota, gareefi dhaabbilee yakka raawwachaa jiru jedhamanii shakkamanitti lohanii galuudhaan yakkicha baasuudhaaf, ragaa walitti qabuufi namoota gocha yakkaa keessatti hirmaattoota ta'an himachuudhaaf toftaa qorannaa taasifamudha.

- 2) Miseensi garee lohee galuu namoota, gareefi dhaabbilee yakka raawwataniiru jedhamanii shakkaman irratti hordoffii yommuu gaggeessuu Abbaan Alangaa dhimmoota armaan gadii raawwaachuu qaba.
 - (a) Ragaan gara fulduraatti argamuuf yaadame amanamaa, seera qabeessaafi fudhatama qabachuu danda'uu isaa mirkaneessuu;
 - (b) Miseensonni poolisii hojii lohanii galuu raawwatan namoota hordofamaniifi namoota biroo irratti miidhaan qaamaa akka hin qaqqabne, hariiroo hawaasaafi yakkaan akka itti hin gaafatamneefi mootummaa irrattis itti gaafatamummaa hariiroo hawaasaa akka hin fidne gorsuu, adeemsa hordoffii irratti gabaasa poolisiidhaan dhihaatuuf bu'ura godhachuudhaan sirreeffama seeraa barbaachisaa kennuufi hordoffii taasisuu;
 - (c) Mirgi namoota dhuunfaa karaa seeraan alaafi hin barbaachifneen akka hin sarbamneef, akkasumas qabeenya namoota dhuunfaas ta'e kan dhaabbilee adda addaa irra miidhaan akka hin geenye gorsuu, akeekkachiisuufi hordofuu;
 - (d) Poolisiin yookiin miseensi garee lohee galuu gara gochaawwaan seeraan alaa akka hin seenneefi gochaawwaan fayidaa uummaataa miidhan kan hin raawwanne ta'uu isaa mirkaneessuu qaba;
 - (e) Qorataa, itti gaafatamaa kutaa qorannaafi dursaa garee lohee galuu waliin qindoominaafi mariidhaan yeroo yeroodhaan adeemsa hojjichaa hordofuu, seera qabeessummaa isaa mirkaneessuufi ragaawwaan walitti qabaman seera qabeessummaafi fudhatamummaa qabaachuu isaanii mirkaneessuufi qorachuu qaba.

74. Namoota Dhoksaadhaan Odeeffannoo Dhiheessaaniifi Bakka Bu'oota Isaanii

- 1) Abbaan Alangaa namoota dhoksaadhaan odeeffannoo dhiheessan irraa odeeffannoon poolisiin walitti qabu haaraa, fayida qabeessaafi waa'ee gocha yakkaa raawwatamee, namoota, gareefi dhaabbilee yakkicha irratti hirmaatanii waanta waliigalaa argachuu isaa mirkaneessuu qaba.
- 2) Odeeffannoon argamu qorannoon yakkaa gaggeeffamu toftaa qorannoo addaafi ajajoota mana murtiitii bahan kan akka ajaja qabiinsaafi sakkattaa'iinsaa cimsuudhaaf bu'ura kan kaa'uufi gara ragaawwaan biroo barbaarchisaa ta'aniitti kan qajeelchu ta'uu isaa mirkaneessuu qaba.
- 3) Abbaan Alangaa ijoo dubbii namoonni dhoksaadhaan odeeffannoo dhiheessaan irraa argamu guutuufi dhugaa ta'uu isaa mirkaneessuudhaaf amala namoota dhoksaadhaan odeeffannoo dhiheessanii, seenaa yakkaa kanaan dura qabaniifi fayidaa dhuunfaa isaan

dhimmicha irratti qaban, loogii irraa bilisa ta'uu isaanii yookiin walitti dhufeenyi addaa biraa jiraachuu isaa tilmaama keessa galchuu qaba.

- 4) Namoonni dhoksaadhaan odeeffannoo dhiheessaan adeemsa qorannoo akka hin gufachiifneefi odeeffannoo dabarsanii shakkamtootaafi namoota dhuunfaa birootiif akka hin kennineef Abbaan Alangaa hordofuu qaba.
- 5) Abbaan Alangaa namoonni dhoksaadhaan odeeffannoo dabarsan Abbaa Alangaa yookiin poolisii waliin sababa hojjetaniif isaanis ta'e firoonni isaanii dhihoon balaadhaaf akka hin saaxilamneefi eegumsa akka argataniif Abbaa Alangaa Waliigalaatti akka iyyata dhiheeffataniif qajeelchuu akkasumas eertuuwwaan dandeettii seeraa hin qabneef ofii isaa iyyata dhihessuufi Abbaa Alangaa Waliigalaatiin yemmuu gaafatamu yaada kennuu qaba.

Kutaa Xiqqaa Shan

Dhimmoota Xiyyeeffannaa Addaa Barbaadan

75. Galmee Dhimma Dubartootaafi Daa'immanii

- 1) Abbaan Alangaa barruulee adda addaa qopheessanii raabsuudhaan, miidiyaan ibsa kennuudhaan midhamtootni yakki yemmuu irratti raawwatamu maal gochuu akka qaban yookiin eeruu eessatti dhiyeessuu akka qaban yookiin mirgaafi dirqama qaban beeksisufi hubannoo seeraa kennuu qaba.
- 2) Abbaan Alangaa qorannoon dhimma daa'immaniif dubartoota kutaa addaa qorannaa dhimma daa'immaniifi dubartootaa gaggeessuuf buufata poolisii keessatti hundaa'e keessatti akka gaggeeffamu taasisuu qaba yookin hojiin eeruu fuudhuu, jecha ragummaa fuudhuu bakka namni baay'ee hin jirreetti gaggeeffamuu qaba.
- 3) Hanga danda'ameen qorannaan dhimma daa'immaniif dubartoota Abbootii Alangaafi qorattoota poolisii irratti leenjii addaa qabaniin akka gaggeeffamu taasifamuu qaba;
- 4) Qorannaan dhimma dubartootaaf daa'immanii hanga danda'ameetti ogeessoota hojjattoota hawwaasummaa, ogeessa yaalaa, xiin-sammuutin deeggaramee gaggeeffamuu qaba.
- 5) Miidhamaan yookiin ragaan sababa dhukkubaan, umuriidhaan yookiin miidhaa qaamaatiin yookiin yakka raawwatameen miidhaa xiin-sammuu irra gaheen jecha ragummaa isaa kennuu kan hin dandeenye yoo ta'e jecha isaa bakka ogeessii xin-sammuufi hawaasummaa deeggarsaafi gorsa kennuufiitti jechi isaa akka fuudhamuuf Abbaan Alangaa haala mijeessuu qaba.

- 6) Qorannaan gaggeeffamu kabaja eeggatee midhamtoota gaggeeffamuu isaa hordoffii taasisuu qab;
- 7) Maqaan yookiin eenyummaa miidhamtoota tooftaalee sabqunnamtii adda addaa irratti tamsaasuu yookiin gadilakkisuu hin qabu;
- 8) Nageenya qaamafi mirga dhunfummaa miidhamtoota kabachisuuf shakkamaan miseensaa maatii miidhamaa yoo ta'e ragaa balleessuu waan danda'uuf yookiin miidhamaa irratti miidhaa biroo geessisuu waan danda'uuf shakkamaan mana waliin jiraatan irraa fagaatee akka jiraatu yookin mirga wabii isaa dhorkamee akka turu taasisuu qaba;
- 9) Abbaan Alangaa himatamaan mirga wabiitiin kan baheefi amala qabu irraan kan ka'e miidhamaa dhuunfaa irraan miidhaa geessisuu danda'a jedhamee kan tilmaamamu yoo ta'e mirga wabiitiin bahuu isaa miidhamaan akka beeku taasisuu qaba
- 10) Qorannaa mana yaalaatin ragaan dura kenname shakkisiisaa ta'ee qorannoo irra deebiidhaan gaggeessuun yeroo barbaachisu qaama dhimmi ilaallatuun irra deebi'amee ilaalamee yookiin ibsamee akka kennamu taasifamuu qaba;
- 11) Miidhamaan yookiin ragaan sababa dhukkubaan, umuriidhaan yookiin miidhaa qaamaatiin kutaa qorannaa yakkaatti dhihaatee jecha kennuu kan hin dandeenye yoo ta'e Abbaan Alangaa qorataan poolisii bakka inni jirutti yookiin bakka mijataa ta'etti jecha isaa akka fuudhu gochuu qaba.

76. Galmee Balaa Tiraafikaa

- 1) Balaan tiraafikaa akkuma qaqqabeen bakka balaan itti qaqqabe gahuun ragaan barbaachisaa ta'e funaanamuu qaba.
- 2) Ragaan funaanamus haala konkolaatichaa kan ilaallatu ta'ee waa'ee qajeelchituu, gommaa, ariitii, wixinee bakka balaafi kanneen kana fakkaatan irratti kan xiyyeeffatu ta'uu qaba.
- 3) Balaan yeroo qaqqabu dursa namoota konkolaaticha keessa turaniifi haala balichi itti qaqqabe ibsuu danda'an irraa jechi ragummaa akka fuudhamu taasifamuu qaba. Namoota bakka balaan sun gahe turan barbaaduun jechi ragummaa isaanii akka fuudhamu gochuunis dhimma murteessaadha.
- 4) Qorataan balaa tiraafikaa jecha ragaa ogummaa isaa akka kennuufi galmee qormaataa wajjin akka walqabatu taasifamuu qaba.

- 5) Dhimmichi mana murtiitti kan dhiyaatu yoo ta'e qorataan balaa tiraafikaa mana murtiitti jecha ragaa ogummaa akka kennu taasifamuu qaba.
- 6) Qorataan balaa tiraafikaa jecha ragaa ogummaa isaa yemmuu kennuu balaa tiraafikaa qaqqabe keessatti balleessaan konkolaachisaan raawwate maal akka ta'e ifatti agarsiisuu qaba.
- 7) Balleessaan konkolaachisaan raawwate dambii ifa ta'e cabsuu kan akka daandii harka mirgaa isaa gadilakkisuu, ariitiin konkolaachisuun, lafoo deemaaf dursa kennuu dhabuu, hayyama konkolaachisummaa malee konkolaachisuu, hanga namaa hayyamameen ol nama fe'uu, konkolaataa fe'umsaa irratti nama fe'uufi kanneen biroo kana fakkaatan yoo ta'e qorataan balaa tiraafikaa kana mirkaneessuu qaba.
- 8) Konkolaataan ariitiin deema ture kan jedhamu yoo ta'e meeqaan deemuu osoo qabuu meeqaan deeme kan jedhu lakkoofsaan yookiin immoo agarsiiftuuwwan birootiin qorataa balaa tiraafikaatiin mirkanaa'uu qaba.
- 9) Ragaan mana murtiitti jecha ragummaa duraan kenne kan jijjiiru yoo ta'e ragaa sobaa bahuu isaatiin seeratti akka dhiyaatu taasifamuu qaba.
- 10) Balleessaan raawwatame akkaataa lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 7 tiin yoo ta'e Abbaan Alangaa Seera Yakkaa keewwata 543(3) jalatti himata dhiyeessuu qaba.

Kutaa Xiqqaa Jaha

Hordoffiifi Deeggarsa

77. To'annoofi Hordoffii Waajjira/Buufata Poolisii

- 1) To'annoofi hordoffiin Waajjira/Buufata Poolisii guyyaa guyyaan gaggeeffamuu qaba.
- 2) To'annoofi hordoffiin yemmuu gaggeeffamu maqaa guutuu nama to'annaa jala jiruu, saala, umurii, teessoo, sadarkaa barnootaa, gosa yakkaa ittiin to'atame, haala kamiin to'annaa jala akka jiru, fala kenname, falli isaaf kennamee to'annaa jala kan jiru yoo ta'e sababa isaafi kaneen kana fakkaatan haala adda baaseen ta'uu qaba.
- 3) Namni to'annaa jala jiru nama yeroon beellamaa irratti gaafatamee hayyamame yookiin nama murtiin adabbii irratti darbe yoo ta'e hatattamaan Mana Amala Sirreessaa akka galu taasifamuu qaba.
- 4) Namni tokko to'annaa jala osoo jiruu haala hin beekamneen to'annaa jalaa kan miliqu yoo ta'e qondaalli eegumsa irra ture yookiin namni kamiyyuu haala mijeesse yakkaan akka ittigaafatamu taasifamuu qaba.

78. Hojii Galmee Qorannaa Hordofuufi Gabaasuu

- 1) Gareen qorannaa hojii qorannaa karoofate keessaa kan raawwatamaniifi hin raawwatamiin sababaa isaa waliin akkasumas rakkoo isa qunnameefi hojii gara fuula duraa hojjetamu qabu bifa ifa ta'een ibsuun mallatteessee gabaasa dhiheessuu qaba.
- 2) Galmeen qorannaa xumuramee kan dhiyaate yoo ta'e akkaataa saffina, qulqullinaafi baasii xiqqaan hojjechuuf JBAH keessatti taa'e eeggatee raawwatamu isaa guca madaallii qorannaa irratti madaallii taasisuun qaama qorateef ni deebi'a.
- 3) Baay'inni galmee qorannoo CR qabate yeroo yerootti hordofamuun galmee qorannoo mana hojii Abbaa Alangaa jiru wajjin tokko ta'uun isaa mirkanaa'uu qaba.
- 4) Galmee qorannoo murtii Abbaa Alangaa osoo hin argatiin jiru hunda isaa bakka tokkotti galmeessuun amala galmee qorannoo akka qabaatu taasifamuu qaba.
- 5) Galmee qorannoo qaama aangoo qabuuf ergamu kophaatti qabachuun kan waajjira haqaa aanaa jiru wajjiin shallaguun baa'ina galmee qorannoo CR irra jiruun kan walsimu ta'uu isaa mirkanaa'uu qaba.

79. Haalawwan Abbaan Alangaa Yakkoota Biroo Poolisii Waliin Itti Qoratu

Abbaan Alangaa yakkoota biroo Poolisii waliin ta'uun kan qoratu:

- 1) qorannaa gaggeeffamaa jiru irratti komiin yoo ka'eefi komichis Abbaa Adeemsa Dhimmoota Yakka Adda Addaa Mana Hojii Abbaa Alangaa biratti fudhatama yoo qabaate;
- 2) qorannaan gaggeeffamaa jiru yeroo kaa'ame keessatti kan hin xumuramne yoo ta'e;
- 3) qorannaa gaggeeffamaa jiru irratti garaagarummaan yaadaa Poolisoota gidduutti yoo uumamae; fi
- 4) shakkamtoonni qorannaan irratti gaggeeffamaa jiru namoota adeemsa qorannaa irratti dhiibbaa uumuu danda'an kanneen akka Poolisii, Abbaa Alangaa, Abbaa Seeraa, abbootii aangoo, abbootii qabeenyaa, abbootii amantaafi kanneen kana fakkaatan yoo ta'eefi
- 5) Dhimmoonni biroo sababa gahaa qaban yoo mudatan.

80. Akkaataa Abbaan Alangaa Qorannaa Yakkoota Biroo Itti To'atuufi Hordofu

Abbaan Alangaa yakkoota biroo Poolisiin qorachaa jiru ilaalchisee gabaasa fudhachuun yookiin galmeewwan qoratamaa jiran ilaaluun kan to'atuufi hordofu ta'a.

81. Galmee Qorannaa Addaan Kutuu

Abbaan Alangaa sababoota armaan gadii irratti hundaa'uudhaan galmee qorannaa addaan kutuu ni danda'a:

- (a) qorannoon yakkaa osoo gaggeeffamaa jiruu shakkaamaan kan du'e yoo ta'e;
- (b) umuriin shakkamaa waggaa sagalii gadi ta'uun isaa yoo mirkanaa'e;
- (c) shakkamaan dhimma amma qorannaa irra jiruun kanaan dura himatamee bilisa bahuu yookiin adabamuun isaa kan mirkanaa'e yoo ta'e;
- (d) dhimmi qorannaan irratti gaggeeffame darbiinsa yerootiin kan daangeeffame yoo ta'e;
- (e) shakkamaan dhimma qorannaan irratti gaggeeffamaa jiru irratti qaama qorannaa biraatiin yookiin dhimmuma kana irratti himanni yakkaa mana murtiitti dhihaatee qorannaa yookiin falmii irra jiraachuun isaa yoo mirkanaa'e;
- (f) shakkamaan mirga himatamuu dhiisuu yoo qabaatee fi sababni seeraa mirgi kun ittiin ka'u kan hin jirre ta'uun isaa yoo mirkanaa'e;
- (g) shakkamaan yakkicha ilaalchisee sababa jecha ragummaa isaa kenneen himannaa keessaa bilisa akka ta'uu yoo murtaa'e;
- (h) Abbaan Alangaa Waliigalaa faayidaa uummataaf jecha galmeen qorannaa akka addaan citu yoo ajaje;
- (i) shakkamaa argachuun kan hin danda'amneefi yakki inni raawwate bu'ura seera deemsa falmii yakkaatiin bakka inni hin jirretti ilaalamuu kan hin dandeenye yoo ta'e.

82. Iddoo Galmeen Qorannaa Taa'u

- 1) Eeruun yakkaa garee qorannaaf qajeelfame guyyaa qajeelfame irraa eegalee waajjira poolisiitti galmee dhimma kanaaf qophaa'e irratti galmaa'ee hanga qoratamee xumuramutti waajjiruma poolisii taa'a.
- 2) Galmeen qoratamee erga xumurameen booda Galmee Yakkaa (CR) dhimma kanaaf addatti qophaa'e irratti galmaa'ee Mana Hojii Abbaa Alangaa dhimmi ilaallatutti ni dabarfama.

83. Akkaataa Galmeen Qorannaa Qaama Aangoo Qabuuf Itti Ergamu

- 1) Galmeen qorannaa qaama ol'aanuuf akka ergamu kan taasifamu ragaan hundi funaanamee xumuramuun isaa yoo mirkanaa'e qofaa ta'a.
- 2) Gareen qorannaa ragaan hundi funaanamuu isaa yemmuu mirkaneeffatu galmee qorannaa qaama aangoo qabuuf osoo hin ergiin dura Mana Hojii Abbaa Alangaaf erguu qaba.
- 3) Manni Hojii Abbaa Alangaa galmeen qorannoo isaaf ergame Garee Abbootii Alangaatiin irratti marii'achuun qaama ol'aanuuf akka ergamu taasisuu qaba.

- 4) Akkaataa lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 3 tiin erga irratti marii'atamee booda qabxiin hafu yoo jiraate akka guutamu, hanqina kan hin qabne yoo ta'e qaama ol'aanuuf akka ergamu murteessuu qaba.
- 5) Akkaataa lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 4 tiin galmeen qorannoo qaama ol'aanuuf akka ergamu kan murtaa'u yoo ta'e, Abbaan Alangaa galmee qorate yookiin bakka Abbaan Alangichaa hin jirretti immoo Abbaan Adeemsa qabxiwwan armaan gadii xiinxaluun galmichi karaa qaama dhimmi isaa ilaallatuu akka ergamu ni taasisa.
- (a) Lakkoofsa xalayaa
- (b) Guyyaa
- (c) Maqaa qaama ol'aanuu galmeen isaaf ergamuufi teessoo isaa;
- (d) Lakk.Galmee Qo.Po.
- (e) Maqaa shakkamaa/tootaa galmeen qorannoo ittiin waamamuufi baay'ina;
- (f) Guyyaa eeruun dhiyaate;
- (g) Guyyaa ragaan fuudhamuu jalqabeefi itti xumurame;
- (h) Guyyaa ragaan mana yaalaa dhiyaate (yoo qabaateef);
- (i) Galmichi waajjira poolisii kam irraa Mana Hojichaaf akka ergame;
- (j) Lakkoofsa xalayaafi guyyaa galmeen Mana Hojichaaf itti ergame;
- (k) Guyyaa Gareen Abbootii Alangaa irratti marii'ate qaama ol'aanuuf akka ergamu murteesse;
- (l) Ijoo dubbii gaaffiiwwan siqqaasiqqee hunda (eessatti, yoom, eenyuun, eenyurratti, eenyuuf, maal, maaliif, akkamiin) of keessatti hamate;
- (m) Jecha shakkamaa (toota)fi teessoo isaa/nii;
- (n) Haala shakkamaan(toonni irra jiru/an (wabiin bahuu yookiin mana amala sirreessaa jiraachuu); mana amala sirreessaa yoo ta'e L.G.M.M. ittiin seene;
- (o) Jechaa ragaa namaa (ragaa ijaa, naannoo, sadarkaa, ogeessaafi k.k.f) jechuun adda adda baasuun;
- (p) Ragaa barreeffama (yoo jiraateef) adda adda baasuun;
- (q) Ragaalee biroo kan akka ciraa;
- (r) Maqaa Abbaa Alangaa galmee qoratee yookiin maqaa Abbaa Adeemsaafi mallattoo.
- 6) Qabxiwwan lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa (5) jalatti xiinxalamanii dhiyaachuu qabu jedhamanii kaa'aman Qorataan Poolisii mata duree qorannoo baasuu hin qabu jechuu miti.
- 7) Ragaan namaa yeroo xiinxalamu bifa walfakkaatuun kan ragaa bahame yoo ta'e bakka tokkotti gabaabsanii kaa'uun ni danda'ama.

Kutaa Shan

Galmee Qorannaa Simachuufi Murtii Kennuu

84. Akkaataa Galmeen Qorannaa Qaama Aangoo Qabuun Itti Simatamu

- 1) Galmeen qorannaa qaama aangoo qabuuf kan ergamu sagantaa bahu bu'uura godhachuun qofa ta'a.
- 2) Galmeen qorannaa qaama aangoo qabuuf yemmuu ergamu ragaafi shakkamaan waliin dhiyaachuu qabu.
- 3) Lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 2 jalatti kan ibsame jiraatus, haala addaatiin ragaafi himatamaa malee galmeen qaama aangoo qabuuf ergamuu ni danda'a.
- 4) Galmeen qorannaa qaama aangoo qabu biratti yemmuu dhiyaatu dursa hojjetaa hooggansa hojii ragaa (dokumenteeshinii) tiin kan simatamu ta'a.
- 5) Hojjetaan hooggansa hojii ragaa galmee yemmuu simatu dhimmoonni armaan gadii guutamuu isaanii ni mirkaneessa:
 - (a) galmeen qorannoo dhiyaate galmee yakkaa (CR) qabaachuu;
 - (b) galmeen qorannoo dhiyaate akkaataa Maanuwaalii kana lakkoofsa 83 lakkoofsa xiqqaa (5) tiin ta'uu;
 - (c) baay'inni fuula galmee xalayaa gaggeessituu irra jiruufi galmee keessa jiru wal simuu;
 - (d) ragaan barreeffamaa afaan hojii Naannichaan hin barreeffamne galmee keessa yoo jiraate turjumaanamuu isaafi
 - (e) galmeen ciraa yoo qabaateefi dhiyaachuun ciraa dirqama yoo ta'e dhiyaachuu isaa.
- 6) Hojjetaan hooggansa hojii ragaa galmee dhiyaate galii osoo hin taasisiin dura dhimmoonni biroo lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 5 jalatti tarreeffamaniin ala ilamanii mirkanaa'uu qaban ni jiru jedhee yemmuu amanu Dursaa Garee yookiin Qindeessaa Dhaddacha Dhaabbii yookiin Abbaa Adeemsaatiin akka ilaalaman taasisuu ni danda'a.
- 7) Abbaan Adeemsa Abbaan Alangaa keessummeessa iyyannoo irratti ramadamee jiru hojjetaa hooggansa hojii ragaa deeggaruun galmeen qorannaa dhiyaatu dhimmoota lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa (3) jalatti tarreeffamaniifi dhimmoota biraa guuttachuu isaa akka mirkaneessu taasisuu ni danda'a.
- 8) Galmeen qorannoo dhiyaate akkaataa lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa (3) fi (4) tiin erga ilaalamee booda hanqina yoo qabaate akka guutame, hanqina yoo hin qabaanne galii akka ta'uu ni taasifama.

85. Murtii Galmee Qorannaa Irratti Kennamu

Murtiin galmee qorannaa irratti kennamuu danda'u kanneen armaan gadii kan hammatu ta'a:

- 1) dhimmoota araaraan xumuramuu danda'an araaraan akka xumuraman gochuu;
- 2) qabxiin qorannaa keessatti osoo hin guutamiin hafe yoo jiraate akka guutamu taasisuu;
- 3) galmee qorannaa irratti qajeelfama gaafachuu;
- 4) ragaan dhiyaate gahaafi amansiisaa yoo hin taane galmee cufuu; yookiin
- 5) himata dhiyeessuu.

86. Araara

- 1) Abbaan Alangaa yakkoonni araaraan xumuramuu danda'an araaraan akka xumuramaniif waajjira poolisii keessattis ta'e erga himanni dhiyaatee booda tattaaffii barbaachisaa ta'e hunda gochuu qaba.
- 2) Yakkoonni araaraan xumuraman kanneen iyyannoo dhuunfaatiin dhiyaatan qofaadha.

87. Raawwii Araaraa

Abbaan Alangaa buufata poolisiittis ta'e waajjira isaatti hojii araaraa yommuu raawwatu dhimmoota armaan gadii hordofuu qaba:-

- 1) Eenyummaafi gahee hojii isaa ibsuudhaan abbootii dhimmaa maqaadhaan waamuun nagaa gaafachuun kabajaafi obsaan keessummeessuu qaba.
- 2) Araarri yommuu raawwatamu abbootiin dhimmaa sirriitti akka ilaalaniif fuuldura isaanii taa'uu qaba.
- 3) Abbootii dhimmaatiif himataafi haala isaa gabaabbinaan ibsuu.
- 4) Waliigaltee araaraa irra gahuudhaaf murtee dhumaa kennitoonni abbootii dhimmaa ta'uu isaanii beeksisuu.
- 5) Akkuma barbaachisummaa isaatti abbootii dhimmaa kopha kophaatti yookiin bakka tokkotti haasofsiisuu.
- 6) Araarri yommuu adeemsifamu abbootii dhimmaa suuta keessummeessuu, carraa walqixa dhagahamuu kennuu, abbootiin dhimmaa yaada akka kennaniif carraa kennuu.
- 7) Iccitii eeguu.
- 8) Adeemsa araaraa hunda keessatti ifa ta'uu, ibsa gahaa kennuu, akkuma barbaachisummaa isaatti muxannoo qabu qooduu.
- 9) Abbootiin dhimmaa yeroo dhimmoota isaanii ibsatan of eeggannoodhaan sirriitti dhaggeeffachuu.

- 10) Sochii qaamaa yookiin fuula abbootii dhimmaa qorachuudhaan waanti addaa yoo jiraate ibsa gaafachuu.
- 11) Ijoon dubbii akka isaan waliif hin gallee sababa ta'e haala itti hiikamuu danda'u yaada furmaataa dhiheessuu.
- 12) Abbootiin dhimmaa akka waliigalaniif gargaaruu, miidhaa qaqqabeef haala himatamaan miidhamaadhaaf beenyaa itti kaffalu mijeessuu.
- 13) Miidhamaan dhuunfaa garaa guutuudhaan dhiifama akka godhu, himatamaanis dhiifama akka gaafatu, jireenya nageenyaan dura waliin jiraatanitti akka deebi'an waliigalchuu. waliigaltee irra yoo gahame akka waliif mallaatteessan taasisuufi waliigalteen araaraa isa dhumaa akka ta'e beeksisuu.
- 14) Abbootiin dhimmaa dhimmi isaanii araaraan akka xumuramu kan waliif hin galle yoo ta'e dhimmi isaanii murtii barbaachisaa kan argatu ta'uu isaa beeksisuu fi murtii barbaachisaa ta'e murteessuu.

88. Qabxiin Qorannaa Keessatti Osoo Hin Guutamiin Hafe Akka Guutamu Taasisuu

- 1) Qorannaa gaggeeffamu keessatti galmeen qorannaa gama ragaa funaanuutiin hanqina adda addaa akka hin qabaanne gareen qorannaa tattaaffii barbaachisaa ta'e hunda taasisuu qaba.
- 2) Galmeen qorannoo hanqina ragaa funaanuu qabu yoo mudate karaa bilbilaa, faaksii, imeeliifi kanneen kana fakkaataniin akka guutamu taasifamuu qaba.
- 3) Qabxiin hafe akkaataa lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 2 tiin guutamuu kan hin dandeenye yoo ta'e:
 - (a) galmee of biratti hambisuun qabxiin hafe guutamee akka deebi'u xalayaan gaafachuu; yookiin
 - (b) galmee gadi deebisuu osoo hin barbaachisiin qaamaan iddoo yakki raawwatame deemuun qulqulleessuun ragaa guutuun murtiin kan itti kennamu ta'a.
- 4) Galmee of biratti hambisuun qabxiin hafe guutamee akka deebi'u xalayaan kan gaafatamu dhimmoota armaan gadii irratti ta'a:
 - (a) jecha miidhamaa osoo hin fuudhamiin hafe fuudhuuf;
 - (b) jecha ragaa dabalataa fuudhuu;
 - (c) shakkamaa biraa ragaan irratti dubbatee jechi shakkamummaa isaa osoo hin fuudhamiin hafe fuudhuu;
 - (d) ragaa barreeffamaa galmeen wal hin qabatiin hafe dhiyeessuu;

- 5) Galmee gadi deebisuu osoo hin barbaachisiin qaamaan iddoo yakki raawwatame deemuun kan qulqullaa’u marii Garee Abbootii Alangaatiin ta’ee dhimmoota armaan gadii irratti ta’a:
 - (a) dhugummaan raawwii yakkichaa shakkisiisaa ta’uu isaarraa kan ka’e bakka raawwii yakkichaa gahuun uummata naannoo sanaa dubbisuun barbaachisaa yoo ta’e; yookiin
 - (b) ragaan sassaabame ragaa sobaa ta’uu komii dhiyaatu bu’uura godhachuun qulqulleessuun yoo barbaachise; yookiin
 - (c) galmeen qoratamee dhiyaate ragaa walfaallessu kan of keessatti qabate yoo ta’e;
 - (d) yakkichi haala mul’achuufi beekamuu danda’uun kan raawwatame ta’ee, ragaa gahaan dhabamuu isaarraa kan ka’e bakka raawwii yakkichaatti ragaan biraa argamuu ni danda’a jedhamee kan tilmaamamu yoo ta’e;
- 6) Qabxiin akka guutamu gaafatamu qaama qabxiin akka guutamu gaafatutti itti dhiheenyaan kan argamu, kan akka ragaa bu’aa qorannoo reeffaa, ragaa tajaajila yaalaafi kanneen kana fakkaatan yoo ta’e qaamni qabxiin akka guutamu gaafatu ofuma isaatiin kan qulqulleeffatu ta’a.
- 7) Qabxiin hafe guutamee akka deebi’u yemmuu taasifamu xalayaan qaqqabee guyyoota hojii 5 keessatti guutamee deebi’uu qaba.
- 8) Dursaan Garee yookiin Qindeessaan Dhaddacha Dhaabbii yookiin Abbaan Adeemsaa tokko tokkoo galmee qabxiin guutamee akka deebi’u taasifame galmeessee qabachuun hordofuu qaba.
- 9) Abbaan Alangaa galmeen qoodameef hordoffii taasisuu kan qabu yemmuu ta’u hanga qabxiin jedhame guutamee deebi’utti galmichi harka Abbaa Alangichaa kan taa’u ta’a.

89. Bu’uura S/D/F/Y/Keewwata 41 tiin Qajeelfama Gaafachuu

- 1) Qorannaan galmee xumuramuu qaba.
- 2) Qajeelfamni osoo hin gaafatamiin durfamee Garee Abbootii Alangaatiin irratti marii’atamee Ittigaafatamaan beeksifamuu qaba.
- 3) Dhimmi qajeelfamni irratti gaafatamu sirriitti addaan ba’ee ijoo dubbii irratti xiyyeeffachuun dhiyaachuu qaba.
- 4) Qaamni dhimmi ilaallatu qajeelfama gaafatameef hatattamaan deebii kennuu qaba.

90. Galmee Bu'uura S/D/F/Y/Keewwata 42(1)(A) tiin cufuu

- 1) Galmee cufuun dura ragaan barbaachisaa ta'e hundi sassaabmuun isaa mirkanaa'uu qaba.
- 2) Qaamni aangoo qabu galmee A/S/D/F/Y/Keewwata 42(1)(A) tiin cufamee garagalchaan isa qaqqabu galmeessuun Abbaan Alangaa yaada akka itti kennu taasisuu qaba.
- 3) Galmeen A/S/D/F/Y/Keewwata **42(1)(A)** tiin cufamu hundi isaa murtii Garee Abbootii Alangaatiin ta'ee qaboon yaa'ii qabamuu qaba.
- 4) Galmeen A/S/D/F/Y/Keewwata 42(1)(A) tiin cufamu shakkamaa dabalatee qaama dhimmi isaa ilaallatu hundaaf garagalchaan qaqqabuu qaba.
- 5) Galmeen A/S/D/F/Y/Keewwata 42(1)(A)tiin yemmuu cufamu shakkamaan Waajjira Poolisii yoo jiraate garagalchi murtii Waajjira Poolisii qaqqabee dhimmichaaf qofa to'annaa jala yoo jiraate akka gadi lakkifamu taasifamuu qaba.
- 6) Galmeen A/S/D/F/Y/Keewwata 42(1)(A) tiin yemmuu cufamu shakkamaan Mana Amala Sirreessaa yoo jiraate lakkoofsa galmee mana murtii shakkamaan Mana Amala Sirreessaa itti seene tuquun garagalchi murtii Mana Amala Sirreessaa qaqqabee dhimmichaaf qofa to'annaa jala yoo jiraate akka gadi lakkifamu taasifamuu qaba.
- 7) Galmeen sadarkaa gadiitti cufame akka banamu yemmuu ta'u qaamni ol'aanu waan ajajeef jedhamee himata irratti barraa'uu hin qabu.
- 8) Galmeen A/S/D/F/Y/Keewwata 42(1)(A)tiin yemmuu cufamu hatattamaan qaama aangoo qabu garagalchaan qaqqabuu qaba.
- 9) Galmeen A/S/D/F/Y/Keewwata 42(1)(A)tiin cufame qaama aangoo qabu garagalchaan qaqqabee Abbaa Alangaaf yemmuu qoodamu Abbaan Alangaa hatattamaan murtii kennuu qaba.
- 10) Galmeen A/S/D/F/Y/Keewwata 42(1)(A)tiin cufamu ciraa kan qabu yoo ta'e ciraa sana irratti qaamni biraa ajaja akka kennu seeraan aangeffame yoo jiraate malee ajaja kennuu qaba.
- 11) Abbaan Alangaa A/S/D/F/Y/Keewwata 42(1)(A) tiin galmee irratti murtii erga kennee booda galmee qorannichaa gara waajjira poolisitti erguu qaba.
- 12) Abbaan Alangaa galmeen isa qaqqabe murtii kenname ilaaluun murtichi ni jijjiirama yookiin ni fooyya'a yookiin ni haqama jedhee yoo amane marii garee Abbootii Alangaatiif ni dhiheessa.
- 13) Itti Aanaan murtiin Garee Abbootii Alangaa isa dhaqqabe murticha ilaaluun murtichi ni jijjiirama yookiin ni fooyya'a jedhee yoo amane Paanaalii Waliigalaatiif ni dhiheessa.

- 14) Abbaan Alangaa ragaan dabalataa fuudhamuu qaba jedhee yoo amane mariif osoo hin dhiyeessiin dura ajaja dabarsuu ni danda'a.
- 15) Gareen Abbootii Alangaa yookin Paanaaliin Waliigalaa murtii Abbaa Alangaa jalaatiin kenname ilaalee ragaan dabalataa akka fuudhamu yookiin murtiin kenname akka cimuu akka haqamu taasisuu ni danda'a.
- 16) Gareen Abbootii Alangaa yookin Paanaaliin Waliigalaa murtii sadarkaa gadiitti kenname yemmuu diigu sababa itti diigameefi keewwata seeraa himanni jalatti dhiyaachuu qabu yookiin qajeelfama biraa kenname ifatti ibsuun erguu qaba.
- 17) Galmee A/S/D/F/Y/Keewwata 42(1)(A)tiin sadarkaa gadiitti cufame qaamni olii ilaalee yemmuu diigu Daayirektarii yookiin Qindeessaan Dhaddacha Dhaabbii yookiin Abbaan Adeemsa bu'aa qabeessummaa galmichaatiif jecha Abbaan Alangaa biraa galmicha akka qabatu taasisuu ni danda'a.

91. Mirga Himatamaa

Namoonni himatamanii dhaddacha irratti dhihaatan mirgoota eegamuufii qaban kan heera mootummaafi waliigalteewwan idil-addunyaa biyyi keenya mirkaneessiteen eegumsaafi beekamtii argatanidha. Mirgoota kana kabachiisuudhaaf Abbaan Alangaa dhaddacha irratti:-

- 1) Abbaan Alangaa akkaataa mirga ofirraa ittisuu himatamaa hin dangeessineen of eeggannoodhaan himata wixineessuufi bu'ura seera deemsa falmii yakkaatiin dhimmoonni hammatamuu qaban ijoo seeraafi dubbii ifaafi tokko tokkoon guutee dhiheessuu qaba.
- 2) Abbaan Alangaa galmee qorannoo haala guutuu ta'een qorachuufi akkuma barbaachisummaa isaatti ragaa himatamaan dhiheessuu danda'u yoo jiraate ilaaluufi qorachuutu irra jiraata.
- 3) Abbaan Alangaa ragaan himatamaa gargaaruu danda'u yoo argate yookiin yoo qabaate himatamaaf dabarsee kennuu qaba.
- 4) Mirgi himatamaa dhaddacha haqa qabeessa ifa ta'etti yeroo gabaabaa keessatti murtii argachuu akka mirkanaa'uuf yaadachiisuu qaba.
- 5) Himatamaan afaan dhaddachi ittiin gaggeeffamu kan hin beekne yoo ta'e baasii mootummaatiin hiiktuun afaanii akka ramadamuuf mana murtii yaadachiisuu qaba.
- 6) Abbaan Alangaa himatamaan adeemsa murtiitiin balleessaa hanga hin jedhaminitti yeroo hundaa mirgi akka nama qulqulluutti tilmaamamuu isaa kabamuufi adeemsa falmii keessatti hojii irra oolchuu qaba.

- 7) Himatamtoonni abukaatoo ittisaa dhaabbachuudhaaf dandeettii kan hin qabne yoo ta'eefi sababa haalli haqni itti dabuu danda'u ni mudata jedhee yoo amane Abbaan Alangaa mootummaan abukaatoo akka dhaabuuf mana murtii yaadachiisuu qaba.
- 8) Himatamtoonni akka of irraa ittisuu danda'aniif himataafi ragaawwaan irratti dhihataan dursee akka isaan qaqqabu taasisuu qaba.
- 9) Himatamaan ragaawwaan barbaachisan argachuudhaan haala barbaadamuun of irraa ittisuu akka danda'uuf Abbaan Alangaa ragaa isa harka hin jirre garuu ragaa eessatti akka argamu beeku himatamaaf kennuu qaba.
- 10) Abbaan Alangaa yeroo himata dhiheessuudhaaf murteessu mirgoota himatamtootaa heera mootummaafi seerota idil-adduunyaa biyyi keenya mallatteessiteen eegumsaafi beekkamtii argatan kabajuu qaba.

92. Raga Madaaluufi Qindeessuu

Abbaan Alangaa himannaa dhiyessuuf ragaa gahaafi amansiisaa ta'e himatamaa mana murtiitti balleessaa taasisuu danda'u jiraachuu isaa yeroo madaalu:-

- 1) Ragaan dhihaate fudhatama kan qabu ta'uu isaa;
- 2) Ragaan sun hirmaannaa himatamaan yakka raawwatame keessatti qabu haala gahaa kan ibsu ta'uu isaa;
- 3) Ragaan dhihaate gocha yakkaa himatamaan ittiin shakkame ilaalchisee ijoo dubbii kutaa seeraa yakkichaa, kutaa sammuufi kutaa gochaa haala gahaa ta'een mirkaneessuu kan danda'u ta'uu isaa;
- 4) Ragaan dhihaate amanamuu kan danda'u ta'uu isaa mirkaneessuu qaba.
- 5) Jechi ragaa yeroo fuudhamu hanga danda'ametti ragaa waldeeggarutti fayyadamuun dirqamadha.
- 6) Ragaan walfaallessu galmees keessa yoo jiraate galmeen rakkoo guddaa keessa galuu waan danda'uuf iddoo yakki raawwatametti qaamaan argamuun dhimmichi sirritti qulqullaa'uu qaba.
- 7) Ragaan mana yaalaa kennamu eeruu dhiyaateefi jecha ragaa namaa wajjiin kan walsimu ta'uu isaa mirkanaa'uu qaba.
- 8) Ragaan mana yaalaa adda addaa irraa kennamu walfaallessuu waan danda'uuf jalqabuma irraa eegalee bifa addaatiin wanti qulqullaa'uu qabu yoo hin jiraatiin miidhamaan mana yaalaa tokko akka yaalamu taasifamuu qaba.

- 9) Akka tasaa ta'ee ragaan walfaallessu mana yaalaa sadarkaan isaa walfakkaatu irraa kan kennamu yoo ta'e mana yaalaa 3ffaa irraa ragaa fudhachuun galmee irratti murtii kennuun barbaachisaa ta'a.
- 10) Tilmaamni umurii kan daangaa hinqabne mana yaalaa irraa kan dhiyaatu yoo ta'e ragaa dabalataa fudhachuun galmee irratti murtiin kennamuu qaba.
- 11) Manni yaalaa sadarkaa sadarkaan jiru miidhamaa irratti miidhaan gahe maal akka ta'e yeroo gabaabaa keessatti akka ibsuuf qaama ilaallatu wajjin hojjetamuu qaba.
- 12) Ragaan mana yaalaa miidhaan uumame sababa isaa duuchaatti yookiin ragaa sirrii kennuuf odeeffannoo poolisii kan barbaadu yoo ta'e, himannaa saaquun dura ragaan kenname akka ifa ta'u gochuu barbaachisa.
- 13) Hanqina qulqullina galmee jiru salphisuuf osoo galmee gara qaama ol'aanuuf hin ergiin dura irratti mari'atamuu qaba.

93. Himata Dhiheessuu

- 1) Abbaan Alangaa galmee qorate hanga dhumaatti kan hordofu ta'a.
- 2) Galmee dhimma uummataa ilaalchisee himannaa qophaa'e irratti gareen mari'atamuu qaba.
- 3) Abbaan Alangaa galmee qorannoon isaa xumuramee dhiyaateef ragaan gahaafi amansiisaa ta'ee himatamaa balleessaa taasisu jiraachuu isaa yoo mirkaneeffate Mana Murtii aangoo qabuutti himannaa dhiyeessuu qaba.
- 4) Abbaan Alangaa himannaa qopheessu qabiyyeen himannaa bu'uura seera deemsa falmii yakkaa irra taa'ee jiruun ifa ta'ee qophaa'uu isaa mirkaneessuu qaba.
- 5) Himanni mana murtii osoo hin ga'iin dura Dursaan Garee yookiin Qindeessaan Dhaddacha Dhaabbii yookiin Abbaan adeemsaa keessa isaa ilaaluu qaba.

94. Haala Himannaan Itti Hin Dhiyaanne

- 1) Ragaa gahaan shakkamaa balleessaa taasisuu danda'u jiraatus himanni dhihaatu faayidaa uummataa kan hin eegsifne ta'uu Abbaan Alangaa Waliigalaa yeroo itti amanu himanni dhiyaachuu dhabuu ni danda'a.
- 2) Faayidaa uummataatiif jecha sababoonni himanni itti hin dhihaanneef isaan ijoo ta'an keessaa kan armaan gadii eeruun ni danda'ama.
 - (a) Shakkamaan sababa umuriin isaa dulloomeef yookiin dhukkuba fayyuu hin dandeenyeen qabameef dhimma isaa mana murtiitti hordofuu kan hin dandeenye yoo ta'e;

- (b) Himata dhiheessuun maatii yookiin hawaasa irratti dhiibbaa madaalawaa hin taane kan hordofsiisu yoo ta'e;
- (c) Sababa kamiinuu yakki raawwatame mana murtii aangoo qabutti osoo hin dhihaatiin hafuu isaatiin wayitawaafi barbaachisummaan isaa kan dhabe. Fakkeenyaaf, yakkichi salphaa ta'ee yeroo yakki itti raawwatameefi yeroon qorannoon itti eegalame baay'ee wal irraa kan fagaate yoo ta'eefi dhimmicha irratti himata dhiheessuun himatamaa adabsiisuun faayidaa kan hin qabne yoo ta'e;
- (d) Yakki raawwatame salphaafi miidhaan gahe giddu galeessa yoo ta'eefi shakkamaan gochi inni raawwate amala yakkaa hin qabu yaada jedhuun hubannaa guutuu dhabuun kan raawwate yoo ta'e;
- (e) Sababni yakkaa shakkamaafi miidhamaa giduutti uumame murtii karaa bulchiinsa sirna haqaa yakkaa idileetiin kennamu caalaa seerota aadaafi dhaabbatoota aadaatiin furmaata dhumaa argata jedhamee hooggansa ol'aanaadhaan kan amanameefi Abbaan Alangaa bu'uruma kanaan yoo ajajame;
- (f) Dhimmichi adeemsa falmii keessa darbuun isaa nageenya biyyaa yookiin walitti dhufeenya idil-adduunyaa kan miidhu ta'a jedhamee hooggansa ol'aanaadhaan kan amanameefi Abbaan Alangaa bu'uruma kanaan yoo ajajame.

95. Raga Ibsuu

- 1) Abbaan Alangaa ragaawwan himannaa isaa mirkaneessuuf fayyadan kamiyyuu tarree himannaa irratti gosa gosaan ibsuu qaba;
- 2) Abbaan Alangaa raga isaa yemmuu tarreessu ciminaafi faayidaa qabeessummaa ragichi yakka raawwatame yookiin hirmaannaa himatamaan qabu mirkaneessu danda'u irratti hunda'udhaan walduraa duubaan taa'uu qaba;
- 3) Abbaan Alangaa tarree raga isaa irratti ijoo himannaa ragaan irratti rageessu yookiin mirkaneessuuf dhiyaate adda baasee ibsuu qaba.

96. Haalawwan Ragaan Itti Hin Ibsamne

Seera rogummaa qabu irratti hunda'udhaan keewwatni himannaan jalatti dhiyaate eenyummaa raga namaa ibsuu dhisuu yeroo heeyyamamutti Abbaan Alangaa eenyummaa raga namaa ibsuu hin qabu.

Kutaa Jaha
Falmii Dhaddachaa

97. Kaayyoo Falmii Dhaddachaa

- 1) Kaayyoon falmii dhaddachaa Abbaa Alangaa himatamaa adabsisuu qofa osoo hin taane dhaddacha irratti murtiin haqa qabeessi dhugaa irratti, walqixxummaa irratti hundaa'eefi loogii irraa bilisa ta'e kennamee argudha.
- 2) Kaayyoon falmii dhaddachaa Abbaa Alangaa nageenyaafi tasgabbi hawaasaa, mirga miidhamtootaafi ragootaa kan eegsisu, haqa kan mirkaneessu, tilmaamawaafi qabatamaa ta'uutu irra jiraata.
- 3) Falmiin dhaddachaa Abbaan Alangaa gaggeessu manni murtii murtii sirriifi haqaa akka kennuuf deeggarsa barbaachisaa kan taasisu ta'uu qaba.
- 4) Falmiin dhaddachaa Abbaan Alangaa gaggeessu heeraafi seera biyyattiifi Naannichaa akkasumas waliigalteewwan idil-addunyaa biyyi keenya mallatteessite osoo hin cabsiin akka hojii irra oolan kan taasisu ta'uu qaba.

98. Mirga Miidhamaa Dhuunfaa

Namoonni miidhamtoota gocha yakkaa ta'anii dhaddacha irratti dhihaatan yeroo hundaa kabajaafi fuula gaariin keessummeeffamuu qabu. Dabalataanis, keessummeessi jireenya dhuunfaafi kabaja namoomaa isaanii eeggate taasifamuufiitu irra jiraata.

- 1) Miidhamaan dhuunfaa yeroo gaafatetti Abbaan Alangaa adeemsi falmii maal akka fakkaatu, falmiin dhaddacha akkamitti gaggeeffamuuf akka yaadameefi sadarkaa falmii tokko tokkootti maal akka raawwatu ibsuufii qaba.
- 2) Abbaan Alangaa yeroo kamiyyuu yoo ta'e adeemsa seera raawwachiisuufi falmii dhaddachaa gaggeessuu keessatti mirgaafi faayidaa miidhamtoota dhuunfaa kabachiisuu qaba.
- 3) Miidhamaan yakkaa sababa gocha yakkaatiin miidhaa irra gaheef beenyaan kan isa barbaachisu yoo ta'e Abbaan Alangaa hariiroo hawaasaatiin mirga beenyaa argachuu qabaachuu isaa ibsuudhaan adeemsa isaas ibsuufii qaba.
- 4) Namni yakkaan miidhame miidhaa sababa yakkaatiin irra gaheef beenyaa gaafachuuf dandeettii kan hin qabne yoo ta'e Abbaan Alangaa karaa hariiroo hawaasaatiin beenyaa akka argatuuf deeggarsa seeraa barbaachisu taasisuufii qaba.

99. Qophii Taasisuu

- 1) Abbaan Alangaa yeroo hunda falmii dhaddacha osoo hin seeniin dura dhimma mana murtiitti falmii irratti gaggeessu sirriitti qophaa'ee seenuu qaba;
- 2) Abbaan Alangaa falmii dhaddacha seenuun duratti dhimmoota armaan gadii raawwachuu qaba;
 - (a) Ijoon dubbii himata himatamaa irratti dhihaate, keewwanni seeraafi ragaawwan dhihaatan kan walsimatan ta'uufi kan wal hin simannee ta'uu isaa mirkaneessuu;
 - (b) qabxiiwwan lakkoofsa kana lakkoofsa 2(a) jalatti ibsaman kan wal hin simne ta'uu isaanii yoo hubate Abbaa Alangaa himata qopheesseefi hooggantoota dhihoo waliin mari'achuun himaticha fooyyeessuu qaba;
 - (c) ragaawwan balleessummaa himatamaa mirkaneessuudhaaf dhihaatan kanneen akka ragaa namaa, barreeffamaafi ciraa addaan baasee beekuu, ulfaatina isaaniifi duraa duuba tartiiba isaanii adda baasuu;
 - (d) ragoonni guyyaa beellamaatti dhaddacha irratti akka dhihaataniif kutaa qorannaa yakkaa waliin dubbachuun tattaaffii barbaachisaa gochuu qaba;
 - (e) ragoonni dhaddacha irratti dhihaachuufi dhihaachuu dhabuu isaanii mirkaneessuu;
 - (f) mirga himatamaa karaa hin sarbineen, ragoonni osoo hin dhagahamin dursee qophii taasisuu yookiin akka yaadatan taasisuufi ijoo dubbii isaan mirkaneessan addaan baasee tartiiba isaaniitiin kaa'uu;
 - (g) ibsa ragaa barreeffamaa tokko tokkoon dhiheessuudhaan maal akka mirkaneessan sirriitti qo'achuu;
 - (h) ragoonni himannaa dhihaate mirkaneessan ragaa bahuudhaaf dhihaachuu isaanii erga mirkaneesseefi qopheeseen booda gaaffiiwwan dhaddacha irratti gaafatuufi ijoowwan dubbii ragoonni mirkaneessuu qaban addaan baasee tartiibaan kaa'uu;
 - (i) adeemsa falmii keessatti mormiiwwan sadarkaa duraa karaa himatamaan ka'uu danda'aniifi gaaffiiwwan mana murtiitiin ka'uu danda'an dursee tilmaamuudhaan deebiiwwan kennamuu danda'an irratti qophaa'uu;
 - (j) adeemsa falmii keessatti qabxiiwwan ittisaa himatamaan kaasuu danda'uufi ragaawwan dhiheessuu danda'u dursee tilmaamuudhaan qabxiiwwan ittisaafi ragaawwan kana akkamitti fashaleessuun akka danda'amuufi dhugaa irra gahuun akka danda'amu itti qophaa'uu;

- (k) erga ragaan bitaafi mirgaa dhagahamee xumurameen booda haasaa cufiinsaa taasisuudhaaf qophii gochuu;
 - (l) keewwata seeraa himatamaan mana murtiitiin balleessaa itti jedhamu jalatti adabbiin barbaachisaafi barsiisaa ta'e karaa mana murtiitiin akka kennamuuf itti qophaa'ee yaada adabbii bu'uura qajeelfama adabbiitiin kennuu;
 - (m) keewwata seeraa himatamaan mana murtiitiin balleessaa itti jedhamu jalatti adabbiin barbaachisaafi barsiisaa ta'e karaa mana murtiitiin akka kennamuuf sababoota baratamaa adabbii salphisaa karaa himatamaatiin dhihaachuu danda'an dursee tilmaamuudhaan dhugaa ta'uu isaanii mirkaneessuu;
 - (n) guyyaa manni murtii dhimmicha dhagahuudhaaf beellama qabetti sababoota addaa addaatiin dhimmichi ilaalamuu akka hin dandeenye Abbaan Alangaa yoo beekke fi murtii haqaa kennuudhaaf barbaachisaa ta'ee yoo argame manni murtii beellama biraa akka kennu gaafachuudhaaf qophaa'ee dhihaachuu qaba.
- 3) Dursaan Garee yookiin Qindeessaan Dhaddacha Dhaabbii yookiin Abbaan adeemsaa oolmaa Dhaddachaa guyyaa hunda ilaaluun raawwii isaa hordofuu qaba.
 - 4) Abbaa Alangaa falmii dhaddachaa laaffisu rakkoon isaa maal akka ta'e ifatti waliin mari'achuun akka ofi sirreessu taasifamuu qaba.
 - 5) Abbaan Alangaa ragaa isaa yaadachiifachuun qophii gahaa gochuun qaba.
 - 6) Ragaan barreeffama akka ragaa ittisatti qaama mootummaa irraa dhiyaatu sirrii ta'uun isaa mirkanaa'uu qaba.
 - 7) Poolisiin bu'uura ajaja Mana murtiitiin himatamaa akka dhiyeessu yemmuu ajajamu Abbaan Alangaa hordoffii taasisuu qaba; kan hin dhiyeessine yoo ta'e Poolisiin sadarkaa sadarkaan jiru yaada akka itti kennu taasifamuu qaba.
 - 8) Poolisiin bu'uura ajaja Mana murtiitiin deebii kennaa yookiin waamamaa waamicha mana murtii akka qaqqabsiisu Abbaan Alangaa hordoffii taasisuu qaba.

100. Naamusa Dhaddachaa

Abbaan Alangaa falmii dhaddachaatiif yommuu dhihaatu yoo xiqqaate qabxiwwaan naamusaa armaan gadii guutuutu irra jiraata.

- 1) Falmiidhaaf qophii ta'uudhaan yeroon dhihaachuu;
- 2) Uffannaa kabaja dhaddachaafi ogummaa isaa waliin walgitu uffatee dhihaachuu qaba;
- 3) Huccuu dambii dhaddachaa haala barbaachisuun uffatee dhihaachuu qaba;

- 4) Gochaawwaan kabaja dhaddachaa faallessan kamiyyuu raawwaachuu irraa of qusachuu qaba;
- 5) Haala kabaja dhaddachaafi falmitootaa eeguun falmii gaggeessuu qaba;
- 6) Falmii dhaddacha irratti taasisu akka dirree barumsaatti ilaaluufi irraa barachuu danda'uu qaba;
- 7) Falmii dhaddachaa yaada gaariin, of eeggannoofi ofitti amanamummaadhaan gaggeessuutu irra jiraata.

101. Oolmaa Dhaddachaa Galmeessuufi Gabaasuu

- 1) Abbaan Alangaa galmeen kan uummataafi mootummaa waan ta'eef of eeggannoodhaan tokko tokkoo dhimmootaa haala ifa ta'een gabaabbinaan galmeessee qabachuu qaba.
- 2) Abbaan Alangaa qabxiiwwaan armaan gadii galmee irratti galmeessee qabachuu qaba:-
 - (a) Yeroo hundaa maqaa dhaddachaan mooggafamee, guyyaa dhaddachi itti mooggafame, maqaa Abbootii Seeraa, Abbootii Alangaa, Abukaatoo (yoo jiraate), shakkamaa, himatamaa galmeessuun qabachuu;
 - (b) Shakkamaan yookiin himatamaan yookiin Abukaatoon dhaddachatti dhiyaachuu yookin dhiyaachu dhabuu isaa;
 - (c) Jecha amantaafi waakkii himatamaa, mormii sadarkaa duraa himatamaan kaaseefi deebii mormii sadarkaa duraa ka'e irratti kenname;
 - (d) Yaada yookiin haasa'aa baniinsaafi cufiinsa falmii Abbaa Alangaa;
 - (e) Gaaffii himatamaan mirga wabii irratti kaaseefi deebii Abbaan Alangaa mirga wabii irratti kenne;
 - (f) Jala murtii, ajaja, murteewwaan, adabbiifi beellama mana murtiitiin kennaman sababa isaanii waliin;
 - (g) Gaaffii duraa, gaaffii qaxxaamuraafi gaaffii keessaa deebii Abbaa Alangaatiin ragaawwaniif dhihaatee fi gaaffiiwwaan mana murtiitiin dhihaatan akkasumas deebii ragoonni kennan,
 - (h) Gaaffii ragaa ittisaa himatamaatiif dhihaatee fi deebii isaan kennan,
 - (i) Yaada adabbii Abbaan Alangaa fi himatamaan dhiheessan,
 - (j) Jala murtii, ajaja, murtii ykn adabbii manni murtii himatamaa irratti kenne ilaalchisee komii qabaachuu isaa ykn kan hin qabne ta'uu isaa sababa isaa waliin ibsuu qaba. Komii kan qabu yoo ta'e ol'iyyata kan gaafatu ta'uu isaa ibsuu qaba.

- 3) Falmii gaggeeffamu keessatti jechi ragaa Abbaa Alangaafi ragaa ittisaa maashina sagalee namaa waraabuun fuudhamee booda kan maashinaan fuudhameefi kan gara barreeffamaatti jijjiirame jidduu garaagarummaan kan jiru yoo ta'e mana murtiitti iyyachuun yookiin beeksisuun sirreeffamni akka godhamu taasifamuu qaba yookiin kunumti ibsamee qaama ol'aanu beeksifamuu qaba.

102. Falmii Mirga Wabii Gaggeessuu

- 1) Himatamaan gaaffii mirga wabii yommuu dhiheessu Abbaan Alangaa jalqaba keewwanni seeraa himatamaan ittiin himatame mirga wabii kan eegsisu yookiin kan hin eegsiifne ta'uu isaa mirkaneessuu qaba.
- 2) Keewwanni seeraa himatamaan ittin himatame mirga wabii kan dhorkisiisu yoo ta'e Abbaan Alangaa kanuma mana murtiitti beeksiisuu qaba.
- 3) Keewwanni seeraa himatamaan ittiin himatame mirga wabii kan hin dhorkisiifne yoo ta'e Abbaan Alangaa mirga wabii irratti yaada yommuu kennu miidhaa miidhamaa, ragaa, hawaasaafi adeemsa falmii irra gahuu danda'u ilaalcha keessa galchuun ta'uu qaba.
- 4) Abbaan Alangaa mirga wabii himatamaa dhorkisiisuudhaaf ykn haal-duree biraa irratti hundaa'uudhaan himatamaan mirga wabiitiin akka bahu mana murtiitti gaaffii yommuu dhiheessu yookiin gaaffii mirga wabii dhiyaateef deebii yeroo kennu ragaa amansiisaa, barbaachisaa fi gahaa ta'e dhiheessuu qaba.
- 5) Himatamaan mirga wabiitiin akka bahuuf gaaffii yommuu dhiheessu Abbaan Alangaa akkuma barbaachisummaa isaatti miidhamaan dhaddacha irratti dhihaatee yaada akka kennu tattaaffii barbaachisaa gochuu qaba.
- 6) Abbaan Alangaa mirga wabii himatamaa yommuu mormu:-
 - (a) himatamaan mirga wabiitiin yoo bahe miidhamaa, ragooliifi hawaasa irratti yakka raawwachuu akka danda'u,
 - (b) himatamaan mirga wabiitiin yoo bahe dirqama wabummaa isaa kabajee hin dhihaatu jedhamee yoo tilmaamame,
 - (c) himatamaan mirga wabiitiin yoo bahe haalli inni itti ragaa balleessuu yookiin ragoolii sossobu yoo jiraate,
- 7) Murtii manni murtii mirga wabii irratti kenne ilaalchisee Abbaan Alangaa komii yoo qabaate mana murtii dhimmi isaa ilaallatuutti ol'iyyata dhiheessuu qaba.
- 8) Himatamaan sababa mirgi wabii isaa dhorkameef ol'iyyata yoo gaafate Abbaan Alangaa ol'iyyaticha irratti deebiifi falmii barbaachisaa taasisuu qaba.

- 9) Abbaan Alangaa murtii mirga wabii irratti kenname irratti ol'iyyata yoo gaafate, manni murtii ol'iyyata ilaalu galmicha ilaalee murtii hanga kennutti murtiin kenname akka hin raawwatamne yookin shakkamaan yookin himatamaan akka to'annoo poolisii yookin mana sirressaa jalaa akka gadi hin lakkifamne dhorkaa gaafachuun dhorkisisuu qaba;
- 10) Himatamaan wabiin bahee guyyaa beellaatti dhihaachuu yoo baate Abbaan Alangaa wabiin nama yoo ta'e dhihaatee sababa himatamaan beellama irra hafe akka ibsu yoo ibsu baate qarshiin mootummaaf galii akka ta'u gaafachuu; himatamaan wabii qarshii kan qabsiise yoo ta'e qarshichi mootummaaf galii akka ta'u gaafachuu qaba.
- 11) Himatamaan wabiin bahe dhaddachatti waan hin dhiyaanneef qarshiin wabiin wabummaaf qabsiise yookin qarshii himatamaan qabsiise mootummaaf galii akka ta'u yeroo ajajamu manni murtii poolisii himatamaa akka dhiyeessu akka ajaju Abbaan Alangaa Mana Murtii gaafachuu qaba.
- 12) Himatamaan mirga wabiitiin bahe dhiyaachuu dhabuu isaatiin Poolisiin qabamee yeroo dhiyaatu yeroo lammaffaaf wabiitiin akka hin baane Abbaan Alangaa mormuu qaba.
- 13) Himatamaan tokko wabiidhaan bahee osoo falmii irra jiruu akka ofirraa ittisu erga ajajamee booda dhaddacha irraa kan badu yoo ta'e akka ofirraa ittisuu hin barbaanneetti lakkaa'amee bakka inni hin jirretti falmiin akka itti fufu mana murtii gaafachuu qaba.
- 14) Wabiin namaa qarshii wabummaaf qabsiise mootummaaf galii akka godhu yemmuu ajajamu yookin himatamaan qarshii wabiif qabsiise mootummaaf galii qabsiise mootummaaf galii akka ta'u yemmuu ajajamu qarshiin mootummaaf galii ta'uu isaa mirkaneeffachuu qaba; qarshichi galii akka ta'uuf himannaa hariiroo hawaasaa dhiyessuu yookiin gara Daayirektoreetii Hariiroo Hawaasaatti qajeelchuu qaba.

103. Mormii Sadarkaa Duraa

- 1) Abbaan Alangaa mormii sadarkaa duraa himatamaadhaan yookiin abukaatoo isaatiin ka'e irratti seera barbaachisaa ta'e irratti hundaa'uudhaan deebii kennuu qaba. Mormiiwwaan sadarkaa duraa ka'aniif deebii yommuu kennu qabxiwwaan s/d/f/y/kewt.130 (1)fi 130 (2) qubee A hanga G tti jiraniifi dhimmoota biroo akka mormii sadarkaa duraatti ka'uu danda'an giddu galeessa godhachuun ta'uu qaba.
- 2) Abbaan Alangaa bu'uura s/d/f/y/kewt.130 (1) tiin iftoomina himannaa dhihaatee yookiin ijoowwaan dubbii himata irratti ibsamuu qaban irratti mormiin sadarkaa duraa yoo ka'ee fi amansiisaa ta'ee yoo argame himata isaa fooyyessee kan dhiheessuu ta'uu isaa mana murtiitti beeksisuun guyyaa beellama kennametti himata isaa fooyyessee dhiheessuu qaba.

- 3) Abbaan Alangaa mormiiwwaan ka'an ijoo dubbii bu'ura kan godhataniifi ragaadhaan kan mirkanaa'an yoo ta'an qabxiiwwaan kun akka mormii sadarkaa duraatti kan ka'an osoo hin taane adeemsa dhagaha ragaa keessatti kan mirkanaa'an ta'uu isaanii ibsee akka kufaa ta'aniif gaafachuu qaba;
- 4) Himata Abbaan Alangaa dhiyeesse irratti manni murtii ragaa seeraa osoo hin dhagahiin himanni akka fooyya'u kan ajaju yoo ta'e kan hin fooyyessine ta'uu ibsuun shakkamaan to'annaa jala yoo jiraate qaama dhimmi ilaalu waliin dubbachuun akka gadi hin lakkifamne taasisuun ol'iyyanni gaafatamuu qaba.

104. Jecha Amantaafi Waakkii

Himatamaan akkaataa himannaa Abbaa Alangaatin guutummaan guutuutti kana amane yoo ta'e, Abbaan Alangaa bu'uura jecha amantaa isaatiin himatamaa irratti murtiin ballessummaa akka kennamu mana murtii gaafachuu qaba.

105. Haasaa Baniinsa Falmii

- 1) Himatamaan himata irratti dhihaate haalee kan falmu yoo ta'e yookiin himatamaan himannaa irratti dhiyaate amanus manni murtii ragaa Abbaa Alangaa akka dhagahamu yemmuu ajaju Abbaan Alangaa ijoo dubbii himatichaa, gosa ragaawwaan dhihaatanii, tartiiba ragaan ittiin dhihaatuufi ijoowwaan dubbii ragaan mirkaneessu gabaabbinaan falmii haasaa baniinsa gaggeessuu qaba.
- 2) Haasaan baniinsa falmii Abbaan Alangaa taasisu dhugaa irratti kan hundaa'ee fi loogii irraa bilisa kan ta'e ta'uu qaba.
- 3) Ragaawwaan dhihaatan tokkoo ol yoo ta'e tokko tokkoon ragaa maal akka mirkaneessu addaan baasee ibsuu qaba.

106. Ragaa Dhagahuu

- 1) Ragaan Abbaan Alangaa dhaddacha irratti dhiheessu gochaawwan himata keessatti ibsaman kallattinis ta'e al-kallattiidhaan kan beekanii fi ijoo dubbii himatamaan murtiitti mirkaneessuudhaaf kan fayyadan ta'uu qabu.
- 2) Abbaan Alangaa yeroo hunda ragaa yommuu dhageessisiisuu dhimmoota armaan gadii ilaalcha keessa galchuu qaba:-
 - (a) Ragooliin dhaddachaaf haaraa ta'uu waan danda'aniif yeroo hundaa tasgabba'anii sodaa malee, osoo hin nahiinii fi hin jeeqamin waan beekan akka ragaa bahaniif galma dhaddachaa osoo hin seeniin dursee dhimma mana murtii irratti rageessuuf dhufan

- gaafachuu, haala dhaddachaa, adeemsa isaa, ulfina dhaddachaa fi wantoota dhaddacha irratti raawwatamuu hin qabne beeksisuu fi ibsuu qaba.
- (b) Ragootaaf kabaja barbaachisaa kennuudhaan keessattuu kabajaan maqaa waamudhaan gaaffiiwwaan obsaan gaafachuu qaba.
- (c) Ragoonni dhugaawwaan himata waliin walqabatanfi dhugaawwaan himata mirkaneessan qofa ragaa bahuu waan qabaniif gaaffiiwwaan ijoo dubbii mirkaneessuu dandeesiisan irratti xiyyeeffachuun haala ifaa fi salphaa ta'een gaafachuu qaba.
- (d) Ragoonni lakkoofsaan baay'ee yoo ta'an Abbaan Alangaa ragaawwaan gochaa raawwatame haala gahaan mirkaneessuu danda'u jedhamee itti amaname hunda isaanii dhageessisuu qaba. Haa ta'u malee, ragoonni dura dhagahaman haala gahaan himaticha kan mirkaneessan yoo ta'ee fi ragaawwaan hafan ijoo dubbii ragoota dhagahamaniitiin ala ijoo dubbii mirkaneessan kan hin jirre yoo ta'e Abbaan Alangaa ragaadhuma dhagahameen murtiin akka kennamu gaafachuu ni danda'a.
- (e) Gaaffii duraa haala tartiiba raawwii yakkichaan ykn tartiiba hubannaa ragaatiin qindeessuu fi haaluma kanaan gaafachuu qaba.
- (f) Gaaffii duraa irratti gaaffii qajeelchaa gaafachuu hin qabu,
- (g) Ragaan jecha poolisiitti kenne jijjiiruudhaan ragaa himata miidhu yeroo ta'etti yookiin ragaan dhiyaate daa'ima yoo ta'e yookiin dulluma irraa kan ka'e (*senility*), kanuma mana murtiitti eeyyamsiisuudhaan gaaffii qajeelchaa bu'ura jecha poolisiitti kenneen gaafachuu qaba.
- (h) Ragaan jecha ragummaa Waajjira Poolisiitti kenne kan jijjiiru yoo ta'e jechi ragummaa inni Waajjira Poolisiitti kenne garagalchi isaa galmee Mana Murtii waliin akka walqabatu Abbaan Alangaa gaafachuu qaba.
- (i) Yeroo falmiin gaggeeffamu ciraan kan dhihaatu yoo ta'e ragoonni jecha ragummaa isaanii yommuu kennan lakkoofsa addaa ciraa (ni beeku jedhamee yoo tilmaamame), maalummaa isaa, haalluu isaa, baay'ina ykn qabiyyee isaa akka ragaa bahan gochuu qaba.
- (j) Himatamaan ykn abukaatoon isaa gaaffii qaxxaamuraa yommuu gaafatan gaaffiileen sun kabaja namoomaa miidhamaa dhuunfaa yookiin ragootaa kan tuqan ykn dhimmicha waliin walitti dhufeenya kan hin qabne yoo ta'e gaaffiiwwaan kun akka hin gaafatamneef Abbaan Alangaa mormii mana murtiitti dhiheessuudhaan ragootaafi miidhamaa dhuunfaa eeguu qaba.

- 3) Ragoota eegumsi addaa isaan barbaachisuuf xiyyeeffannaa barbaachisaa ta'e kennuudhaan keessattuu:-
- (a) Ragoonni daa'iimman yoo ta'an ogeessa xiinsammuu yookiin ogeessa hawaasummaatin deeggaramuu isaanii mirkaneessuu,
 - (b) Ragaan dhaddacha banaa ta'etti dhagahamuun isaa safuu hawaasaa; nageenya; xiinsammuu; haamilee; ragaa yookin maatii isaa miidhuu danda'a yookin ragaan dhimma ragessuuf dhiyaate sirnaan hin ibsu jedhee yeroo amanu dhaddachi uummataaf cufaa ta'e akka adeemsifamu mana murtii gaafachuu qaba.

107. Ragaawwan Ciraafi Barreeffamaa

- 1) Abbaan Alangaa meeshaa yakki ittin raawwatame yookin bu'aa yakkaa ta'e ragoota namaa yookin barreeffamaatin deeggaramu himannaa Abbaa Alangaa mirkaneessuu danda'u yookin yakka raawwatame ibsu akka ragaa ciraatti ibsuu qaba;
- 2) Adeemsa qorannaa keessatti ciraa qabame jiru akka ragaatti kan hin fayyadamne yoo ta'e yookin himata keessatti kan hin ibsamne yoo ta'e Abbaan Alangaa ciraa qabame irratti murtii barbaachisaa ta'e kennuu qaba;
- 3) Ciraa himata irratti ibsame dhaddacha irratti dhiheessuun kan danda'amu yoo ta'e Abbaan Alangaa qorataa poolisii ajajee akka dhiheessu taasisuutu irra jiraata. Ciraan sun amala addaa qabu irraa kan ka'e dhiheessuun kan hin danda'amne yoo ta'e suuraa kaasuudhaan, viidiyoodhaan waraabuun yookiin sanada dhimmicha ibsuu danda'aniin deeggaramuu isaa ibsa ragaa keessatti mirkaneessuun mana murtiitiif ibsuutu irra jiraata.
- 4) Erga falmiin jalqabameen booda ciraan hanga murtii dhumaa argatutti harka poolisii kan turu yoo ta'e gatiin isaa akka malee kan hir'atu, amma turu yoo gurgurame gabaa tasgabbeessuudhaan uummataafi mootummaadhaaf faayidaa qabeessa ta'ee yoo argame yookiin kan badu yoo ta'e Abbaan Alangaa gatii gabaa yeroo sanaatti gurguramee qarshiin isaa baankii akka taa'u gochuu ni danda'a. Kun yeroo ta'utti ciraa sana suuraa kaasuudhaan yookiin viidiyoodhaan waraabuudhaan mana murtiitiif dhiheessee ibsuu qaba.
- 5) Manni murtii galmee qoratee murtii dhumaa yommuu kennu ciraa himata irratti ibsame ilaalchisee ajaja barbaachisaa ta'e akka kennuuf Abbaan Alangaa yaadachiisuu qaba.
- 6) Abbaan Alangaa ragaawwaan barreeffamaa himata irratti caqasee dhiheesse maal maal akka ta'an, qabiyyee sanadichaa akkasumas waa'ee maalii akka ibsan tokko tokkoon addaan baasee mana murtiif ibsuu qaba.

108. Ragaa Ittisaa Dhagahuu

- 1) Abbaan Alangaa ragaa ittisaa himatamaa gaaffii qaxxamuraa kan gaafatu jechi isaan kennan jecha ragaan Abbaa Alangaa kennan waliin kan wal-fallessuu yoo ta'e yookiin dhugummaan jecha isaan kennanii shakkisiisaa ta'ee yoo argame dha.
- 2) Abbaan Alangaa haala dhuunfaa ragaa ittisaa himatamaa, walitti dhufeenya himatamaa waliin qabaniifi akka waliigalaatti gaafachuuf akka isa gargaaruuf dhugaawwan faayidaa qaban qulqulleessuu fi dursee beekuu qaba.
- 3) Abbaan Alangaa yeroo himatamaan ijoo dubbii ragaan ittisaa beekan galmeessisu ijoon sun sirriitti ibsamuu isaafi ijoowwan dubbii ifa ta'an kan qabate ta'uu isaa mirkaneessuu qaba.
- 4) Abbaan Alangaa ragaa ittisaa himatamaa gaaffii qaxxamuraa yeroo gaafatu:-
 - (a) Haala kabajaafi obsa qabuun ta'uu qaba,
 - (b) Gaaffii haala ifaafi hubachuu danda'aniin gaafachuu qaba.
 - (c) Gaaffii gaafatamaniif deebii kallattii akka kennan gochuu qaba.
 - (d) Barbaachisaa ta'ee yoo argame gaaffii qajeelchaa gaafachuu qaba.
 - (e) Gaaffiiwwan tartiiba isaaniitiin adda baasee bu'uruma wal-duraa duuba isaaniitiin gaafachuu qaba.
 - (f) Himatamaan yookiin Abukaatoon isaa gaaffiiwwan gaafataman irratti mormii kan kaasu yoo ta'e deebii barbaachisaa ta'e kennuu qaba.
 - (g) Gaaffii duraa keessatti Abukaatoon yookin himatamaan ragaa ittisa isaa gaaffii qajeelchituu kan gaafatu yoo ta'e Abbaan Alangaa mormii dhiyeessu qaba.
- 5) Ragaawwaan barreeffamaa himatamaan akka ragaa ittisaatti dhiheeffate qaama aangoo seeraa qabu irraa kennamuu isaafi ragaa dhugaa ta'uu isaanii qulqulleeffachuudhaaf tattaaffii barbaachisaa taasisuu qaba.

109. Himatamaa Dhabame yookiin Argamuu Hin Dandeenye

Abbaan Alangaa himannaa kan dhiyeesse nama eenyummaan isaa adda bahee beekamee garuu adeemsa qorannaa keessatti argamuu yookin qabamuu hin dandeenye yookin wabiin bahee bade irratti yoo ta'e gochi ittin himatame bakka himatamaan hin jirretti falmii itti fufuu kan dandeessisu yeroo ta'utti bakka himatamaan hin jirretti falmiin akka itti fufu mana murtii gaafachuu qaba.

110. Haasaa Cufiinsa Falmii

- 1) Haasaan cufiinsa falmii seera deemsa falmii yakkaa irratti sirriitti taa'ee kan jiru waan ta'eef Abbootiin Seeraa kaka'uumsa isaaniitiin yoo kennuu baatan illee Abbaan Alangaa

falmii erga xumureen booda osoo murtiin hin kennamin dura mana murtii eeyyamsiisee haala waliigalaa falmii irratti haasaa cufiinsa falmii taasisuu qaba.

- 2) Haasaan cufiinsa falmii balleessaa himatamaa mirkaneessuu kan kaayyeeffate osoo hin taane adeemsa falmii keessatti hanqinaawwaniifi qabxiiwwaan amanamummaan isaan hir'achuu isaa Abbaan Alangaa hubate addaan baasuun dhaddachatti agarsiisu dha.
- 3) Haasaan cufiinsa falmii yoo xiqqaate qabxiiwwaan armaan gadii qabachuu qaba:-
 - (a) Keewwata seeraa himanni ittiin dhihaate;
 - (b) Ijoo dubbii himatichaa gabaabbinaan;
 - (c) Jecha ragaan Abbaa Alangaafi ragaan ittisaa dhaddacha irratti kennan yookiin jecha ragoota qaamaan hin argamnee kan manni murtii akka ilaaluuf dhihaatan;
 - (d) Qabiyyee ragaa barreeffamaafi ciraa; fi
 - (e) Ragaa dhiyaate madaaluun sababaafi seeraan deeggaruun murtii balleessummaa kennamuu qabu.

111. Himata Kaasuu yookiin Adda Kutuu

Himanni dhaddacha irra jiru sababoota kanaan gadiitiin ka'uu ni danda'a:

- 1) ragaan Abbaa Alangaa jecha poolisii irratti kenne yoo jijjiirrateefi sababa jecha jijjiirrateen murtiin haqa qabeessa ta'e hin kennamu jedhamee yeroo amanamu; bu'uura iyyata dhihaateen yookin adeemsa falmii keessatti hojiin qulqulleeffachuu dabalataa yoo barbaachisee; himannaan kan dhiyaate ragaa sobaa irratti hunda'udhaan ta'uun yeroo bira gahamu yookiin haalawwan amansisaa biroo yoo quunnaman Abbaan Alangaa marii gareetiin murtii kennuun itti gaafatamaa Mana Hojichaa beeksisuun ta'a.
- 2) lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eeggameetti ta'ee, galmeen irratti ragaan Abbaan Alangaa dhagahaamee himatamaan akka of irraa ittisuu erga ajajameen booda himannaa kaasuun kan danda'amu ajaja Abbaa Alangaa Waliigalaatiin qofa ta'a.
- 3) Abbaan Alangaa himata dhihaatee falmii dhaddachaa irra jiru itti fufuun faayidaa mootummaafi uummataa kan hin eegsifne ta'uu isaa yeroo itti amane galmeen osoo murtii hin argatiin dura ajaja Abbaa Alangaa Waliigalaatin qofa ta'uu qaba.
- 4) Sadarka kamitiyyuu ajajni himannaan akka addaan citu yookiin akka dhaabbatu ajajamu barreeffamaan ta'uu qaba.
- 5) Himata ka'e yeroo kammiyyuu qaamni himatichi akka ka'u ajaje galmeen deebi'ee akka socho'u taasisuu ni danda'a.

- 6) Himanni yeroo ka’u sadarkaa sadarkaadhaan Daarektoreetiif yookiin Dhaddacha Dhaabbiitiif yookin Godinaaf sababa itti ka’eef barreeffamaan beeksifamuu qaba.

112. Deeggarsa Qaamolee Hawaasaa Miidhaadhaaf Saaxilamaniif Taasifamu

Dubartoonni, daa’iimman, miidhamtoonni qaamaafi namoonni umuriin deeman himatamaa, ragaa yookiin miidhamaa dhuunfaa ta’anii dhaddacha irratti yommuu dhihaatan adeemsa falmii keessatti wal-qixxummaadhaan akka hirmaataniif deeggarsiifi eegumsi addaa taasifamuufii qaba.

Kana jechuunis:-

- 1) Namni ragaa, himatamaa yookiin miidhamaa dhuunfaa ta’ee dhaddacha irratti dhihaate dhagahuu fi dubbachuu kan hin dandeenye yoo ta’e Abbaan Alangaa manni murtii hiiktuu afaanii gahuumsa qabu akka ramaduuf yaadachisuu qaba. Namni kun mallattoo afaaniitiin waliigaluu yoo hin dandeenye barreeffamaan yookiin haala biraatiin akka waliigaluu danda’uuf tattaaffii barbaachisu gochuu qaba.
- 2) Namni ragaa, himatamaa yookiin miidhamaa ta’ee dhaddacha irratti dhihaate miidhamaa qaamaa yoo ta’eefi dhaddachi dhaqqabamaa ta’uu yoo baate Abbaan Alangaa dhimma kana mana murtiitti beeksisuudhaan dhaddachi bakka dhaqqabamaa ta’etti akka ilaalamu gochuu qaba.
- 3) Miidhamaan dhuunfaa yookiin ragaan sababa dhukkubaan, umuriidhaan yookiin miidhaa qaamaatiin yookiin miidhaa yakkaan irra gaheen yookiin dhiibbaa xiinsamuu irra gaheen jecha ragummaa isaa kennuu kan hin dandeenye yoo ta’e Abbaan Alangaa deeggarsa ogeessa xiinsamuu akka argatan taasisuu qaba.
- 4) Jaarsoliin, daa’immaan, dubartoonni ulfa ta’anfi miidhamtoonni qaamaa dhaddacha irratti yeroo dhihaatan Abbaan Alangaa akka isaan dursa argatan taasisuu qaba.
- 5) Dubartoonni, daa’immaniifi jaarsoliin miidhamtoota dhuunfaa ta’anii yemmuu dhihaatan Abbaan Alangaa xiyyeeffannaa addaa itti kennuudhaan hariiroo hawaasaatiin beenyaa akka argataniif deeggarsa seeraa barbaachisaa ta’e kennuufii qaba.

113. Maallaqaafi Qabeenya Yakkaan Argame Akka Dhorkamu Qabamuufi Dhaalamu Taasisuu

- 1) Abbaan Alangaa maallaqa yookiin qabeenya yakkaan walqabatu akkaataa seerota bahanii hojiirra jiraniin dhorkisiisuu, qabsiisuufi dhaalchisuuf hojjechuu qaba.
- 2) Seerota bahanii hojiirra jiran keessaa seerri qabeenyaafi maallaqa yakkaan argameen wal qabatee hojiirra jiru Labsi Maallaqa yookiin Qabeenya Gocha Yakkaan Argame Seera Qabeessa Fakkeessuun Dhiyeessuufi Shororkeessummaa Maallaqaan Deeggaruu Ittisuufi

To'achuuf Bahe Lakkoofsa 780/2005 yoo ta'u, Abbaan Alangaa maallaqni yookiin qabeenyi kun bu'uura labsii kana keewwata 35 hanga 37tiin tiin akka dhaalamu, dhorkamuufi qabamu hojjechuu qaba.

- 3) Akkaata Labsii Yakka Waliin Dhahuu Teleekoom lakk.761/2004 keewwata 12 tiin meeshaan yakki ittiin raawwatame hunduu akka dhaalamu taasifamuu qaba.

114. Sirna Adeemsa Falmii Mana Murtiitiin Ala Qabeenya yookiin Maallaqa Deebisiisuu

Bakka seerri ifatti tumamee jirutti Abbaan Alangaa sirna adeemsa falmii mana murtiitiin alatti qabeenyi yookiin maallaqni bu'aa yakkaa ta'e akka deebi'u hojjechuu qaba.

115. Yaada Adabbii

- 1) Abbaan Alangaa yaada adabbii yemmuu dhiheessu galmi isaa adabbiin barbaachisaafi barsiisaa ta'e amala himatamaafi gocha raawwatame tilmaama keessa galchee kan kenname ta'uu isaa mirkaneessudha.
- 2) Abbaan Alangaa adabbiin haqa qabeessa, iftoomina qabu, tilmaamawaafi tasgabbiifi nageenya hawaasaa eegsisu yakkamtoota irratti kennamuu isaa mirkaneessuuf dirqama qaba.
- 3) Abbaan Alangaa:
 - (a) yaada adabbii yemmuu kennu qajeelfama adabbiifi seerota barbaachisoo biroo bu'ureeffachuun sadarkaafi gulantaa baasuun ta'uu qaba.
 - (b) sababoonni adabbii cimsan kan yakkichaafi amala yakkamaa waliin wal-qabatan yoo jiraatan bu'uura seera yakkaafi seerota birootiin kaa'amaniin ragaan deeggaruun mana murtiif dhiheessuu qaba.
 - (c) sababoonni adabbii salphisan kan yakkichaafi amala yakkamaa waliin walqabatan yoo jiraatan mana murtiitti beeksiisuu qaba.
 - (d) ragaawwaan himatamaaf adabbii salphisuuf gargaaran kan harka isaatti argaman murtii sirrii kennuuf akka gargaaran mana murtiif kennuu qaba.
 - (e) ragaawwaan himatamaan adabbiin akka salphatuuf dhiheesse dhugaa ta'uu isaanii mirkaneessuudhaaf tattaaffii barbaachisu gochuu qaba.

116. To'annoofi Hordoffii Mana Amala Sirreessaa

- 1) Abbaan Alangaa sirreeffamtoonni seeraa:
 - (a) ol'iyyata dhiheeffachuu kan barbaadan yoo ta'e deeggarsa barbaachisaa ta'e gochuufii qaba.
 - (b) qabiinsi isaanii kabaja namoomaa isaanii haala eeggateen raawwatamaa jiraachuu isaa mirkaneessuu qaba.
 - (c) hiriya gaa'illaa, firootaan dhiyoo, hiriyoota, abbootii amantii, ogeessa fayyaa fi gorsaa seeraa isaanii wajjiin mirga walqunnamuufi daawwatamuu akka qaban beeksisuufi mirgootni kunniin kabajamaa jiraachuu isaa mirkaneessuu qaba.
 - (d) bu'uura balleessummaa, umurii, koornayaafi fedhii addaa qabaniin adda bahanii eegumsi godhaamaafii jiraachuu hordoffii taasisuufi mirkaneessuu qaba.
- 2) Abbaan Alangaa namoota yeroo beellamaan jiran maqaadhaan, yakka raawwatame, godina , aanaa, magaalaa galmeessuun sadarkaa qorannaan galmee irra jiru adda baasuu, mirga wabiidhaan akka gadi lakkifaman taasisuu qaba.
- 3) Daataa Mana Sirreessaa irraa fudhachuun daataa aanaa ajajni dhufee akka galmeessan
- 4) To'annoofi hordoffiin taasifamu qabiinsa isaanii, nyaata, ciisicha, maatii isaani waliin haala itti walargan irratti kan xiyyeeffate ta'uu qaba.
- 5) Balleessitootni dargaggootaa haala kamiin qabamaa akka jiran haala adda baaseen ta'uu qaba.
- 6) Aanaaleen Sirreeffamaa gaafa galchan akka gabaasan taasifamuu qaba.
- 7) Manni Amala Sirreessaa yeroo yeroon daawwatamee gabaasni dhiyaachuu qaba.
- 8) Shakkamaan tokko yeoo beellamaatin Mana Amala Sirreessaa yeroo galu ajajni mana murtii galmee waliin akka walqabatu taasifamuu qaba.
- 9) Namoota yeroo beellamaatiin jiran ilaalchisee yeroo yeroodhaan gabaasa akka dhiyaatu taasifamuu qaba.
- 10) Haga danda'ame shakkamaan yeroo beellamaatin Mana Amala Sirreessaa akka hin galle taasifamuu qaba.

Kutaa Torba

Ol'iyyataafi Iyyata Ijibbaataa

117. Kaayyoo Ol'iyannoofi Iyyata Ijibbaataa

Ol'iyanniifi iyyanni ijibbaataa kan gaafatamu:

- 1) mirga ol'iyyata gaafachuu heera mootummaatiin tumame hojiirra oolchuuf;
- 2) dogoggora seeraa yookiin ijoo dubbii manni murtii jalaa raawwate sirreessuu; fi
- 3) hiikkaan seeraa walfakkaataa yookiin walitti dhiyeenya qabu akka jiraatu kaayyoo godhachuun ta'a.

118. Dhimmoota Ol'iyanni Irratti Gaafatamu

Dhimmoota armaan gadii irratti ol'iyanni kan gaafatamu ta'a:

- 1) himanni dhihaate sababa gahaa malee kufaa yoo taasifame;
- 2) ragaan seeraa osoo hin dhagahamiin himanni akka fooyya'u ajajni yemmuu kennamu;
- 3) galmeen seeraan ala yoo adda cite;
- 4) ragaan Abbaa Alangaa seeraan ala kufaa yoo ta'e;
- 5) murtiin balleessummaa yeroo kennamu keewwanni himannaan jalatti dhiyaate haala amansiisaa hin taaneen yoo jijjiirame;
- 6) himatamaan bilisaan gaggeeffamuun isaa amansiisaa ta'uu yoo baate;
- 7) murtiin adabbii kenname gahaa ta'uu yoo baate;
- 8) yakki raawwatame mirga wabii kan hin hayyamsiisne ta'uu osoo ibsamuu manni murtii mirga wabii kan hayyame yoo ta'e; yookiin
- 9) yakki raawwatame mirga wabii kan hayyamsiisu ta'us haala shakkamaa yookiin himatamaa irraa kan ka'e gaaffiin mirga wabii osoo mormamuu manni murtii mirga wabii kan hayyame yoo ta'eefi kanneen biroo.

119. Ol'iyyata Gaafachuu

- 1) Abbaan Alangaa murtii yookiin ajaja mana murtii jalaatiin kenname irraa komii kan qabu yoo ta'e yeroo kaa'ame keessatti garagalcha murtii gaafachuun komii qopheessee Mana Murtii murtii kennetti deebisuu qaba.
- 2) Abbaan Alangaa ol'iyyata Abbaan Alangaa sadarkaa gadii yookiin himatamaan dhiyeesse irratti murtii manni murtii ol'iyyata dhagahe kenne irraa komii kan qabu yoo ta'e, ol'iyyata lammaffaa mana murtii ol'aanu irratti dhiyeessuu qaba.
- 3) Abbaan Alangaa ol'iyyata gaafachuuf yoo murteesse daangaa yeroo seeraan kaa'ame keessatti garagalcha murtii gaafachu qaba.

- 4) Abbaan Alangaa ol'iyyata gaafachuufi dhiisuu battalumatti kophaa isaa murteessuu kan hin dandeenye yoo ta'e daangaan yeroo ol'iyanni ittiin gaafatamu osoo hin xummaramiin dura gargalcha murtii gaafachuudhaan galmee wajjiin akka walqabatu taasisuudhaan Qindeessaa Garee yookiin Abbaa Adeemsa isaa mariisuu akkaatuma barbaachisummaa isaatti marii Garee Abbootii Alangaatiif dhiheessuu qaba.

120. Komii Ol'iyannoo Qopheessuun Dura Qophii Taasifamuu Qabu

Abbaan Alangaa komii ol'iyannoo qopheessuun dura sakatta'iinsa barbaachisaa ta'e taasisuun qabxiwwan armaan gadii irratti dursee qophaa'uu qaba:

- 1) garagalcha murtii mana murtii jalaa sirriitti ilaaluufi dogoongoora raawwatame adda baasuu;
- 2) dogongorrii raawwatame yoo dogongora bu'uura seeraa ta'e dogongoricha erga adda baase booda seerichi akkamiitti hiikamuu yookiin ilaalamuun akka irra ture adda baasee kaa'uu;
- 3) dogongorrii raawwatame yoo dogongora ijoo dubbii ta'e dogongoricha erga adda baase booda ijoo dubbii ragaa Abbaa Alangaatiin mirkanaa'e yookiin ragaan Abbaa Alangaa haala kamiin akka qoratamuu yookiin hubatamuun irra ture adda baasee kaa'uu;
- 4) dogoggora mana murtii jalaatiin raawwatame mana murtii ol'iyyata dhagahuuf mul'isuudhaaf ragaalee mana murtii jalaatiin ilaallaman adda baasuu qaba.

121. Komii Ol'iyannoo Qopheessuu

- 1) Komiin ol'iyannoo karaa ifaafi gabaabaa ta'een qophaa'uu qaba.
- 2) Komiin ol'iyannoo qophaa'u dhimmoota armaan gadii hammachuu qaba:
 - (a) guyyaa, ji'afi bara ol'iyanni itti gaafatame;
 - (b) lakkoofsa galmee Abbaa Alangaafi Mana Murtii;
 - (c) maqaafi teessoo mana murtii ol'iyyata dhagahuu;
 - (d) maqaa ol'iyyataa, maqaa deebii kennaafi teessoo isaa;
 - (e) Manni murtii ol'iyanni itti dhiyaate ol'iyyata ilaaluuf aangoo qabaachuu isaafi ol'iyanni daangaa yeroo seeraan kaayame keessatti dhiyaachuu isaa;
 - (f) ijoo dubbii haala dhimmichi mana murtii jalaatti itti ilaalame gabaabbinaan;
 - (g) qabxiilee dogoggora seeraa yookiin ijoo dubbii manni murtii jalaa raawwate lakkoofsaan tarreessuun duraa duubaan kaa'uu;
 - (h) dhimma komiin dhiyaate irratti Manni Murtii Federaalaa Dhaddachi Ijjibbaataa hiika dirqisiisaa kan kenne yoo ta'e Abbaan Alangaa komii isaa keessatti murtii kenname hammachisuu qaba; lakkoofsa galmee fi Jildii murtii ibsuu;

- (i) murtii seeraa yookiin seerummaa mana murtii ol'iyyata ilaalu irraa eegamu maal akka ta'e ifaan kaa'uu;
 - (j) garagalcha murtii mana murtii jalaa komii qophaa'eetti qabsiisuu; fi
 - (k) maqaafi mallattoo Abbaa Alangaa ol'iyyata gaafatee;
 - (l) chaappaa mata dureefi geengoo mana hojii.
- 3) Ol'iyyata Abbaan Alangaa gaafate irratti murtiin kenname karaa barreessaa Dhaddachaa Manneen Hojii Abbaa Alangaa sadarkaan jiran xalayaadhaan beeksifamuu qaba.

122. Hayyamsiisa Ol'iyannoo Dhiyeessuu

Murtii yookiin ajaja Manni Murtii jalaa kenne irratti ol'iyanni gaafatamuu osoo qabuu sababa humnaa oliifi gahaa ta'een ol'iyanni osoo hin gaafatamiin daangaa yeroo seeraan kaayyame kan darbe yoo ta'e Abbaa Alangaan sababicha mana murtii ol'iyyata dhagahuuf ibsuudhaan ol'iyanni daangaa yeroon ala akka ilaalamu hayyamsiisuu qaba.

123. Dhimoota Iyanni Ijibbaataa Irratti Dhiyaatu

- 1) Dhimmi tokko Dhaddacha Ijibbaataatiin kan ilaalamu murtii dhumaa kan argate ta'ee murtichi dogoggora bu'uura seeraa qaba jedhamee yoo amaname qofaa dha.
- 2) Dhimmi murtii dhumaa argate *'dogoggora bu'uura seeraa'* qaba kan jedhamu, murtichi:
 - (a) dogoggora hiikaa seera yookiin duudhaa seeraa yoo qabaate, yookiin seera ifatti tumame cabsee yoo argameefi dhiibbaa hin malle mirga namaa yookiin sirna seeraa irratti kan hordofsiise yoo ta'e; yookiin
 - (b) seeraan ala bilisummaafi mirga namoomaa bu'uura kan dhabsiise yookiin kan dhiphise yoo ta'e; yookiin
 - (c) garmalee haqa kan jallise yookiin dhabamsiise yoo ta'edha.

124. Dhimoota Iyyataan Dhaddacha Ijibbaataatti Hin Dhiyaanne

Dhimootni armaan gadii Dhaddacha Ijibbaataatti dhiyaachuu hin danda'an:

- 1) Dhimoota bu'uura Heeraa Federaalaafi seera birootiin addatti Manneen Murtii Federaalaatiif kennaman; yookiin
- 2) Dhimoota naannoo murtii dhumaa hin arganne; yookiin
- 3) Murtii dhumaa falmii baasiifi kisaaraa yookiin yakka dambii darbuun walqabatu; yookiin
- 4) Murtii dogoggora firii dubbii kamiyyuu, yookiin dogoggora yookiin hir'ina raga fuudhuu yookiin madaaluu irratti raawwatame.

125. Iyyata Ijibbaataa Dhiyeessuu

- 1) Abbaan Alangaa iyyata Dhaddacha ijibbaataatti kan dhiheessu dhimmicha irratti manni murtii ol'iyyata dhagahuuf aangoo dhumaa qabu erga murtii kennee fi murtiin kenname dogongoora seeraa bu'uuraa kan qabu yoo ta'e qofa ta'ee murtiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa dhaddacha Ijibbataatiin kenname dogooggora seeraa bu'uuraa kan qabu yoo ta'e Mana Murtii Waliigala Federaalaa Dhaddacha Ijibbataatti iyyata dhiheessuun dogooggorii seeraa bu'uuraa raawwatame akka sirratu taasisuu qaba.
- 2) Komii iyyataa ijibbaataa Dhaddachaalee Dhaabbii irraa dhiyaatu irratti dhaddachi Qorannaa duraa irratti Abbaan Alangaa falmii Afaanii akka gaggeessu yemmuu ajajamu falmii afaanii kan gaggeessu Abbaa Alangaa dhaddacha jidduu galeessaa ta'a;
- 3) Komii iyyata ijibbaataa murtii Manneen Murtii Dhaddachaalee Dhaabbii kennan irratti dhiyaatu irratti deebii kan kennuufi falmii kan gaggeessu Abbaa Alangaa dhaddacha jidduu galeessaa ta'a;
- 4) Komii Iyyataa Ijibbaataa Dhaddachaaleerraa dhiyaatu irratti murtii dhaddacha ijjiibbaataa kenne kan komachiisu yoo ta'e komii gara dhaddacha Ijibbaata Federaalaa kan dhiyeessu Abbaa Alangaa dhaddacha jidduu galeessaa ta'a.

126. Komii Ol'iyannoofi Iyyata Ijibbaataaf Deebii Kennuu

- 1) Deebiin ol'iyannoofi iyyata ijibbaataa karaa ifaafi gabaabaa ta'een qophaa'uu qaba.
- 2) Deebiin ol'iyannoofi iyyata ijibbaataa qophaa'u dhimmoota armaan gadii hammachuu qaba:
 - (a) guyyaa, ji'afi bara deebiin itti kenname;
 - (b) lakkoofsa galmee Abbaa Alangaafi Mana Murtii;
 - (c) maqaafi teessoo mana murtii ol'iyyata yookiin iyyata ijibbaataa dhagahuu;
 - (d) maqaa ol'iyyataa yookiin iyyataa;
 - (e) komii yookiin iyyata dhiyaate gabaabbinaan;
 - (f) komii yookiin iyyata dhiyaate irratti yaada kenname sababa isaa waliin;
 - (g) maqaafi mallattoo Abbaa Alangaa deebii kennee;
 - (h) chaappaa mata dureefi geengoo mana hojii.

Kutaa Saddeet

Keessummeessa Iyyannoowwan Adda Addaa

127. Haala Iyyannoon Itti Dhiyaatu

Iyyannoon kamiyyuu:

- 1) qaamaan argamuun barruun yookiin afaaniin; yookiin
- 2) qaamaan osoo hin argamiin bilbilaan, faaksiidhaan, websaayitiin, imeeliin, poostaafi kanneen kana fakkataniin dhiyaachuu ni danda'a.

128. Gosa Iyyannoowwan Adda Addaa

Gosti iyyannoowwan adda addaa kanneen armaan gadii kan hammatu ta'a:

- 1) galme A.S.D.F.Y. Keewwata 42(1)(A)tiin cufame irratti iyyannoo dhiyaatu;
- 2) galme Abbaan Alangaa komii ol'iyyannoo hin qabu jedhu irratti iyyannoo dhiyaatu;
- 3) iyyannoowwan adda addaa biroo:
 - (a)galme qoratamaa jiru;
 - (b)himata Abbaan Alangaa dhiyeesse;
 - (c)eegumsi akka taasifamuufi kanneen biroo kana fakkaatan.

129. Tajaajilamaa Iyyannoo Dhiyeessu Simachuufi Deebii Kennuu

Abbaan Alangaa kamiyyuu tajaajilamaa iyyannoo/komii dhiyeessu fuula gaariin simachuun ijoo dubbii iyyannoo/komii dhiyaate sirriitti dhaggeeffatee sirnaan galmeessuun deebii hatattamaa kennuu; deebii hatattamaa kennuun humna isaatiin ol yoo ta'e hoogganaa dhiyoo isaatti gabaasuun fala akka argatu taasisuu qaba.

130. Galme A.S.D.F.Y.Keewwata 42(1)(A) tiin Murtii Argate Irratti Iyyannoo Dhiyaatuuf Deebii kennuu

- 1) Iyyannoon dhiyaate galme A.S.D.F.Y.Keewwata 42(1)(a) tiin sadarkaa gadiitti murtii argate irratti yoo ta'e:
 - (a) galmeen iyyannoo banamee koodiin akka itti kennamu;
 - (b) barbaachisaa yoo ta'e, galmeen qorannaa poolisii akka dhiyaatu gochuu; fi
 - (c) murtiin jalaa diigamuu qaba jedhamee kan amanamu yoo ta'e dhimmicha garee Abbootii Alangaatiif dhiyeessuun irratti marii'atamee murtiin kennamuu qaba.
- 2) Murtiin Garee Abbootii Alangaatiin kennamu himannaan akka dhiyaatu kan taasisu yoo ta'e sababa murtiin jalaa itti diigame ibsuun keewwata seeraa himannaan jalatti dhiyaachuu qabuufi tarree ragaa ibsuun xalayaan barreeffamee gadi deebi'uu qaba.

- 3) Murtiin Garee Abbootii Alangaatiin kennamu qajeelfama biroo dabarsuu yoo ta'e qajeelfamni kenname ifatti adda bahee kennamuu qaba; qajeelfamni kenname erga guutamee boodas tarkaanfiin itti aanee fudhatamuu qabu maal akka ta'e ifatti ibsamee xalayaan barreeffamee gadi deebi'uu qaba.
- 4) Murtiin Abbaa Alangaa jalaatiin kenname kan cimuu yoo ta'e sababa murtiin jalaa itti cime ibsuun iyyataaf barreeffamaan kennamuu qaba.

131. Galmee Abbaan Alangaa Komii Ol'iyannoo Hin Qabu Jedhu Irratti Iyyannoo Dhiyaatuuf Deebii Kennuu

- 1) Abbaan Alangaa murtii manni murtii kenne irratti komii kan hin qabaanne yoo ta'eefi miidhamaan dhuunfaa yookin maatin miidhamaa yookin bakka bu'aan isaa yookin qaamni biroo komii kan qabu yoo ta'e; Abbaan Alangaa garagalcha murtii gaafachudhaan, Abbaa Adeemsaa waliin mari'atee Abbaa Adeemsaas yoo itti amane sababoota komii ol'iyannoo gaafachuu dhabeef tarressudhaan gara Abbaa Alangaa ool'aanutti erguu qaba.
- 2) Murtii Manni Murtii Waliigalaa kenne irratti Abbaan Alangaa Dhaddacha Dhaabbii komii iyyata Ijjibbaataa hin qabu jedhe irratti miidhamaan dhuunfaa yookin maatin miidhamaa yookin bakka bu'aan isaa yookin qaamni biroo komii kan qaban yoo ta'e, dhimmichi garee Abbootii Alangaatiif dhiyaatee irratti mari'atamuu qaba;
- 3) Gareen Abbootii Alangaa dogongoorri seeraa isa bu'uura raawwatame hin jiru jedhee kan murteesse yoo ta'e sababa isaa tarressudhaan garagalcha murtii manneen murtii sadarkaa sadarkaadhaan jiraniin kenname walqabsiisee harka Abbaa Dhimmaatin gara Mana Hojii Ol'aanutti erguu qaba;
- 4) Paanaaliin Waliigalaa iyyatni Ijjibaataa akka gaafatamuu qabu murtessee booda Abbaan Alangaa dhaddachaalee dhaabbii iyyata akka dhiyeessu galmicha gara dhaddachaaleetti deebisuun dhimmicha kan lafarra harkisuu yoo ta'e yookin yeroo iyyatni gaafatamuu qabu darbuu ni danda'a jedhee yeroo amanu Abbaa Alangaa daarekatarii iyyata ijjibbaataa akka dhiyeessu ajajuu ni danda'a;
- 5) Sababni gahaan ol'iyata gaafahiisu yoo jiraate qaamni ol'aanu sababoota kanneen tarressudhaan yeroon osoo hin darbiin ol'iyata akka gaafatu Abbaa Alangaa jalaatiif qajeelfama dabarsuu qaba;

- 6) Murtii Manni Murtii jalaatin kenname sirrii yoo ta'e sababoota murtiin sirrii ta'eef tarressudhaan tajaajilamaafi Mana Hojii galmeen irraa dhufee barreeffamaan beeksisuu qaba
- 7) Galmeen komii ol'iyyannoo hin qabnu jedhamee qaama ol'aanuuf yemmuu ergamu yeroon komiin qophaa'ee mana murtiitti deebi'u akka hin dabarreef of eeggannoo cimaan taasifamuu qaba.

132. Galmees Qoratamaa Jiru Irratti Iyyannoo Dhiyaatuuf Deebii Kennuu

- 1) Iyyannoon galmees qoratamaa jiru irratti dhiyaatu sadarkuma mana hojii galmichi itti qoratamaa jirutti yoo ta'e hooggansi Mana Hojii Abbaa Alangaa sadarkaan jiru furmaata itti kennuu qaba.
- 2) Iyyannoon galmees qoratamaa jiru irratti dhiyaatu qaama sadarkaa olii jiru biratti yoo ta'e:
 - (a) Qaamni sadarkaa gadii irra jiru furmaata akka kennu ni taasifama.
 - (b) Qaamni sadarkaa gadii irra jiru furmaata kan hin kennine yoo ta'e qaamaan gadi bu'uun furmaanni kan kennamu ta'a.

133. Himata Abbaan Alangaa Dhiyeesse Irratti Iyyannoo Dhiyaatuuf Deebii Kennuu

- 1) Iyyannoon galmees Abbaan Alangaa murtii itti kennee beellamaan mana murtiitti ilaalamaa jiru irratti dhiyaatu kanneen armaan gadii hammachuu ni danda'a:
 - (a) Shakkamaan himatamuu qabu himannaa keessaa hafeera kan jedhu;
 - (b) Gochi yakkaa raawwatameefi keewwanni himanni jalatti dhiyaate wal hin simu kan jedhu;
 - (c) Gocha yakkaa raawwatame hundaaf himanni hin dhiyaanne kan jedhu;
 - (d) Himanni dhiyaate ragaa sobaa bu'uura godhachuuni kan jedhuufi kanneen kana fakkaatan.
- 2) Iyyannoon himata Abbaan Alangaa dhiyeesse irratti dhiyaatu sadarkuma mana hojii galmichi itti banametti yoo ta'e hooggansi Mana Hojii Abbaa Alangaa sadarkaan jiru furmaata itti kennuu qaba.
- 3) Iyyannoon akkaataa lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa (1) tiin dhiyaatu Mana hojii Abbaa Alangaa sadarkaa gadii irra jiru irratti ta'ee galmees beellamaan mana murtiitti ilaalamaa jiru kan ilaallatu yoo ta'e Gareen Abbootii Alangaa sadarkaa olii irra jiru erga irratti marii'atee booda beellamni dheeraan gaafatamee galmeen akka isaaf ergamu taasisuu ni danda'a.
- 4) Galmees akkaataa lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 3 tiin ergame irratti:

- (a) Dursaan Garee yookiin Qindeessaan Dhaddacha Dhaabbii yookiin Abbaan Adeemsaafi Abbaan Alangaa galmeen harka isaa jiru waliin murtii kennuu; yookiin
 - (b) Dursaan Garee yookiin Qindeessaan Dhaddacha Dhaabbii yookiin Abbaan Adeemsa dhimmichi marii Garee Abbootii Alangaatiin murtii akka argatu taasisuu ni danda'a.
- 5) Murtiin akkaataa lakkoofsa kana lakkoofsa xiqqaa 4 tiin kennamu ifatti barreeffamee qaama galmee ergeef beeksifamuu qaba.

134. Iyyannoo Eegumsi Akka Taasifamuuf Dhiyaatuuf Deebii Kennuu

Iyyannoon dhiyaatu eegumsi akka taasifamu kan ilaallatu yoo ta'e dhimmicha qulqulleessuun gara qaama eegumsi akka taasifamu ajajuuf seeraan aangeffametti dabarsuu qaba.

135. Deebiin Iyyannoo Dhiyaateef Kenname Raawwatamuu Isaa Hordofuu

- 1) Iyyannoo tajaajilamaa irraa dhiyaateef deebiin kenname raawwatamuun isaa Abbaa Alangaa deebii kenneen hordofamuu qaba.
- 2) Abbaan Alangaa iyyannoowwan isaaf dhiyaataniifi fala kenne kophatti ofi biratti galmeeffachuun ajajni kenname raawwatamuu isaa hordofuu qaba.
- 3) Iyyata tajaajilamaan dhiyeessu keessummessudhaaf Abbaan Alangaa dabareedhaan ramadamuu qaba.
- 4) Abbaan Alangaa iyyata dhiyaateefi fala kenname galmeessuu qaba.
- 5) Mana Hojii Abbaa Alangaa gadi jiruuf qajeelfamni kan kennamu yoo ta'e turmaata yeroo qajeelfamni (furmaatni) keessatti raawwatamu qabu ibsamee kennamuu qaba.
- 6) Abbaan Alangaa tajaajilamaa keessummeesse furmaata kenne of biratti galmessee turmaata yeroo furmaatni akka kennamu qabate yookin kaa'e keessatti raawwatamuu isaa Abbaa Dhimmaatif yookin mana hojii furmaata akka kennu ajajameerraa mirkaneeffachuudhaan iyyata furmaata argateefi hin arganne adda baasee qabachuudhaan gabaasuu qaba.

Kutaa Sagal

Murtii Adabbii Raawwachiisuu

136. Adabbii Hidhaa Raawwachiisuu

- 1) Abbaan Alangaa adabbiin hidhaa manni murtii himatamaa irratti dabarse raawwatamuu isaa hordofuufi mirkaneessuu qaba.
- 2) Abbaan Alangaa adabbii manni murtii himatamaa irratti dabarse akka raawwachiisu gara mana sirreessaa ajajametti hatattamaan akka geeffamu hordooffii barbaachisaa ta'e taasisuu qaba.

- 3) Manni Murtii ol'iyyata yookiin Ijibbaata dhagahu murtii bilisaa mana murtii jalaatin kenname haqee deebii kennaa irratti murtii ballessummaa fi adabbii yeroo dabarsu murii kennamu akka raawwachiisu murtii kenname poolisii beeksisuu qaba;
- 4) Manni Murtii ol'iyyata dhagahu murtii mana murtii jalaatiin kenname haqee yookin fooyyessee falmiin akka itti fufu galmee gara mana murtii jalaatti kan deebisu yoo ta'e Abbaan Alangaa olii Abbaa Alangaa jalaatti murtii kenname garagalcha gaafachudhaan falmii akka itti fufu beeksisuu qaba;
- 5) Sababa deebii kennaaf yookin waamamaaf poolisiin waamicha mana murtii itti hin qaqqabsisneef manni murtii galmee yeroof kan cufe yoo ta'e, Abbaan Alangaa polisii xalayaadhaan beeksisudhaan galmee cufame akka sochoo'u taasisuu qaba;
- 6) Poolisiin teessoo waamamaatiin waamicha itti qaqqabsiisu kan hin dandeenye yoo ta'e Abbaan Alangaa waamichi deebii kennaa yookin waamamaadhaaf gaazexaadhaan akka bahu taasisuu qaba.

137. Adabbii Qarshii Raawwachiisuu

- 1) Abbaan Alangaa adabbiin qarshii manni murtii himatamaa irratti dabarse battalamutti mootummaaf galii akka ta'u yaada adabbii yeroo kennutti Mana Murtii yaadachisuu qaba.
- 2) Abbaan Alangaa adabbiin qarshii manni murtii himatamaa irratti dabarse mootummaaf galii ta'uu yookiin raawwatamuu isaa hordofuu qaba.
- 3) Manni murtii adabbii qarshii himatamaa irratti dabarsee yoo jiraate Abbaan Alangaa himatamaan qabeenya isaa irraa akka kaffalu taasiisuuf garee Abbaa Alangaa hariiroo hawaasaatiif beeksisuu qaba.
- 4) Abbaan Alangaa adabbii qarshii himatamaa irratti manni murtii murteesse akka raawwachiisu (akka fuudhu) qaamni ajajame ajaja itti kenname raawwachaa jiraachuu isaa hordofuu qaba.

Kutaa Kudhan

Tumaalee Adda Addaa

138. Dirqama Maanuwaalicha Hojiirra Oolchuu

- 1) Abbaan Alangaafi Qorataan Poolisii waliin yeroo qorannaa gaggeessu, himata hundeessuufi falmii gaggeessu akkasumas dhimmoota maanuwaalii kana keessatti hammataman biroo yeroo raawwatu seeraafi hojimaata maanuwaalii kanaan diriiree jiru bu'uura godhachuun hojii isaa raawwachuu qaba.

- 2) Hojjataan hojiin isaanii dhimmoota yakkoota adda addaa walin walitti dhufeenya qabu kamiyyuu hojii isaa akkaataa maanuwaalii kana jalatti kaawwameen raawwachuun hojiirra oolmaa maanuwaalichaaf tumsa gochuu qaba.

139. Dirqama Mana Hojichaa

- 1) Manni Hojichaa maanuwaalii kana hojiirra oolchuuf haalota barbaachisan hunda guutuu qaba.
- 2) Manni hojichaa akkuma maanuwaaliin kun hojiirra ooleen Abbootii Alangaa Daarektoretichaa, Adeemsichaafi garee dhimmoota yakka adda addaa irratti hojjataniif maanuwaalii kana irratti leenjii hubannoo cimsuu kennuu qab

140. Tumaalee Ce'umsaa

Maanuwaaliin kun osoo hin bahiin dura eeruwwan fuudhaman yookiin qoratamaa jiran yookiin falmii irra jiran bu'uuruma maanuwaalii kanaan kan rawwataman ta'u.

141. Maanuwaalicha Fooyyeessuu

Maanuwaaliin kun Abbaan Alangaa Waliigalaa yookiin Daarektarri yookiin qaamni biroo yaada fooyya'iinsaa yoo dhiheessan Gumii Abbootii Alangaatiin fooyya'uu ni danda'a.

142. Yeroo Maanuwaalichi Hojii irra Ooluu

Maanuwaaliin kun Gumii Abbootii Alangaa Waliigalaatiin ragga'ee Abbaa Alangaa Waliigalaatiin guyyaa mallattaa'ee jalqabee hojiirra kan oolu ta'a.

Tashoomaa Girmaa

Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa

Finfinnee

Fulbaana, 2012

Miiltoo 1ffaa

Kaayyoo Maanuwaalii Kanaatiif Jecha Seera Yakkaa Bara 1996 Bahe Jalatti Yakkoonni Ciccimoon Kanneen Armaan Gadiiti

T.L	Keewwata Seera Yakkaa	Gosa Yakkaa
1. Yakkoota Heera Mootummaafi Sirna Heera Mootummaa Irratti Raawwataman		
1	238	Yakka heera mootummaafi sirna heera mootummaa irratti raawwatamu
2	239	Hojiirra oolmaa aangoo heera mootummaatiin kenname gufachiisuu
3	240	Meeshaa waraanaa qabataniif finciluun yookiin waraana sumaansii kaasuun mootummaarratti yakka raawwatamu
4	241	Yakka tokkummaa siyaasaafi daangaa biyyattii tuquun raawwatamu
5	242	Yakka birmadummaa daangaa yookiin siyaasaa biyyattii cabsuun raawwatamu
6	243	Karaa seeraa ala ta'een biyyaa ba'uu, biyya keessa seenuu yookiin biyyattii keessa jiraachuu
2. Biyya Sarbuu		
7	244	Mootummaa biyyattii, akkasumas mallattoolee biyyattiifi mallattoolee mootummaan beekaman biro sarbuu
8	245	Mallattoolee beekamootti seeraan ala tajaajilamuu
3. Yakkoota Nageenya Alaafi Humna Ittisaa Mootummaa Irratti Raawwataman		
9	246	Yakka bilisummaa biyyaa irratti raawwatamu
10	247	Humna ittisa biyyaa miidhuu
11	248	Ganiinsa olaanaa
12	249	Ganuu
13	250	Ganiinsa dinagdee
14	251	Diinaan waliigaluu
15	252	Basaasa
4. Tumaalee Waliinii		
17	254	Alkallattiin gargaaruufi jajjabeessuu
18	255	Hojii yakkaaf kakaasuufi miiltummaa, yaalii kakaasuufi miiltummaa
19	256	Gochoota dabaa akaakuu qabatamaa ta'een qopheessuu
20	257	Tuttuquufi gocha qopheessuu qabatamaa hin taane

5. Yakkoota Bu'uuraa Seerota Addunyaaleessaa Darbuun Raawwataman		
21	269	Sanyii balleessuu
22	270	Yakka waraanaa uummata nagaa irratti raawwatamu
23	271	Yakka waraanaa namoota madaa'an, dhukkubsattoota, namoota balaa galaanaa yookiin qilleensarra jiran yookiin tajaajila fayyaa irratti raawwatamu
24	272	Yakkoota booji'amtoota waraanaafi namoota to'ataman irratti raawwataman
25	273	Wanbadummaa galaanarraafi saamichaa yeroo waraanaa taasifamu
26	274	Tuttuquufi qopheessuu
27	275	Gocha diinaaf taasifamuu qabu cabsuu
28	276	Meeshaalee waraanaa seeraan ala ta'anitti tajaajilamuu
29	277	Waliigaltee waraana dhaabuu yookiin walta'insa nageenyaa diiguu
30	278	Faannoo ta'uun yakka yeroo waraanaa raawwatamu
31	279	Namoota madaa'an, dhukkubsattootaafi hidhamtoota irratti garaa jabaachuu yookiin wanta isaan barbaachisu hir'isuu
32	280	Haqa dhorkuu
6. Bu'uura Seera Yakkaa Bara 1996 Bahe Keewwata 340 Qajeeltoo Raawwii Kan Jedhuun Yakkoota Poolisiin Raawwataman		
6.1. Yakoota Sirnootaafi Naamusa Gaarii Haala Balaaf Saaxiluun Raawwataman		
33	299	Fincila loltummaa
34	300	Korannaa yookiin atooma fincila loltummaa kaasuuf taasifamu
6.2. Yakkoota Dirqama Eegumsaa Yookiin Ajajoota Cabsuun Raawwataman		
35	303	Dirqama eegumsaa cabsuu
36	305	Ajaja seeraan ala ibsuu yookiin jijjiiruu yookiin haala maluun dabarsuu dhabuu
6.3. Yakkoota Nageenya, Hamilee Yookiin Humna Poolisii Irratti Raawwataman		
37	308	Balaa beeksisuu dhabuu
38	310	Mallattoo balaa soba ta'e kennuu
39	311	Poolisii abdi kutachiisuu
40	312	Sodaattummaa
41	313	Diinatti harka kennuu
42	314	Meeshaalee waraanaa akka guutamanitti dhiisuu
43	316	Miseensa madaa'e yookiin wareegame dhiisanii deemuu

6.4. Yakkoota Miseensota Poolisii Hojii Isaanii Raawwachaa Jiran Irratti Raawwataman		
44	324	Miidhaa miseensa Poolisii hojii isaa hojjechaa jiru irratti raawwatamu
6.5. Yakkoota Poolisiifi Kutaalee Kenniinsa Tajaajila Deeggarsaa Isaanii Irratti Raawwataman		
45	328	Mi'oota Poolisummaan daldaluu
46	336	Icciitii Poolisii baasuu
47	337	Odeeffannoo sobaa yookiin burjaajjessaa
7. Tumaalee Addaa Yakkoota Faayidaalee Dinagdeefi Maallaqaa Mootummaa Irratti Raawwataman		
48	348	Gocha dabaa amansiisummaa maallaqa mootummaa irratti raawwatamu
8. Maallaqa, Sanadoota Dirqamaa Yookiin Wabummaa Sobaa		
49	359	Biyyatti galchuu, biyyaa baasuu, qabachuu, kaa'uufi dhiheessuu
9. Chaappaawwan, Tambeerota, Mallattoolee, Madaalotaafi Safartuulee Beekamoo Sobatti Jijjiiruu		
50	363	Chaappaawwan mootummaa sobatti jijjiiruu yookiin seeraan ala itti fayyadamuu
10. Yakkoota Bilisummaafi Tasgabbi Geejjibaaleefi Qunnamtiilee Irratti Raawwataman		
51	506	Qunnamtiileefi geejjibaalee balaa ulfaataarra buusuufi mancaasuu
52	507	Bakka dhaabbataafi daangeffamaa kontiineentaal shalfiitti argamu, xiyyaaraafi doonii seeraan ala qabuu
53	508	Bakka dhaabbataafi daangeffamaa kontiineentaal shalfiitti argamu, xiyyaaraafi doonii haala yaaddessaarra buusuu
54	509	Bakka dhaabbataafi daangeffamaa kontiineentaal shalfiitti argamu, xiyyaaraafi doonii irratti balaa qaqqabsiisuu
55	510	Seeraan ala mallattooleefi waamichawwan gargaarsaa taasisuu
56	511	Karaa seeraan alaatiin wantoota yookiin meeshaalee balaafamoo ta'an kaa'uu yookiin fe'uu
57	512	Haala ulfaataa
58	513	Hirmaannaa yakkaa jaarmiyaa namummaan seeraa kennameef
11. Yakkoota dhukkuboota daddabarsuufi naannoo faaluun raawwataman		
59	514	Dhukkubaa namaa daddabarsuu
60	523	Rakkoon yookiin beelli akka qaqqabu taasisuu
12. Ajjeechaa Namaa		
61	539	Ajjeechaa namaa cimaa ta'e
62	540	Ajjeechaa namaa dasiiba ta'e
63	541	Ajjeechaa namaa salphaa ta'e

64	543	Ajjechaa dagannoo
65	544	Daa'ima ajjeesuu
13. Yakoota Qaamaafi Fayyaa Namaarratti Raawwataman		
66	555	Miidhaa qaamaa cimaa itti yaadamee raawwatamu
14. Yakoota Bilisummaa Dhuunfaa Namaarratti Raawwataman		
67	595	Sababa siyaasaan nama ugguruu
68	596	Nama garboomsuu
15. Yakoota Bilisummaafi Qulqullummaa Saalqunnamtii Irratti Raawwataman		
69	620	Dirqisiisanii gudeeduu
70	622	Gocha humnaa kabaja qulqullummaa irratti raawwatamu
71	623	Miidhaa kabaja qulqullummaa sarbuu namoota of wallaalan yookiin sammuun dadhaboo ta'an yookiin mormuu hin dandeenye irratti raawwatamu
72	624	Miidhaa kabaja qulqullummaa sarbuu namoota Hospitaala ciisan, to'annaa jala jiran yookiin hidhaman irratti raawwatamu
73	626	Miidhaa saalqunnamtii ijoollee umuriin isaanii waggaa kudha sadii ta'eefi waggaa kudha saddeet hin guunne irratti raawwatamu
74	627	Miidhaa saalqunnamtii daa'imman irratti raawwatamu
75	628	Sababoota biroo yakkicha cimsan
16. Saalqunnamtii Amala Uumamaaf Faallaa Ta'an		
76	629	Middisaafi Gochoota biroo kabaja qulqullumaaf faallaa ta'an
77	630	Haalawwan waliigalaa yakkicha cimsan
17. Yakoota Qabeenya Socho'u Irratti Raawwataman		
78	669	Hanna cimaa
79	670	Wanbadummaa
80	671	Wanbadummaa cimaa
81	672	Saamicha
82	673	Wanbadummaa galaanarraa